


CAAFFATOOTA (THE WRITINGS)



GAGGEESITOOTA GUDDISUU
WALTAJJII LEENJII



1. Caaffatootni Maali (What are the Writings)?

Caaffatootni kuufama macaafota Kakuu Moofaa keessatti argamaniiti. Kuusaawwan macaafotaa gosa sadiitu Kakuu Moofaa keessa jira. Kuusaawwan kunniinis Seera, Raajotaa fi Caaffatoota jedhamanii waamamu. Macaafa Qulqulluu warra Ibiruu keessatti, caaffatootni macaafota seeraa fi raajotaa booda dhiyaatanii jiru.

Macaafa qulqulluu ammayyaa keessatti garuu Kakuun Moofaa kuusaawwan macaafotaa garaagaraa sadiitti hin qoqqoodamne. Haa ta'u malee, Yesuus mataan isaa kuusaawwan macaafotaa kun sadan Kakuu Moofaa keessa jiraachuu isaaniif beekkamtii kennuun barsiisa isaa keessatti kuusaawwan kana sadan keessaa fayyadamee barsiiseera (**Luqaas 24:44-45** ilaalaa).

Ergamaan Phaawuloosis kuusaawwan macaafotaa Kakuu moofaa keessa jiraniif beekkamtii kenneera. Akkuma Yesuus lallabaa fi barsiisa isaa keessatti kuusaawwan garaagaraa kana fayyadameera (**Hojii Ergamootaa 28:23** ilaalaa).


Macaafonni Seera keessa jiran Seera Uumamaa, Ba'uu, Lewwoota, Lakkoobsaa fi Keessa Deebii dha. Macaafonni kunniin hundi Museedhaan caafaman. Macaafonni kunniin seenaa durdurii himuu irra baay'ee kan caalanidha. Macaafonni kunniin waa'ee Kiristoosii fi taateewwan wangeelaa dubbatu (**Yohaannis 5:45-47** ilaalaa). Macaafonni seera keessa jiran macaafota Macaafa Qulqulluu keessa jiran kan biroo hunda irraa addadha, sababni isaas isaan warra jalqabaati. Macaafonni kun macaafota kan biroo of keessatti hin caqafne ykn raga godhanii hin fayyadamne. Haa ta'u malee, macaafonni Seera keessa jiran macaafota Macaafa qulqulluu keessa jiran kanneen biroo keessatti caqafaniiru ykn akka ragaatti fayidaarra oolaniiru.

Macaafonni Raajota keessa jiran Iyaasuu, Abboota Firdii, Saamu'eel (Saamu'eel 1-2 jalqaba irratti macaafa tokko turan), Mootota (1-2 Mootota jalqaba irratti macaafa tokko turan), Ermiyaas, Hisqi'eel, Isaayaas fi "Warra Kudhalamaan" dha. Warri kudhalamaan kun yeroo tokko tokko "raajota xixiqqoo" jedhamanii waamamu (Hose'aa, Yo'eel, Amos, Obaadiyaa, Yonaas, Miikiyaas, Naahom, Anbaaqoon, Sefaaniyaa, Haagee,

Zakaariyaas fi Milkiyaas). Macaafonni kunniinis waa'ee Kiristoosii fi taateewwan wangeelaa dubbatu (**Hojii Ergamootaa 3:17-26** fi **1 Pheexiros 1:10-12** ilaalaa).

Caaffatootni Kakuu Moofaa keessatti Kuusaawwan Macaafotaa garee sadaffaa irratti argamanidha. Duraa duubni ittiin macaafonni achi keessatti argaman ittiin toora qabsiifaman duraaduuba baroota durii keessa turan irraa addadha. Haa ta'u malee, tartiibonni durii irra caalaan isaanii akka armaan gadiitti tartiibessaniiru: Ruut, Faarfannaa, Iyoob, Fakkeenya, Lallaba, Weedduu Weedduu Caalu, Faaruu Ermiyaas, Dani'eel, Aster, Izraa-Nahimiyaa (Iziraa fi Nahimiyaan jalaqa irratti akka macaafa tokkootti ilaalamu turan), fi Seenaa Baraa (1-2 Seenaa Baraa jalqaba irratti macaafa tokko turan). Macaafonni kunniinis akkuma Seeraa fi Raajotaa, isaanis waa'ee Kiristoosii fi taateewwan wangeelaa dubbatu (ammas, **1 Pheexiros 1:10-12** ilaalaa).





2. Caaffatootni Akkamiin Toora Qabsiifaman (How are the Writings arranged?)

Caaffatootni macaafa Raajotaatti aananii dhufani. Kana jechuun macaafni caaffatootaa inni jalqabaan (Ruut) macaafa raajotaa isa dhumaa (Milkiyaas) akkuma xumurameen itti aanee dhufe jechuudha.

Macaafonni caaffatoota keessa jiranis baroota durii keessatti haalota garaagaraan toora qabsiifamaniiru. Haa ta'u malee, Irra caalaan isaanii macaafota kana haala armaan gadiitiin toora qabsiisaniiru: Ruut, Faarfannaa, Iyoob, Fakkeenya, Lallaba, Weedduu Weedduu Caalu, Faaruu Ermiyaas, Dani'eel, Aster, Izraa-Nahimiyaa (Izraa fi Nahimiyaan jalaqa irratti akka macaafa tokkootti ilaalamu turan), fi Seenaa Baraa (1-2 Seenaa Baraa jalqaba irratti macaafa tokko turan).

Macaafonni caaffatoota keessa jiran mataan isaanii kutaawwan lamatti addaan qoodamuu ni danda'u. Macaafonni walaloo ni jiru. Macaafonni kun hundi isaaniyyuu bakka tokkotti walitti qabamaniiru. Akkasumas macaafonni seenaa ni jiru. Macaafonni kunis bakka tokkotti walitti qabamaniiru. Gartuu Walaloo kuusaa Caaffatootaa keessa macaafota ja'atu jiru. Macaafonni kunis, Faarfannaa, Iyoob, Fakkeenya, Lallaba, Weedduu Weedduu Caalu, fi Faaruu Ermiyaasidha. Kuusaa caaffatootaa keessaa gartuun macaafota seenaa immoo macaafota afur of keessaa qaba. Macaafonni kunis, Daani'eel, Aster, Izraa-Nahimiyaa fi Seenaa Baraa ti.

Macaafa Caaffatootaa keessaa waan bakka isaa malee kaa'ame kan fakkaatu macaafa Ruut qofa. Ruut macaafa Seenati, haa ta'u malee, macaafota seenaa bira hin kaa'amne. Qooda kanaa macaafota walaloo dursee kaa'ame. Ruut macaafota caaffatootaa keessaa isa jalqabaati. Maalifidha kan macaafni kun addatti jalqabarra dhufe? Ruut jalqaba irra dhufuuf Sababa kan ta'uu danda'u sababii gulaalaan




(gulaaltotni) warri Kakuu Moofaa haala amma jiru Kanaan toora qabsiisan Ruut macaafota Caaffatootaaf seensa gaarii ta'uu danda'a jedhanii beekkamtii itti kennaniif ta'a.

Macaafni Seenaa Baraa Caaffatoota keessatti macaafa isa xumuraati. Ta'us garuu macaafichi caaffatoota keessatti macaafa isa dhuma ta'uu irra kan caaludha. Caaffatootni kuusaawwan macaafa qulqulluu Kakuu Moofaa keessaa isa sadaffaa waan ta'eef, macaafni Seenaa Baraa Kakuu Moofaatiif macaafa isa dhumaati. Sababni Macaafni Seenaa Baraa dhuma irra dhufeef immoo tarii sababii gulaaltonni Kakuu Moofaa toora isa dhuma qabsiisan macaafni Seenaa Baraa Kakuu Moofaa ittiin xumuruuf macaafa filatamaadha jedhanii beekkamtii kennaniif ta'uu danda'a.

Seenaan Baraa Kakuu Moofaa qofa xumura miti. Kakuu Haaraafis akka seensaatti ni gargaara. Macaafni Seenaa Baraa uumamumaanuu gara macaafa Maatewositti nama qajeelcha.





3. Caaffatoonni Seera irraa akkamitti garaagarummaa qabu?

Seerichi kutaa Kakuu Moofaa isa hafaniifi guutummaa Macaafa Qulqulluutiif seensadha. Seerichi dubbisticha Waaqayyootti, qaama Macaafa Qulqulluu keessatti hunda caalaa barbaachisaa ta'etti, wal barsiisa. Seerichi dubbisticha namootatti wal barsiisa, akkasumas maaliif akka uumaman ni ibsa. Seerichi seenaa Macaafa Qulqulluu keessatti himamu dubbistichatti beeksisa. Seerichi barbaachisummaa iddoo Waaqayyoo, barbaachisummaa dubbii Waaqayyoo, rakkoo cubbuu, fi fala Waaqayyoo cubbuudhaaf qabu dubbistichaatti agarsiisa.

Caaffatoonni wantoota kana keessaa tokkollee hin raawwatan. **Isaan barreeffamoota seensaa miti.** Fakkeenyaaf, Caaffatoonni dubbisticha Waaqayyootti hin beeksisan. Kana mannaa, Caaffatoonni waa'ee Waaqayyoo ibsuu itti fufu. Adeemsa Seera keessatti jalqabame sana itti fufsiisu. Caaffatoonni seenaa Macaafa Qulqulluu keessatti himamu dubbistichatti hin beeksisan. Kana mannaa, seenaa Seera keessatti jalqabame sana itti fufsiisu. Akkasumas, Caaffatoonni namootatti, rakkoo cubbuutti, fi fala Waaqayyoo cubbuudhaaf qabutti dubbisticha hin beeksisan. Wanta kana gochuu mannaa, waa'ee namootaa, rakkoo cubbuu, fi furmaata Waaqayyoo cubbuudhaaf qabu ibsuu itti fufu. Kanaafuu, Caaffatoonni barreeffamoota seensaa miti; isaan amala itti **fufaa** deemu qabu.

Caaffatoonni amala **galataa** qabu. Seerichi iddoowwan tokko tokkotti kan gammachuu yoo ta'eyyuu (fakkeenyaaf, faarfannaa injifannoo **Ba'uu 15** keessa jiru ilaalaa), Caaffatoonni garuu iddoowwan baay'eetti kan gammachuu fi galataati. Fakkeenyaaf, Macaafni Faarfannaa yeroo baay'ee Mootii Waaqayyoo isa dibame (Kiristoosiin), uumama Waaqayyoo, kunuunsa Waaqayyoo saba isaatiif godhu, dubbii Waaqayyoo, amala qajeelummaa Waaqayyoo, murtoo Waaqayyoo isa hir'ina hin qabne, fi gargaarsa Waaqayyoo ni faarfata. Mata-dureewwan kun hundi Seera keessatti kan beeksifaman yoo ta'anis, Caaffatoota keessatti garuu addatti faarfatamaniiru. Macaafni Fakkeenyaaf ogummaa faarfata. Akkasumas, Macaafni Fakkeenyaaf kennaa haadha mannaa Waaqayyoon sodaattuu ni kabaja. Haala kanaan, dhimma Uumama boqonnaa

2 keessatti beeksifameef gammachuu dhiheessuudha. Weedduun Weedduu caalu ammoo gammachuu gaa'elaa fi walitti dhufeenya jaalala dhihoo kan ibsudha. Mata-dureewwan kun Weedduu Weedduu caalu keessatti karaa seensa Uumama 2 keessatti dhiyaate sana irra bal'inaan darbuun ibsamaniiru.

Garaagarummaan guddaan Seerichaa fi Caaffatoota gidduu jiru inni tokko, macaafonni Seera keessa jiran macaafota Caaffatoota keessa jiru tokkollee tasuma waraabanii (caqasanii) hin beekan. Kana malees, macaafonni Seera keessaa macaafota Caaffatootaa hin akeekan (hin mil'atan). Kana jechuun, macaafonni Seerichaa kallattiinis ta'e kallattiin ala macaafota Caaffatootaa hin caqasan jechuudha.

Haa ta'u malee, macaafonni Caaffatoota keessa jiran yeroo baay'ee lakkoofsota yookaan kutaalee lakkoofsotaa Seericha irraa ni waraabu. Kana malees, barreessitoonni Caaffatootaa wantoota Seericha keessatti argaman yeroo baay'ee ni akeeku (mil'atu).

Itti fayyadama Seerichaa isa deddeebisanii godhan irratti hunda'uudhaan, barreessitoonni macaafota Caaffatootaa dubbistoonni isaanii Seericha dubbisanii akka jiran akka tilmaaman ifaadha. Walaloowwannii fi seenaawwan Caaffatoota keessa jiran baay'ee baay'een isaanii, hiika kan qabaatan (kan hubataman) yoo dubbistichi duraan Seericha dubbise qofaadha.

Seericha eela bishaania gadi fagoo wajjin wal bira qabani ilaaluun gargaarsa guddaa qabaachuu danda'a. Caaffatoonni (fi kutaaleen Macaafa Qulqulluu kaan hundi) yeroo hunda gara eela kanaa (jechuunis, Seerichaa) dhaquun bishaan irraa waraabatu. Seerichi garuu, Caaffatoota irraas ta'e kutaalee Macaafa Qulqulluu kaan irraa tasuma bishaan hin waraabatu.

Fakkeenyi kan biraan ammoo waa'ee gaaddidduuti. Seerichi Caaffatoota irratti (fi guutummaa Macaafa Qulqulluu irratti) gaaddidduu baay'ee guddaa uuma. Kunis, lallabaan yookaan barsiisaan tokko Caaffatoota hubachuuf, ergaa Seerichaa gadi fageenyaan beekuun akka isa barbaachisu agarsiisa. Lallabaan yookaan barsiisaan sun ergaa Seerichaa yoo hin hubanne, gaaddidduu inni Caaffatoota irratti uume sana ibsuu hin danda'u.

Garaagarummaan guddaan Seerichaa fi Caaffatoota gidduu jiru inni biraan bakka saba Waaqayyoo isa xiyyeeffannoon irratti kennamuudha. Seerichi kan xumuramu yeroo Israa'eloonni gara Biyya Abdachiifametti galuuf jiranittidha. Sabichi adeemsa **'Ba'uu'** (Exodus) keessa turan. Museen, ajajamuu dhabuu isaaniitiin kan ka'e biyyattii keessa yeroo dheeraaf akka hin turre sabicha akeekkachiiseera. Isaan dhugumatti waaqolii tolfaman akka waaqeffatanii fi biyyattii keessaas akka ari'aman (**Keessa Deebii 4:25-31 ilaalaa**) dubbateera.

Biyya Abdachiifamerra ari'amuun yookaan boojuun kun yeroo macaafota Raajotaa keessatti ibsametti raawwatame. Garuu abdiin Waaqayyoo Keessa Deebii 4 keessatti kenne waa'ee boojuu qofa hin turre. Inni saba isaa deebisee gara iddoo isaatti fiduufis abdiin kenneera. Kunis 'Ba'uu' isa **lammaffaatti** akeeka. Namoonni Caaffatoota keessatti ibsaman, harki caalaan isaanii, 'Ba'uu' lammaffaa sana eeggachaa jiru. Isaan ammallee iddoo boqonnaa isaanii isa xumuraa keessa hin qubanne. Isaan biyya ormaa keessa boojuun jiraachaa jiru (fakkeenyaaf, Estaer fi Daani'el), yookaan gara iddoo Waaqayyootti deebi'uuf tattaaffachaa jiru (fakkeenyaaf, Izraa fi Nahimiyaa). Macaafota keessaa baay'een isaanii yeroo gadadoo keessatti akkamitti qajeelummaan jiraachuun akka danda'amu barsiisu (fakkeenyaaf, Iyoob fi Weedduu Gadadoo). Kanaafuu, Caaffatoonni namoota saba Waaqayyoo gara iddoo isaaniitti deebisanii dhaabuu isa guutuu eeggachaa jiraniif kan barreeffamanidha.

Caaffatoonni kan xumuraman, Israa'eloonni yeroo dheeraa boojuu booda Biyya Abdachiifametti deebi'anii galuudhaani. Haa ta'u malee, sabni Waaqayyoo Biyya Abdachiifametti deebi'anii galaniiru yoo ta'eyyuu, abdiin Waaqayyoo Abrahaamiif kenne (**Uumama 12:1-3 ilaalaa**) akka hin raawwatamne ifaadha. Manni qulqullummaa lammaffaan mana qulqullummaa isa jalqabaa irra ulfinni isaa gadi bu'aadha; inni xinnoodha. Kana malees, sabichi ammallee ajajamoo hin taane. Akka Macaafni Izraa fi Nahimiyaa ifa godhutti, sabichi ammallee hin ajajamne. Garaan isaanii ammallee hin 'dhagna qabanne' (**Keessa Deebii 30:6 ilaalaa**). Kanaafuu, Caaffatoonni yeroo




dubbistichi iddoon jireenyaa Waaqayyoo inni dhugaan akka hundeeffamuufi sabni Waaqayyoo ajajamuudhaan jiraachuu akka jalqabaniif ammallee eeggachaa jirutti xumuramu.

Sababa kanaaf jechoonni xumuraa Macaafa Seenaa Baraa keessatti argaman baay'ee barbaachisoodha. Macaafni Seenaa Baraa Caaffatoota keessaa macaafa isa dhumaati. Kanaafuu, jechoonni xumuraa Seenaa Baraa keessa jiran, jechoota xumuraa Caaffatootaa ti; akkasumas yeroo wal-fakkaatatti jechoota xumuraa Kakuu Moofaa ti. Jechoonni xumuraa Caaffatoota keessa jiran labsii Qiros mootichi waa'ee mana Waaqayyoo ijaaroo irratti kenneedha:

'Qiros mootichi biyya Faaris akkana jedha: "Waaqayyo gooftaan waaqa irraa mootummoota biyya lafaa hundumaa anaaf kenneera; Yerusaaalem ishee Yihudaa keessa jirtu keessatti mana akka ani isaaf ijaaruufis na ajajeera. Isin keessaa saba isaa kan ta'e hundi, Waaqayyo Waaqni isaa isaa wajjin haa ta'u; inni haa ol ba'u!" (2 Seenaa 36:23)

Macaafni Seenaa Baraa ajaja mana qulqullummaa ijaaruutiin xumurama. Dubbii Qiros eenyutu galmaan ga'a? Namichi ol ba'ee mana Waaqayyoo (mana qulqullummaa isaa) ijaaru eenyu? Dhuma irratti, dubbiin Qiros Yesusiin raawwatame. Inni isa 'mana' Waaqayyoo ijaaruudha (**Yohannis 2:18-22** fi **Efesoona 2:19-22** ilaalaa). Inni wanta Adaam inni jalqabaa gochuu dadhabe sana raawwateera. Inni saba Waaqayyoo gara iddoo Waaqayyootti deebisee fida, waaqeffannaa irrattis isaan geggeessa.





4. Caaffatoonni Raajota wajjin akkamiin wal-fakkaatu?

Raajonnii fi Caaffatoonni karaalee hedduudhaan wal-fakkaatu. Isaan keessaa muraasni armaan gaditti tarreeffamaniiru.

Tokkoffaa, kutaaleen lamaanuu, akkuma guutummaa Macaafa Qulqulluu, waa'ee Kiristoosii fi waa'ee ta'ii wangeelaa dubbatu (**Luqaas 24:25-27, 24:44-47**, fi **1 Pheexiros 1:10-12** ilaalaa).

Lammaffaa, kutaaleen lamaanuu kutaa dubbii Waaqayyoo isa geggeessaa Hafuuraatiin barreeffameetidha; wanti isaan keessatti barreeffame hundis ni raawwatama (**Yohannis 10:35** ilaalaa).


Sadaffaa, kutaaleen lamaanuu waldaan Kiristaanaa akka itti fayyadamtuuf yaadamee kan dhiyaatanidha. Raajonnii fi Caaffatoonni lamaanuu, 'Hafuura Waaqayyootiin kan kenname, barsiisuuf, balleessaa hubachiisuuf, qajeelchuuf, qajeelummaadhaan leenjisuufis ni fayyada' (**2 Ximotewos 3:16**). Kutaaleen Kakuu Moofaa kun kennaa Waaqayyoo biraa dhufanidha; waldaan Kiristaanaas namoota Waaqayyoo leenjisuudhaan gara ga'umsaatti akka guddatan gochuuf itti fayyadamti (**2 Ximotewos 3:17** ilaalaa).

Afuraffaa, macaafonni Raajotaa fi Caaffatoota keessa jiran Kakuu Haaraa keessatti yeroo baay'ee caqasamu. Yesusii fi Ergamoonni kutaalee kakuu lamaan irraa fudhatamanitti yeroo baay'ee fayyadamu. Akka qabatamaatti, macaafa Kakuu Moofaa keessaa inni hunda caalaa Kakuu Haaraa keessatti caqasamu yookaan akeekamu. Macaafa Faarfannaati. Inni kun Caaffatoota keessa jira. Macaafni Kakuu Moofaa inni lammaffaan hunda caalaa caqasamu yookaan akeekamu immoo Macaafa Isaayyaasi. Inni kun immoo Raajota keessa jira.



Shanaffaa, Raajonni fi Caaffatoonni lamaanuu macaafota seenaa fi macaafota walaloo of keessatti qabatu. Raajotaa fi Caaffatoota keessattis, macaafonni seenaa walitti qabamanii, macaafonni walaloos walitti qabamanii kaa'amaniiru. Macaafonni seenaa Raajota keessa jiran: Iyyaasuu, Abboota Murtii, Saamu'eel, fi Mootota. Macaafonni seenaa Caaffatoota keessa jiran ammoo: Daani'el, Estaer, Izraa fi Nahimiiyaa, fi Seenaa Baraati. Macaafonni walaloo Raajota keessa jiran: Ermiyaas, Izqi'eel, Isaayyaas, fi Kudha-lamaan. Macaafonni walaloo Caaffatoota keessa jiran ammoo: Faarfannaa, Iyoob, Fakkeenya, Lallabaa, Weedduu Weedduu Caalu, fi Faaruu Ermiyaasi dha.





5. Caaffatoonni Raajota irraa akkamitti garaagara ta'u?

Caaffatootaa fi Raajota gidduu wal-fakkatiin hedduun jiraatus, garaagarummaan barbaachisoo ta'an hedduunis ni jiru. Garaagarummoota Caaffatootaa fi Raajota gidduu jiran keessaa muraasni armaan gaditti tarreeffamaniiru.

Bakka isaan kaanonii Kakuu Moofaa keessatti qabaniin adda ('Kaanoonii' jechuun tarree macaafota Macaafa Qulqulluu fudhatama qabaniin jechuudha). Raajonni kutaa gidduu Kakuu Moofaa ti. Isaan Caaffatoota dura dhufu. Qindeessitoonni Macaafa Qulqulluu tartibaan kaa'an, ergaan Raajotaa ergaa Caaffatootaa akka dura bu'u (dura dhufu) kan barbaadan fakkaata. Jecha biraatiin, Caaffatoota dubbisuun dura Raajota dubbisuun fayyadaa guddaa qaba. Caaffatoota dubbisuun dura ergaa Raajotaa yaadatti qabachuun bu'aa qaba. Kun garuu Caaffatoonni of danda'anii dubbifamuu hin danda'an jechuu miti. Haa ta'u malee, Raajota dura dubbisuun fayyadaa guddaa qabaachuu isaa agarsiisa. Ergaan Raajota keessatti argamu, dubbistichi ergaa Caaffatoota keessa jiru hubachuuf hubannoo bu'uura (context) isa barbaachisu kennaaf.

Fakkeenyaaf, namni tokko Raajota (kanneen akka Ermiyaas, Izqi'eel, Isaayyaas, fi Kudha-lamaan) hunda dubbisuun dura Macaafa Faarfannaa yoo dubbise, Mootii Daawit akka qaama giddu-galeessaa (isa hunda caalaa barbaachisaa) Macaafa Faarfannaatti fudhachuudhaan xiyyeeffannoo guddaa irratti kennuun isaa ni mala. Kunis namni sun Macaafni Faarfannaa 'waa'ee' Daawit akka ta'etti akka yaadu isa taasisa. Haa ta'u malee, namni tokko erga Raajota (Ermiyaas, Izqi'eel, Isaayyaas, fi Kudha-lamaan dabalatee) hunda dubbisee booda Macaafa Faarfannaa yoo dubbise, Mootii Daawit akka qaama giddu-galeessaa Macaafa Faarfannaa taasisee hin ilaalu. Kana mannaa, dubbistichi Caaffatoonni yeroo Daawit sanatti duubatti deebi'anii kan mil'atan akka hin taane ni hubata. Isaan gara fuulduraatti dhaaltuu Daawit isa dhufuuf jiru—Kiristoosiin—mil'atu! Namni Raajota hunda dubbisee booda Macaafa Faarfannaa dubbisu tokko, Kiristoosiin akka qaama giddu-galeessaa Macaafa Faarfannaa sanaatti

arguuf carraan isaa baay'ee guddaadha. Akkaataan Macaafa Faarfannaa itti Suura 5/25 dubbifamuu qabu inni sirriin kanadha. Faarfannooni kun kan isaa ti.

Caaffatoonni xumura Kakuu Moofaa ta'uu isaanii hubachuun baay'ee barbaachisaadha. Kunis ta'e jedhamee (karooraan) kan godhameedha. Kakuu Haaraatti riqicha abdii qabu kan ta'an isaanidha malee, Raajota miti. Jechoonni xumuraa Macaafa Seenaa Baraa keessa jiran dubbistichi nama mana qulqullummaa dhugaa ijaaru sana akka eeggatu taasisu. Namni sun dhufeera; maqaan isaas Yesusi.

Isaan miira dubbii (tone) isaaniitiinis adda. Raajonni, saba hin ajajamneefii waa'ee saba hin ajajamne waan dubbataniif, miirri isaanii baay'ee hadhaa'aadha (negative). Caaffatoonni garuu, saba ajajamaniifii waa'ee saba ajajamne waan dubbataniif, miirri isaanii baay'ee mii'awaadha (positive).

Kun garuu Raajonni kutaalee miira gaarii qaban hin qaban jechuu miti. Dhugaan isaa akkas miti. Raajota keessa kutaaleen miira bareedaa qaban, kanneen waa'ee ulfina Kiristoos, waa'ee mootummaa isaa, fi waa'ee saba Waaqayyoo gara iddoo isaaniitti deebisanii dhaabuu (restoration) dubbatan baay'eetu jiru. Akkasumas, namoonni amanamoo Waaqayyoof ajajaman baay'een Raajota keessatti caqasamaniiru. Haa ta'u malee, walumaa-galatti miirri dubbii Raajotaa kan mormii fi akeekkachiisaati (negative).

Akkasumas, kun Caaffatoonni guutummaatti mii'awaa (positive) dha jechuu miti. Kutaaleen namoonni Waaqayyoof ajajamuu didan keessatti argaman baay'eetu jiru. Haa ta'u malee, walumaa-galatti miirri dubbii Caaffatootaa mii'awaadha.

Isaan bakka itti raawwatamaniinis addadha. Macaafonni Raajotaa, harki caalaan isaanii, seenaa saba Waaqayyoo yeroo isaan Biyya Abdachiifame keessa jiraachaa turanitti guutamani jiru. Macaafonni kun yeroo Israa'eloonni waaqolii tolfaman waaqessuudhaan kan ka'e, biyya isaanii irraa itti ari'aman, isa gaddisiisaa sana dura jiru ibsu (**Seera Keessa Deebii 4:15-26 fi 29:16-28 ilaali**). Macaafonni Caaffatootaa hedduun immoo, namoota boojuu (ari'atama) keessa jiraachaa jiraniifi, hamma Waaqayyo deebisee iddoo isaa isa gaariitti isaan fidutti, iddoo Waaqayyoo isa gaarii sanaa ala amantiidhaan jiraachuuf dirqaman irratti xiyyeeffatu (**Seera Keessa Deebii 4:27-31 fi 30:1-10 ilaali**).

Isaan **kaayyoo** isaaniitiinis addadha. Raajonni, harki caalaan isaanii, seenaa Israa'el yeroo isaan cubbuu keessa deddeebi'aa turanitti dubbatu. Raajonni waamicha yaada geddarannaa baay'ee of keessatti qabatu. Caaffatoonni ammoo seenaa saba Waaqayyoo isaanii boojuu keessa jiranii dubbatu. Caaffatoonni, harki caalaan isaanii, waamicha yaada geddarannaa miti. Kana mannaa, isaan qulqulloonni hamma abdiin Waaqayyoo raawwatamutti obsaan akka jabaatanii dhaabbatanifi abdiilee Waaqayyootti akka amanan waamicha dhiheessudha.

Walaloon Caaffattoota keessa jiru (Faarfannaa, Iyoob, Fakkeenya, Lallabaa, Weedduu Weedduu Caalu, fi Faaruu Eermiyaas) hamma guyyaa ulfinaa abdiin Waaqayyoo guutummaatti itti raawwatamutti, namoonni guyyoota rakkisoo keessatti amanamummaan akka jiraataniif kan yaadame fakkaata. Walaloowwan kun jireenya saba Waaqayyoo keessatti karaa hundumaan gargaarsa guddaa kennu. Fakkeenyaaf, macaafonni walaloo Caaffattoota keessatti argaman yeroo rakkina hamaa keessatti jajjabinaa fi hamilee guddaa kennu (Iyoob, Faarfannaa, Fakkeenya, Lallabaa, Faaruu Eermiyaas). Macaafonni walaloo saba Waaqayyoo warra gaa'ela keessa jiraniif qajeelfama kennu (Fakkeenya fi Weedduu Weedduu Caalu). Akkasumas, macaafonni walaloo namoonni addunyaa yeroo baay'ee wal-xaxxe (burjaajofte) kana keessatti ogummaadhaan akka deddeebi'aniif gargaarsa ni kennu (Fakkeenya fi Lallabaa).

Waa'ee **isa saba Waaqayyoo irratti mo'aa ture** yeroo isaan jiraachaa turan irratti garaagarummaa qabu. Namoonni macaafota Raajotaa keessatti ibsaman, yeroo baay'ee mootii saba Waaqayyoo gara ajajamuutti geessuuf abdiin irra ture jala jiraachaa turan. Mootota kutaalee kanaa keessaa muraasni Yaahweef kan ajajaman turan. Harki caalaan isaanii garuu kan hin ajajamne turan.

Haa ta'u malee, namoonni ijoon macaafota seenaa Caaffattootaa keessatti ibsaman, mootii Yihudaa yookaan mootii Israa'el isaan irratti mo'u hin qaban. Namoota Caaffattoota keessa jiran muraasni mootii alagaatiin (biyya ormaatiin) bulchamaa turan




(Daani'el, hiriyoota Daani'el sadan, Mordekaayi, Estaer, Izraa fi Nahimiiyaa). Garuu namoonni kun, akkuma saba Waaqayyoo hundumaa, Mootii Waaqayyoo isa dibame—Kiristoosiin—eeggachaa turan. Amanoonni yeroo ammaa Mootichi Waaqayyoo inni dibame akka dhufuuf ammas hin eeggatan. Inni dhufeera. Maqaan isaas Yesusi, aangoon waaqaa fi lafaa hundis isaaf kennameera (**Maatewos 28:18-20** ilaali). Inni, ammuma iyyuu, 'Ilma Waaqayyoo isa humna qabuudha' (**Roomaa 1:4**).

Kanaafuu, sabni Waaqayyoo yeroo ammaa saba Waaqayyoo yeroo Raajotaatti ibsaman irraa addadha. Akkasumas, sabni Waaqayyoo namoota yeroo Caaffatootaatti ibsaman irraas addadha. Sabni Waaqayyoo yeroo ammaa Mootii ajajamaa isaan irratti mo'u qabu. Sabni Waaqayyoo aangoon akka isaaf kennamu hin eeggatan. Aangoon hundis isaaf kennameera.

Haa ta'u malee, akkuma namoota Caaffatoota keessa jiranitti, sabni Waaqayyoo ammallee eeggachaa jiru. Sabni Waaqayyoo yeroo ammaa Mootii isaanii—Gooftaa Yesus—akka deebi'ee dhufu eeggachaa jiru. Hamma guyyaa sanaatti, sabni Waaqayyoo ni dhiphatu.





6. Namoonni Caaffatoota keessatti ibsaman amantii isaaniin beekamu.

Raajonnii fi Caaffatoonni amala namoota kutaalee seenaa keessatti ibsamaniitiin garaagarummaa qabu. Macaafota Raajotaa keessa namoonni amanamoon dhugumatti jiraatanis, namoonni baay'ee baay'een garuu hamma tokko qofa kan ajajaman yookaan guutummaatti kan hin ajajamne turan. Barreessitoonni macaafota Raajotaa hanqina hordoftoota Yaahwee warra ajajamanillee of-eeggannoodhaan ni ibsu. Fakkeenyaaf, amanamummaan Daawitii fi amanamummaa dhabuun isaa akkamitti akka ibsame ilaalaa.

Gama biraatiin, namoonni ijoo macaafota seenaa Caaffatootaa keessatti ibsaman, yeroo hunda akka namoota amanamoo ta'anitti dhiyaatu. Namoota ijoo Caaffatoota keessa jiraniif fi akkamitti akka ibsaman of-eeggannoodhaan xiinxalaa. Namoonni ijoo Caaffatoota keessatti argaman: Naa'omii, Ruut, Bo'eez, Iyoob, Daani'el, hiriyoota Daani'el sadan, Mordekaayi, Estaer, Izraa, fi Nahimiiyaadha. Namoonni kun hundi akka namoota amanamoo fi ajajamoo ta'anitti dhiyaatu. Namoota kana keessatti hamma tokko qofa ajajamuun (partial obedience) hin argamu. Isaan akka hordoftoota Yaahwee warra amanamoo ta'anitti dhiyaatu.

Dhugumatti, kaayyoowwan Caaffatootaa keessaa inni tokko saba Waaqayyoo yeroo ammaa jiraniif fakkeeniyota amanamoo hordofuu danda'an dhiheessuudha. Macaafonni kun akkamitti dargaggoonni (Daani'elii fi hiriyoonni isaa sadan), shamarran (Ruut fi Estaer), maanguddoonni dhiiraa (Bo'eez, Iyoob, Mordekaayi, Daani'el, hiriyoonni Daani'el sadan, Izraa, fi Nahimiiyaa), fi maanguddoonni dubartootaa (Naa'omii) yeroo gadadoo guddaa keessatti amantiidhaan jiraachuu akka qaban ni agarsiisu.



7. Seenaan Caaffatoota keessatti himamaa jiru maali?

Seenaan saba Waaqayyoo kan Caaffatoota keessatti himamu, karaalee hedduudhaan faallaa seenaa saba Waaqayyoo isa Raajota keessatti himamuuti.

Xiinxalli seenaa gaddisiisaa macaafota Raajotaa keessatti himamaa jiru:

Macaafni Musee, Israa'eloonni gara Biyya Abdachiifameetti galuuf yeroo jedhanitti xumurama. Dubbistichi, Israa'eloonni Yaahweef ajajamuudhaan ni deddeebi'u jedhee abdata. Haa ta'u malee, dubbifannaan gadi fageenyaa Macaafa Musee, seenaa gaddisiisaa waaqeffannaa sobaa fi ajajamuu dhabuu Israa'elootaaf dubbisticha ni qopheessa. Museen, Israa'eloonni akka hin ajajamneefi biyyattii keessa yeroo dheeraaf akka hin turre raajii dubbateera (Seera Keessa Deebii 4:15-28 ilaali).

Dubbistichi yeroo Raajota dubbisu, raajiin Museen dubbate sun macaafota Iyaasuu, Abboota Murtii, Saamu'eel, fi Mootota keessatti yommuu raawwatamu (galmaan ga'u) ni arga. Jalqaba eegalee, Israa'eloonni Yaahweef ajajamuudhaan deddeebi'uu ni didan (Iyaasuu 7 ilaali).

Yaahween irra deddeebi'ee Israa'eloota yoo oolcheyyuu, isaan garuu irra deddeebi'anii ajajamuu diduudhaan deddeebi'an. Israa'eloonni waaqolii tolfaman waaqessan. Yaahween akka isaan yaada geddaratan waamicha dhiheessuuf raajota erge. Israa'eloonni garuu dhaga'uu didan. Dhumarratti, akkuma Museen raajii dubbatetti, Israa'eloonni biyyattii keessaa ari'aman. Akkuma ilmi Waaqayyoo inni jalqabaa (Adaam) iddoo Waaqayyoo isa gaarii (Iddoo Biqiltuu Eeden) keessaa ari'ame, "ilmi" Waaqayyoo Israa'elis iddoo Waaqayyoo keessa turuu hin dandeenye."

Fakkeenyi Kakuu Moofaa keessatti yeroo baay'ee waa'ee Israa'eliif itti fayyadaman tokko muka wayiniiti (**Faarfannaa 80:8-18, Isaayyaas 5:1-7, Ermiyaas 2:21,**



5:10, 6:9, fi **8:13** ilaali). Yaahween qonnaan bulaa wayinii wajjin wal bira qabamee ilaalama. Inni muka wayinii isaa (Israa'elin) lafa inni qopheesse keessa dhaabe (**Isaayyaas 5:2** ilaali). Yeroo gabaabaaf, mukki wayinii sun guddataa akka jiru fakkaatee mul'atee ture (**1 Mootota 4:25** ilaali). Haa ta'u malee, mukki wayinii sun ija hammaa naqate (**Isaayyaas 5:2** fi **Hosea 10:1** ilaali). Dhumarratti, mukki wayinii sun lafa keessaa buqqifame, lafichis duwwaa hafe (**Faarfannaa 80:8-14**). Kun, akka gaddisiisutti, seenaa Israa'el iddoo Waaqayyoo isa gaarii keessatti qabduudha. Fakkeenyonni Yesus **Maatewos 21:33-46, Maarqos 12:1-9, Luqaas 13:6-9**, fi **20:9-18** keessatti dubbate hundi saba sana seenaa gaddisiisaa kana yaadachiisuuf kan yaadamanidha.

Caaffatoonni, karaa hedduun seenaa lafichaa fi seenaa muka wayinichaa irra deebisanii kan himanidha. Haa ta'u malee, yeroo kana seenichi ajajamuu diduu fi firii dhabuu saba Waaqayyoo irratti hin xiyyeeffatu. Kana mannaa, xiyyeeffannoon isaa ajajamuu fi firii qabaachuu saba Waaqayyoo, hammana Waaqayyoo gara iddoo isaatti isaan deebisutti eeggachaa jiran irrattidha.

Caaffatoota keessatti macaafni inni jalqabaa Ruut dha. Seenaan macaafa kana keessatti himamu seensa guutuu Caaffatootaaf ta'udha. Macaafni kun waa'ee dubartii Israa'el Naa'omii, ishee biyya ishee dhiistee biyya ormaa jiraachuuf deemte irratti xiyyeeffata. Biyyi ormaa kun Naa'omiidhaaf iddoo firii fi eebbaa hin turre. Ilmaan Naa'omii dubartoota ormaa fuudhan. Isaanis ijoollee hin godhanne. Akkasumas abbaan manaa ishee fi ilmaan ishee lamaan biyya baqattummaa keessatti du'an. Haa ta'u malee, Naa'omiin biyya baqattummaa ishee keessatti hin duune. Kana mannaa, ayyaana Waaqayyootiin gara iddoo Waaqayyoo isa gaariitti deebite. Macaafni Ruut gaa'elaa fi firii qabaachuudhaan xumurama. Naa'omiinis sanyii Waaqayyoo argiti. Macaafni Caaffatoota keessatti jalqabaa kun, dubbistichaaf macaafota Caaffatoota keessa jiran hundumaa dubbisuuf haala waliigalaa isaanitti gargaaran kenna.



Macaafonni kunneen namoota akka Naa'omii biyya baqattummaa keessa jiraatan, garuu gara iddoo Waaqayyoo isa gaariitti imalaa jiraniif kan barreeffamanidha. Caaffatoota keessatti, saba Waaqayyootiif hamma Waaqayyo dhuma irratti gara iddoo isa gaariitti isaan deebisutti, dhiphina dandamachuun barbaachisaa ta'uu isaa irratti xiyyeeffannoon guddaan ni kennama. Kanaafuu, utuma sabni Waaqayyoo biyya baqattummaa keessa jiraatanii, Waaqayyo isaan oolchuudhaan yeroo hunda amanamummaa isaa ni agarsiisa (fakkeenyaaf: Iyoob, Daani'el, michoota Daani'el sadan, Moordekaayii fi Asteerin ilaaluun ni danda'ama)

Waaqayyo sabasaatiif iddoo qopheesseera. Nutis akka saba Waaqayyootti, utuma iddoo sanaa ala jiraannuuyyuu, iddoo sanaaf hawwuu qabna. Kun ergaa ijoo Caaffatootaati. Fakkeenyaaf, Faarfannaa Ol-ba'iinsaa (**Faarfannaa 120-134**) ilaali. Kunneen hundinuu faarfannaa imala gara iddoo Waaqayyootti waaqeffannaadhaaf godhamu gammachuun ibsanidha. Akkasumas macaafa Faaruu Ermiyaas ilaali. Walaloowwan kunneen iddoo Waaqayyoo isa gaarii ni ibsu, sabni Waaqayyoos achi jiraachuuf hawwii guddaa qabaachuu akka qaban ni agarsiisu. Jalqaba dhumuma irraa, Caaffatoonni seenaa saba Waaqayyoo carraa haaraadhaan gara iddoo Waaqayyoo isa gaariitti deebi'anii galuu himu.

Seenaan 'muka wayinii' Waaqayyoo Caaffatoota keessatti hin xumuramu. Kakuun Haaraan seenaa saba Waaqayyoo warra firii qabanii itti fufa. Seenichi Yesusiin jalqaba. Inni, akka Israa'el, muka wayiniitti fakkeeffameera (**Yohannis 15** ilaali). Inni 'muka wayinii dhugaati.' Israa'el irraa adda kan ta'e, Yesus yeroo hunda firii gaarii godhata (**Faarfannaa 1:3** ilaali). Warri isatti jiran hundinuus firii gaarii ni godhatu (**Galaatiyaa 5:22-23** ilaali).





8. Maaliif Caaffatoota keessatti walaloon baay'inaan baratamaa ta'e?

Ergaan Macaafa Qulqulluu keessatti argamu yeroo baay'ee bifa walalootiin dubbistootaaf dhihaata. Walaloon akka haasaa baramaa (idilee) waan hin taaneef, dubbisuuf ulfaataa ta'uu danda'a. Haa ta'u malee, walaloo Macaafa Qulqulluu akkamitti akka dubbisan barachuun barbaachisaadha. Lallabaanis kutaawwan walaloo Macaafa Qulqulluu irraa akkamitti akka lallabu barachuun isaa baay'ee barbaachisaadha. Walaloon dubbistootaaf, lallabdootaaf ykn barsiistotaaf kennaa guddaadha. Akka muuziqaa, walaloon karaa garaa namaatti dubbachuu fi miira kakaasuu danda'u qaba.

Mana barreeffama seenaa, jecha gosa barreeffamaa seenaa himuuf itti fayyadamnudha) aanee, walaloon gosa barreeffamaa Kakuu Moofaa keessatti baay'inaan argamudha. Akkasumas, Caaffatoota keessattis gosa barreeffamaa hundumaa caalaa baay'inaan kan argamu walaloodha. Hubannoo walaloo Macaafa Qulqulluu malee, Caaffatoota hubachuunii fi sirriitti keessaa lallabuun baay'ee ulfaataadha. Caaffatoota keessaa, Faarfannaan, Iyyoob, Macaafni Fakkeenya, Lallabaan, Weedduu Weedduu Caaluu fi Faaruu Ermiyaas hundinuu walaloo hedduu of keessaa qabu. Kanaafuu, lallabaan tokko walaloo Macaafa Qulqulluu addaan baasee beekuu, hubachuu fi itti fayyadamuu danda'uun isaa baay'ee barbaachisaadha.

Dubbistoonni walaloo Macaafa Qulqulluu keessa jiru salphaatti addaan baasanii beekuu ni danda'u; kunis sababa walaloon Macaafa Qulqulluu jechoota addaa fi tartiiba jechootaa adda ta'etti fayyadamuufi. Walaloon Kakuu Moofaa keessatti argamu, harki caalaan isaa, sagalee walfakkaatuun (rhyme) kan xumuramu miti. Kana mannaa, walaloon Macaafa Qulqulluu bifa walaloo 'paralaalizimii' (parallelism) jedhamuun barreeffama. Paralaalizimiin caasaa itti sararri tokko waan tokko dubbatu yoo ta'u, sararri itti aansee jiru immoo jechoota garagaraatti fayyadamee yaada sarara duraa sana irra deebi'uudhaan haala kamiinuu yaada sana cimsuudha.



Karaan biraa itti paralaalizimii (parallelism) yaaduun danda'amu akka 'sagalee deebi'ee dhaga'amuutti' (echo). Sararri lammaffaan, karaa hedduun calaqqee ykn deebii sarara duraati. Sagalee deebii 'idilee' keessatti, yeroo namni waan tokko iyyu, sagaleen deebi'ee dhaga'amu sun jechootuma sana fayyadama. Walaloo Macaafa Qulqulluu keessatti garuu, sagaleen deebii sun jechoota duraan fayyadamne sana hin deebisu. Utuma wal-fakkaatanii jiranuu, sararri lammaffaan isa jalqabaa irra addadha. Yeroo baay'ee sararri lammaffaan sun bifa kanaan yaada sana caalaatti cimsa.

Kunoo, walaloo Macaafa Qulqulluu keessaa kan Faarfannaa tokkoo fakkeenya dha. Sararri lammaffaan akkamitti yaada sarara jalqabaa keessa jiru akka irra deebi'u, garuu ammoo kana gochuuf jechoota caalaatti cimoo ta'anitti akka fayyadamu hubadhu:

Yaa Waaqayyo, dheekkamsa keetiin na hin dheekkamin,
aarii keetiinis na hin adabin! (Faarfannaa 38:1)

Akka kallaattii baaburaa lamaan wal-cinaa (paralaalii) deemanitti, sararri lammaffaan Faarfannaa 38:1 keessatti sarara jalqabaa waliin wal-simoodha. Kunis jechoota itti fayyadaman keessatti ni mul'ata. Isaan ifatti wal-fakkatu. Jechi "dheekkamuu" jedhu sarara jalqabaa keessa jiru, jecha "adabuu" jedhu isa sarara lammaffaa keessa jiru waliin wal-fakkata. Garuu, jechi "adabuu" jedhu jecha "dheekkamuu" jedhu irra kan jabaatu ta'uu isaa hubadhu. Akkuma jechi "adabuu" sarara lammaffaa keessatti "dheekkamuu" sarara jalqabaa waliin wal-simu, jechi "aarii" sarara lammaffaa keessa jiru jecha "dheekkamsa" sarara jalqabaa waliin wal-simadha. Haa ta'u malee, akkuma paralaalizimii keessatti eegamutti, jechi "aarii" jedhu "dheekkamsa" waliin wal-simus, "dheekkamsa" irra baay'ee jabaadha.

Fakkeenya paralaalizimii kan biraa Mammaaksa 6:16 irraa ilaali:



Waan ja'a kan Waaqayyo jibu jira,
waan torba kan Inni guddaa ciiggaa'udha.

Akkamitti lakkoofsi sarara lammaffaa keessatti eerame ("torba"), lakkoofsa sarara jalqabaa ("ja'a") irra tokkoon akka caalu hubadhu. Akkaataan lakkoofsatti fayyadamuu kun paralaalizimii keessatti baay'ee baramaadha. Lakkoofsi lammaffaan yeroo hunda isa jalqabaa irra guddaadha. Akkasumas, adeemsa yaadaa waan Yaahween 'jibbuu' fi waan isa biratti 'ciiggaasisaa' ta'e gidduu jiru hubadhu

Himni lammaffaan caalaatti jabaadha.

Ammas, walaloon gosa og-barruu Caaffatoota keessatti hunda caalaa baay'inaan argamudha. Maaliif ergaan Caaffatoota keessatti argamu harki caalaan isaa bifa walalootiin dubbistootaaf dhihaate? Gaaffii kanaaf tarii deebiiwwan hedduutu jira ta'a. Sababoonni shanan kunneen:


1. Walaloon akka muuziqaa ykn hojii artii ti. Walaloon, akkuma muuziqaa ykn hojii artii, afaan garaa dubbata. Kuni sababoota kutaawwan Macaafa Qulqulluu keessaa Faarfannaan waggoota kumaatamaaf baay'ee itti fayyadamamaa turaniif keessaa tokko dha.
2. Walaloon jaalala, gammachuu, abdi, fi bareedina karaa gosoonni og-barruu biroon ibsuu hin dandeenyeen ibsa. Keessattuu jaalalli, gammachuun, abdiin, fi bareedinni ergaawwan ijoo Caaffatootaa waan ta'aniif, kun baay'ee barbaachisaadha.
3. Gosni "afaan garaa" walaloo keessatti itti fayyadamnu keessattuu yeroo namoonni dhiphachaa jiranitti baay'ee barbaachisaadha. Yeroo dhiphinaa keessatti dandamatani gadi dhaabbachuun ergaa ijoo Caaffatootaa ti; kanaafuu walaloon Caaffatootaaf filannoo uumamaa (sirrii) dha. Walaloowwan kunneen warra dhiphachaa jiraniif kennaa dha.



4. Irra deebiin walirraa hin cinne kan qaama paralaalizimii (wal-simannaa yaadaa) ta'e, keessattuu yaada tokko cimsuudhaaf baay'ee kan mijatidha. Yaadaawwan ijoon walaloo tokko keessatti argaman jechoota deemaa dhufaan caalaatti jabaatanii fi cimanitti fayyadamuun irra deebi'amanii himamu.

5. Jechoonni walaloo Macaafa Qulqulluu kutaawwan seenaa Macaafa Qulqulluu irra sammuutti qabachuuf (yaadachuuf) salphaadha. Yeroo namoonni baay'een dubbisuu hin danda'in turanitti, ergaan Caaffatootaa bifa namoonni irra deebi'anii fi yaadachuu danda'aniin dhihaate. Bakka namoonni dubbisuu danda'anitti illee, namoonni jechoota Macaafa Qulqulluu sammuutti qabachuun barbaachisaadha. Walaloo sammuutti qabachuun gosoota og-barruu biroo irra salphaa waan ta'eef, Waaqayyo sabni isaa keessattuu kutaawwan walaloo akka sammuutti qabatan barbaada ta'a.





9. Taatonni ijoo Caaffatoota keessatti argaman namoota hedduu bara raajotaa jiraataa turan irraa baay'ee addadha. Taatonni ijoo Caaffatoota keessatti argaman yeroo qorumsa guddaa keessatti illee Yaahweedhaaf ajajamoodha.

.

Namoonni ijoo macaafota seenaa Caaffatoota keessatti ibsaman Waaqayyoo fi abboommii isaatiif ajajamoodha. Iyyoob, Naa'omii, Ruut, Boo'az, Daani'el, michoonni Daani'el sadan, Moordekaayii, Esteer, Izraa, fi Nahimiyaan hundi isaanii akka hordoftoota amanamoo Yaahweetti dhihaataniiru. Isaan Kiristaanota har'aatiif fakkeenya hordofamu ta'u. Namoota kanneen keessaa cubbuun "guddaan" ta'ee "xiqqaan" tokko illee irratti himatamuu dhabuun isaa bakka guddaa qaba.

Garuu, amantii fi ajajamuu isaaniitiin kan fakkeenya godhatamuu qaban namoota ijoo kutaawwan seenaa qofaa miti. Walaleessaan kutaawwan walaloo Caaffatootaa keessatti dubbatus akka Israa'elii ajajamaa tokkootti dhihaateera. Walaleessaan Faaruu Ermiyaas keessatti argamu, Israa'eliin ajajamaan tokko akkamitti akka gadduuf fakkeenya ta'a. Walaleessaan Weedduu Weedduu Caalu keessaa ammoo, Israa'eliin ajajamaan tokko gaa'elaaf ilaalcha akkamii akka qabaatuuf fakkeenya ta'a. Akkasumas, walaleessaan tokkoon tokkoon Faarfannaa keessatti argamu, namni Waaqayyoon sodaatu haala kam keessattiyyuu akkamitti akka yaadu ykn akka dalagu saba Waaqayyootiif fakkeenya kenna.

Ajajamuun namoota ijoo bara Caaffatootaa keessa turanii, ajajamuu diduu saba harka caalaa bara raajotaa keessa turanii irraa baay'ee addadha. Bara raajotaa keessa, Israa'el yeroo muraasaaf ajajamuu diduun jiraatti, sana booda gar-tokkeen yaada geddaratti, ammas deebitee ajajamuu diduun adeemti, ammas deebitee



muraasaan yaada geddaratti turte. Israa'el yeroo hunda Waaqayyo irraa fagaachuun ishee, saba Israa'eliif Waaqayyoof ajajamuudhaaf jijjiiramni garaa akka isaan barbaachisu agarsiiseera.

Maaliif namoonni bara Caaffatootaa keessatti ibsaman ajajamoo ta'an? Lallabaan ykn barsiisaan deebii gaaffii kanaa irratti gadi fageenyaan yaaduu qaba. Namoonni ajajamoo kan ta'an, Waaqayyo akka isaan ajajamoo ta'aniif waan isaan gargaareefidha.

Namoota ijoo Caaffatoota keessatti eeraman keessaa tokko illee mootii Israa'el kan isaan bulchu qabaachuu dhabuun isaanii baay'ee nama dinqisiisa. Namoonni Caaffatoota keessa jiran hundinuu Mootii dhugaa saba Waaqayyoo irratti mo'u sana eeggachaa jiru. Mootiin dhugaan sunis Kiristoosidha.





10. Taatonni ijoon Caaffatoota keessatti argaman waaqolii tolfaman hin waaqeffatan.

Keessa Deebii 4:15-28 keessatti, Museen sababa waaqolii tolfamoo waaqeffataniif, Israa'el biyya Waaqayyoo isa gaarii keessaa yeroon itti ari'atamtu akka dhufoo jiru raaje. Inni kunis akkuma jedhametti ta'eera. Utuma, ayyaana Waaqayyootiin, namoonni Israa'el muraasni waaqolii tolfamoo waaqeffachuu baatanis (fakkeenyaaf 1 Mootota 19:18 ilaali), namoonni baay'een kutaawwan raajotaa keessatti ibsaman waaqolii tolfamoo waaqeffachuu turan. Cubbuu kanaan kan ka'e, sabni Israa'elii fi sabni Yihudaa biyya isaanii keessaa ari'ataman. Macaafonni Raajotaa, waaqolii tolfamoo Israa'el waaqeffachuu ishee, waamicha raajonni akka Israa'el yaada geddarattuuf godhan, Israa'el yaada geddarachuu diduu ishee, fi kanaan kan ka'e Israa'el biyya ishee keessaa baqattummaatti ari'atamu ishee ibsu.

Namoonni ijoon macaafota seenaa Caaffatoota keessatti ibsaman (Daani'el, Asteer, fi Izraa-Nahimiyaa ilaali) waaqolii tolfamoo waaqeffattoota miti. Ayyaana Waaqayyootiin, isaan waaqolii sobaa hin waaqeffatan. Haa ta'u malee, isaan akkuma hawwanitti Waaqa dhugaa guutummaatti waaqeffachuu hin dandeenye. Kunis kan ta'eef, yeroo sana keessatti harki caalaan isaa mana qulqullummaa, angafa lubootaa, fi mootii isaan dursu waan hin qabneefidha.

Namoonni Caaffatoota keessatti argaman bara Hose'aa 3:4 keessatti ibsame sana keessa jiraatu:

Namoonni Israa'el iyyuu mootii, gurguddoota biyyaa, qalma gubamu, utubaa dhagaa qullaa'aatti ilaalamu, uffata lubummaa isa uffatanii



*Waaqayyoon gaafatan, bifa waaqayyolii mi'a mana keessaas malee
guyyaa baay'eedhaaf taa'uuf jiru*


Utuma waaqolii sobaa hin waaqeffatin jiranii, namoonni bara Caaffatootaa keessa turan eeggachaa turan. Waaqayyo ayyaana isaatiin manni qulqullummaa isaa inni dhugaan akka ijaaramuuf akka hayyamu eeggachaa turan. Waaqayyo mootii qajeelaa akka isaan irratti moosissu eeggachaa turan.

Sabni Waaqayyoo kan har'aa garuu mana qulqullummaa fi mootii isaanii kana booda hin eeggatan. Barri **Hose'aa 3:5** keessatti ibsame dhufeera!

*Kana booddees namoonni Israa'el deebi'anii, Waaqayyo isaanii goofticha,
Daawitinis mootii isaanii in barbaaddatu; dhuma barichaattis isaan sodaa
guddaadhaan gara Waaqayyoo, gara wanta gaarii inni isaaniif godhus in
dhufu.*

Guyyoonni dhumaa lakkoofsa kana keessatti dubbataman dhufaniiru! Gooftaan Yesus Kiristoos, inni ilma Daawit isa dhugaa ta'e, teessoo mootummaa isaa irra taa'eera. Sabni Waaqayyoo, 'Abrahaam keessa' waan ta'aniif, 'sodaan gara Waaqayyootti fi gara gaarummaa isaatti dhufaniiru.' Amanoonni hundinuu ijoollee Abrahaam, kanaanis 'ijoollee Israa'el' fi dhaaltota abdiwwan kana hundumaa ta'uu isaanii ilaalchisee, **Roomaa 2:28-29, Galaatiyaa 3:7-9, 14, fi 29** ilaali.






11. Taatonni ijoon yeroo dhiphinaa keessatti fakkeenya dandamatanii dhaabbachuu (obsa) nama Waaqayyoo ti..

Namoonni ijoon kutaawwan seenaa Caaffatoota keessatti argaman, dhiphina guddaa keessatti fakkeenya dandamatanii gadi dhaabbachuu isa Waaqayyoon sodaachuu ni kennu. Daani'el, michoonni Daani'el sadan, Moordekaayii, Asteer, Izraa, fi Nahimiyaan hundinuu baay'ee dhiphatanii turan. Kunis, Waaqayyoo yeroo hunda saba isaatiif jireenya nagaa fi badhaadhina lafa kana irratti akka hin kennine ragaa dha. Garuu, namoonni kunneen amantiidhaan dandamatanii gadi dhaabbachuun isaanii, Waaqayyoo qorumsa isaan mudatu hundumaa dandamachuuf saba isaatiif jabina akka kennu ragaa dha.

Haa ta'u malee, kutaawwan seenaa Caaffatootaa keessatti namoonni ijoo ta'an qofaa miti kan dhiphachaa jiran. Macaafa seensaa kan ta'e Ruut keessatti dhiphinni ergaa ijoodha. Naa'omii fi Ruut baay'ee dhiphataniiru. Barreessitoonni Faarfannaa baay'ees dhiphachaa akka jiran ifatti ni mul'ata. Iyyoob qorumsa sodaachisaa keessa darbe. Barreessaan Faaruu Ermiyaas dhiphachaa jira. Dhiphinni saba Waaqayyoo Caaffatoota keessatti ergaa ijoo ta'uun isaa ifadha. Garuu, namoonni dhiphachaa qofa hin jiran. Isaan utuma dhiphachaa jiranuu amantiidhaan itti fufu.

Sabni Waaqayyoo har'aas, akkuma namoota Caaffatoota keessatti ibsamani, baay'ee dhiphatu. Garuu Waaqayyoo hamaa hundumaa irraa saba isaa ni oolcha. Sabni Waaqayyoo, akkuma namoota Caaffatoota keessa jiranitti, qorumsa sana erga darbanii booda jireenya barabaraa akka dhaalaniif dandamatanii gadi dhaabbachuu qabu. Yesus dhufuu, du'uu fi du'aa ka'uun isaa sabni Waaqayyoo kana booda hin dhiphatan jechuu miti. Kutaawwan Macaafa Qulqulluu sabni Waaqayyoo dhiphina dandamachuu akka qaban dubbatan baay'eetu jiru. Fakkeenyaaf, **2 Ximotewos 3:12, 4:5, Ibroota 10:32-39, 12:2-3, 12:7, 13:12-14, Yaaqoob 1:2, fi 1 Pheexiros 2:19-23** ilaali.



12. Caaffatoonni abdiidhaan guutuu dha.

Raajonni seenaa saba Waaqayyoo keessatti yeroo ajajamuu diduu sodaachisaa ta'e ibsu. Macaafonni raajotaa warri dhumas (Haagee, Zakaariyaas, fi Miilkiyaas), yeroo Israa'eloonni biyya ormaa keessa jiraachuu dhaaban ibsanillee, sabichi gammachuun Yaahweedhaaf ajajamaa akka turanitti hin dhiheessan. Utuma baqattummaa irraa deebi'anii Biyya Abdii keessa jiraachaa jiranii, ammayyuu dhimma Waaqayyootiif hin gaddu turan (fakkeenyaaf, **Haagee 1:1-11, Zakaariyaas 1:2-6, fi Miilkiyaas 1:1-2:17** ilaali). Utuma Ba'aal waaqeffachuu dhiisaniyyuu, Yaahwee dhugumatti hin waaqeffatan turan.


Haa ta'u malee, yeroo ajajamuu diduu sana keessattillee, yeroo hunda gareen namoota Yaahwee jaallatan ni jiru turan. Namoonni kunneen namoota ijoo Caaffatoota keessatti argamanidha. Gareen namoota Waaqayyoon sodaatan kun yeroo tokko tokko "hambaa" jedhamuun beekamu. Caaffatoonni hambaawwan Waaqayyoon sodaatan kanaaf abdii dhaan guutanii dha. Sabni Waaqayyoo baqattummaa keessa utuma jiraatanii Yaahweedhaaf amanamoo ta'uun akka danda'amu ni agarsiisu. Caaffatoonni saba Waaqayyoo warra dhugaatiif abdii fi gargaarsa kennu. Caaffatoonni namoota Mootii Waaqayyoon dibame (Kiristoos) sana eeggachaa jiraniifi baqattummaa keessatti dhiphachaa jiraniif jajjabina ta'u.

Amantoonni har'aa yeroo namoota bara Caaffatoonni itti barreeffaman sana irraa baay'ee adda ta'e keessa jiraatu. Mootichi dhufeera! Manni qulqullummaa ijaaramaa jira (**Efsoon 2:19-22** ilaali). Hafuura Qulqulluun amanoota keessa jiraata, haala hundumaa keessattis gargaarsaa fi jajjabina walirraa hin cinne kenna (**Yohannis 14:15-17** ilaali). Akkasumas, amanoonni har'aa Macaafa Qulqulluu guutuu, Kakuu Moofaa fi Kakuu Haaraa, qabu. Haa ta'u malee, amanoonni har'aa ammayyuu iddoo Waaqayyoo isa gaariidhaa ala jiraachaa jiru. Jireenya fudhanneerra; garuu dhaala keenya isa guutuu



ammayyuu hin dhaalne. Kanaafidha **Yaaqoob 1:1** fi **1 Pheexiros 1:1** amanoota akka namoota "baqattummaa" keessa jiraataniitti kan ibsu. Caaffatoonni amanoota har'aatiif abdi dhaan guutani dha. Waaqayyo saba isaa warra baqattummaa keessa jiraataniif akka yaaduu fi haalawwan baay'ee ulfaataa keessatti amanamoo ta'uun akka danda'amu ni agarsiisu. Dhugumatti, amanoonni hundinuu ni ari'atamu (**Maatewos 5:10-12, 2 Ximotewos 3:12, fi Mul'ata 12** ilaali). Amanoonni Gooftaa isaanii ganuu hin qaban. Caaffatoonni "meeshaalee" Waaqayyo saba isaatiif kenne keessaa tokko dha, kanaanis yeroo ari'atama dandamachaa jiranitti akka isaan isa hin ganneef isaan gargaara.





13. Ruut Caaffatootaaf seensa mudaa hin qabnedha.

Ruut macaafa jalqabaa Caaffatoota keessatti argamudha. Kanaafuu, kakuu moofaa keessatti bakka addaa qaba (kaanooniin tarreeffama macaafota qulqulluu abboo qabaniiti). Ruut dubbistootaaf seensa macaafota Caaffatoota keessa jiran hundumaa ta'uun tajaajila. Kunis macaafota Caaffatootaa warra kaaniif haala mijeessee, dubbisticha ergaawwan ijoo keessatti argamaniif qopheessa jechuudha.

Macaafa Ruut eenyu akka barreesse ykn yoom akka barreeffame hin beekamu. Haa ta'u malee, taateewwan macaafa Ruut keessatti ibsaman yoom akka raawwataman ni beekama. Taateewwan macaaficha keessatti dhihaatan "Bara abbooni firdii biyya bulchaa turanitti" ta'an (**Ruut 1:1**). Kunis taateewwan Ruut yeroo macaafa Abbootii Firdii keessatti galmeeffame keessatti akka raawwataman agarsiisa. Macaafonni Qulqulluu ammayyaa maaliif macaafa Ruut Abbootii Firdiitti aansee akka hiriisan kanaan ibsama. Ta'us, Ruut macaafa Abbootii Firdii irraa baay'ee adda, kaayyoon isaas ifatti garagaradha. Kaayyoon isaa kaayyoo macaafota Caaffatoota keessa jiran biroo waliin walfakkaata. Ruut raajota keessa osoo hin taane, Caaffatoota keessa maaliif akka kaa'ameef tarii sababni isaa kanuma ta'uu danda'a.

Garaagarummaan Abbootii Firdii fi Ruut gidduu jiru salphaatti mul'ata. Macaafa Abbootii Firdii keessatti namoonni amanamoo muraasni jiraatanillee, harki caalaan isaa ajajamuu diduu fi amanamummaa dhabuu saba irratti xiyyeeffata. Sabichi, harki caalaan isaa, Waaqayyoon hordofuu hin barbaadne. Ruut garuu, ajajamuun fi amanamummaa namoota ijoo isaa irratti xiyyeeffata. Abbootii Firdii keessatti, "Namni hundinuu waan ija isaa duratti gaarii fakkaate hojjeta ture" (**Abbootii Firdii 21:25**). Ruut keessatti garuu, namoonni ijooon waan ija Waaqayyoo duratti qajeelaa ta'e gochuuf of eeggannoo guddaa taasisu. Abbootii Firdii keessatti, Waaqayyoo saba irraa kan fagaate fakkaata. Ruut keessatti garuu, Waaqayyoo sabaatti baay'ee dhihoo akka



ta'e mul'ata. Harkki Waaqayyoo inni gaariin taateewwan raawwataman hundumaa keessatti hojjachaa akka jiru ragaan ni mul'ata.

Akka macaafa seenaatti, dubbistichi Ruut macaafota seenaa Caaffatoota keessatti argaman biroo waliin ni eeggata. Kana jechuun, Ruut Daani'el, Esteer, Izraa-Nahimiyaa fi Seenaa Moototaa waliin kaa'amuun isaa waan uumamaati. Haa ta'u malee, Ruut macaafota seenaa Caaffatoota keessatti argaman biroo waliin hin kaa'amne. Dhugumatti, macaafonni walaloo Caaffatoota keessatti argaman hundinuu (Faarfannaa, Iyyoob, Mammaaksa, Lallabaa, Weedduu Weedduu Caalu fi Faaruu Ermiyaas) Ruut fi macaafota seenaa biroo gidduutti argamu. Ruut seenaawwan Caaffatoota keessatti argaman biroo irraa addaan baafamee kaa'ameera. Sababni isaas, qopheessitootni tartiiba macaafota qulqulluu dhumaa qopheessan Ruut seensa mudaa hin qabne macaafota Caaffatootaa warra kaaniif ni ta'a jedhanii waan yaadaniif fakkaata.

Ergaawwan ijoo Caaffatoota keessa jiran keessaa inni tokko amanamummaa fakkaata. Caaffatoonni amanamummaa Waaqayyo abdiwwan kakuu isaatiif qabu irratti xiyyeeffannoo guddaa kennu. Caaffatoonni amanamummaa Waaqayyo saba isaa warra dhiphachaa jiran eeguuf qabu ni addeessu. Akkasumas, Caaffatoonni amanamummaa saba Waaqayyoo, utuma dhiphachaa fi oolchi guutuu fi inni dhumaa hanga dhufullee amantii isaanii Waaqayyo irratti gadi dhaaban irratti xiyyeeffatu. Dhumarrattis, Caaffatoonni amanamummaa Waaqayyo yeroo sirrii ta'etti saba isaa warra amanamoo dhiphina keessaa baasee gara iddoo boqonnaatti fiduu isaa ni addeessu. Seenaan macaafa Ruut keessa jiru hunduma kana irratti xiyyeeffata. Seenaan Ruut amanamummaa Waaqayyoo fi amanamummaa saba isaa warra dhiphachaa jiran, kan macaafota Caaffatootaa warra kaan keessatti mul'atuuf, dubbisticha mudaa malee qopheessa.

Macaafni Ruut karaa nama jajjabeessuun hin jalqabu. Dhugumatti, Ruut 1:1-5 akka waan macaafa Abbootii Firdii keessatti argamuutti fakkaata. Israa'el keessa



Faarfannaa 8 keessatti “ilmi namaa” eenyu? Lallabaan sun inni Kiristoos ta’uu isaa labsuu qaba. Kun Kakuu Haaraa keessatti ifatti barsiifameera. Garuu karaan faarfannaa kana itti dubbisan kana qofa miti. Lallabaan sun “ilmi namaa” sun saba Waaqayyoos ta’uu isaa beekuu fi lallabuu qaba! Miseensonni waldaa kana arguun isaanii baay’ee barbaachisaa dha. Kunis miseensota waldaa uumama cufa




Waaqayyoo keessatti gahee dhimma qabu qabaachuu isaanii yaadachisa! Bifa lamaan faarfannaa kanaa Ibroota 2:1-13 keessatti argamuun ni danda'ama.

Lallabaan sun dhugaa Kiristoos Faarfannaa 23 keessatti dubbachaa jiru irratti xiyyeeffachuu danda'a. Garuu lallabaan sun dhugaa Faarfannaan 23 waa'ee warra "Kiristoos keessa" jiraniiti irratti xiyyeeffachuu danda'a. Faarfannoonni maaliif bifa kanaan barreeffaman? Maaliif Kiristoos irrattis ta'e yeroo tokkotti saba Kiristoos irratti xiyyeeffatu? Gaaffii kanaaf deebii hedduutu jira.

Kiristoos irratti xiyyeeffachuudhaan, faarfannoonni amanoonni jireenyaa fi du'a Kiristoos akka yaadatan taasisu. Isaan dhiphina isaa akka "miira" keenyaatti akka dhageenyu nu dandeessisu. Waa'ee namummaa isaas nu yaadachisu. Yeroo ari'atamu akkamitti akka kadhate ni argina. Waa'ee qajeelummaa isaas ni yaadatamna. Kiristoos irratti xiyyeeffachuudhaan, amanoonni "fakkeenya" mudaa hin qabne kan hordofamu argatu. Kana malees, Kiristoos irratti xiyyeeffachuudhaan, faarfannoonni kun dhugaa Waaqayyo isa oolcheen akka gammadnu nu dandeessisu. Nuyi seenaa fayyina keenyaa dhaga'aa jirra! Faarfannoota bifa kanaan dubbisuun hordoftoonni Waaqayyoo har'aa Kiristoos irratti akka xiyyeeffatanii fi gocha isaa fi ija qabeessummaa isaa akka kabajan gargaara.

Akkasumas, yeroo tokkotti warra Kiristoos keessa jiran irratti xiyyeeffachuudhaan, faarfannoonni akka nuyi dhiphannu nu yaadachisaa jiru. Kadhachuu akka qabnu nu yaadachisu. Al-tokko tokko shakkii akka nu mudatu, nuyi ammoo shakkii sana loollee amantiidhaan gara Waaqayyootti deebi'uu akka qabnu nu yaadachisaa jiru. Fayyina keenyaaf gara Waaqayyootti akka ilaallu nu yaadachisu.





16. Iyoob saba Waaqayyoo ogummaa waa'ee Waaqayyoo fi ogummaa isaa barsiise (Job teaches God's people wisdom about God and his wisdom).

Macaafonni Kakuu Moofaa keessa jiran hundi kan ogummaan guutamaniif fi ogeessa nama gochuun fayyina isa karaa Kiristoos Yesuusitti amanuun argamu argachuuf kan nama dandeessisan yoo ta'anillee (**2Xim.3:15** ilaalaa), Kakuu Moofaa keessa garuu macaafonni ogummaa waliin hariiroo addaa qaban shantu jiru. Macaafonni “ogummaa” kunis, Faarfannaa, Iyoob, Fakkeenya, Lallabaa fi Weedduu Weedduu Caaludha. Macaafonni kun shanan kuusaa Caaffatootaa keessatti bakka tokkotti walitti qabamaniif argamu. Tokkoon tokkoo macaafota kanaa waa'ee ogummaa jireenya bara kanaaf ta'uu dubbistoota barsiisu. Tokkoon tokkoo isaanii kallattii ilaalchaa garaagaraatiin waa'ee ogummaa barsiisu.

Ogummaawwan macaafota ogummaa kana shanan keessatti barsiifaman kennaa ayyaanaa Waaqayyoo biraa kennamanidha. Macaafonni ogummaa Faarfannaa, Iyoob, Fakkeenya, Lallabaa fi Weedduu Weedduu Caaluu “mala ayyaanaa” ittiin Waaqayyos aba isaa gargaarudha. Macaafonni kunniin bara gidiraa fi hamminaa kana keessatti sabni Waaqayyoo akka ta'utti fuula Waaqayyoo akka jiraataniif saba Waaqayyoof ogummaa kennu.

Macaafonni ogummaa kun shananuu wanta addatti sabni Waaqayyoo jireenya bara ammaa kana akka ta'utti jiraataniif karaa adda ta'e wayiitiin isaan gargaaruu danda'u irratti xiyyeeffatu. Ogummaan macaafa Iyoob keessatti barsiifame maali? Barreessaan Macaafa Iyoob nuyi dubbistoota isaatti ogummaan akkamii akka barsiifame waan nutti hime akka hin qabne beekuun barbaachisaadha. Karaa biraatiin, barreessichi wantoota akka “Ogummaan Iyoob keessaa baratamu sabni Waaqayyoo



karaa adda ta'een waa'ee Waaqayyoo yaaduu qaba" hin jenne. Ogummichi maal akka ta'e saba sanatti himuu caalaa, ogummichi maal akka ta'e dubbistootatti **agarsiise**.

Barreessichi ogummaa dhugaa lyoob keessatti barsiifaman dubbistoota isaatti **agarsiisuudhan** dubbistootni isaa dubbiiwwan namoonni garaagaraa Waa'ee Waaqayyoo fi hojiiwwan isaa ilaalchisanii dubbatan akka "dhaggeeffatan" taasisa. Dubbistootni dubbiiwwan hiriyoanni lyoob sadan waa'ee Waaqayyoo fi hojiiwwan isaa dubbatan dhaggeeffatu. Duubistootni dubbii haati manaa lyoob waa'ee Waaqayyoo fi hojii isaa dubbatte dhaggeeffatu. Akkasumas dubbistootni dubbii dargaggeessi Elihuu jedhamu waa'ee Waaqayyoo fi hojiiwwan isaa dubbate dhaggeeffatu. Waliin dubbiiwwan kana hundumaa keessatti, namoonni waa'ee Waaqayyoo fi hojiiwwan hojjete hundumaa maaliif akka hojjete dubbatu. Jarreen kun lyoob maal gochuu akka qabus isatti himaa turani.

Garuu, Waaqayyoo inni hunduu waa'ee isaa dubbatu ni callise. Dubbistootni lyoob 1 fi 2 keessatti sagalee Waaqayyoo "dhaggeeffatu". Boqonnaawwan warri jalqabaa kun lamaan akka dubbistootni jarreen macaafa lyoob keessatti dubbatan kun hanqina beekumsa akka qaban beekan taasisa. Salphumatti jarreen kun taateewwan ta'an sun maaliif akka ta'an hin beekan. Waaqayyoo garuu beeka. Haa ta'u malee, Waaqayyoo lyoob 3-37 keessatti ni callise. Macaafichi wanta Waaqayyoo yeroo sanatti hojjechaa jiru ykn yaadaa jiru irratti hin xiyyeeffanne. Qooda kanaa, dubbistootni wanta namoonni biroon waa'ee Waaqayyoo fi wantoota lyoob hojjechuu qaba jedhanii yaadanii "dhaggeeffatu". Hiriyoanni lyoob wantoota dhugaa ta'an baay'ee kan dubbatan yoo ta'ellee, beekumsa guutuu hin taane irraa fuudhanii dubbatan. Isaan Waaqayyoo waan hin taaneef wanta hundumaas beekuu hin danda'an. Tokkoon isaaniillee maaliif Waaqayyoo lyoobiin dhiphinatti akka dabarsee kenne hin beekan. Kanaafuu, ogummaa namaa lyoob 3-37 keessatti argama. Kun immoo yeroo tokko tokko gargaaruu ni danda'a garuummoo yeroo hunda guutuu miti. Namoonni wanta Waaqayyoo beeku waliin waan wal fakkaatu hin beekani. Akeeka isaa namoota jalaa dhoksuu yoo barbaade, wanti sun maaliif akka ta'e tasuma beekuu hin danda'an.



Dhuma irratti, erga dubbiiwwan baay'ee namoota garaagaraa biraa (bifa walalootiin) dubbatameen booda, Waaqayyo isatti dubbate (Iyoob 38-41 ilaali). Garuu dubbiiwwan Waaqayyoo Iyoob 38-41 irratti caafaman kan nama ajaa'ibsiisanidha. Gaaffiiwwan Iyoob waa'ee Waaqayyoo ilaalchisee qabu kamiif iyyuu deebii hin kennine. Qooda kanaa garuu, Iyoobiin gaaffii gaafachuudhaan jalqabe!

*Yommu Waaqayyo bubbee sana keessaa Iyoobitti dubbatee,
"Inni dubbii beekumsa malee dubbatamuun, akeeki koo akka
hin mul'anne godhu kun eenyu? Ati ka'ii, mudhii kee hidhadhuu
qophaa'!*

Ani sin gaafadha; ati immoo anaaf deebisi!

"Yommuu ani hundee lafaa kaa'e, ati eessa turte?

Hubannaa isaa yoo qabaatte anatti himi" Iyoob 38:1-4

Lakkoofsa kana keessatti Iyoob maaliif dhiphachaa akka jiru Waaqayyo hin ibsine. Dhugumayyoo macaafuma Iyoob keessattillee Iyoo maaliif dhiphachaa akka jiru wanti Iyoobitti himame hin jiru. Waaqayyo guddummaa isaa fi dhugummaa jaalala Iyoob Waaqayyoof qabuu agarsiisuudhaaf akka seexanni isa qortuuf akka eeyyame tasuma isatti hin himne. Dubbistootni maaliif akka kun ta'e ni beeku garuu odeeffannoon kun Iyoobitti himamee hin turre. Battala sanatti odeeffannoo kana beekuun Iyoobiif barbaachisaa ta'uu isaa hin yaadne. Akka nama Waaqayyootti jireenya biyya kanaa jiraachuuf odeeffannoon kun isa hin barbaachisu ture.

Odeeffannoon waa'ee dhiphachuu isaa Iyoobiif hin barbaachisu erga ta'ee, Iyoob maal barbaadaree? Inni kan barbaadu odeeffannoowwan waa'ee guddummaa Waaqayyoo, ogummaa Waaqayyoo, dandeettii waa uumuu Waaqayyoo fi to'annoo Waaqayyo uumama hundumaa irratti qabuuti. Akkasumas immoo waa'ee dadhabbii dhuunfaa isaa, aangoo kan hin qabne ta'uu isaa fi beekumsa kan hin qabne ta'uu isaa of beekuutu isa barbaachisa. Waaqayyoo waa'ee Iyoobiin waan hundumaa beeka. Gadi



fageenyaan isa beeka (**Far. 139:1-4** ilalaa), haa ta’u malee, lyoob immoo waa’ee Waaqayyoo akka hin beekne barachuutu isarra ture. Waaqayyo daangaa malee lyoobiin olidha. Lyoob karuma Waaqayyoo lyoob 38-41 keessatti barsiifameera.

lyoob akkuma Waaqayyoon dhaga’uu jalqabeen, ogummaa argate. lyoob barumsa argate kanas **lyoob 42:2-6** irratti guduunfee kaa’e. Kun ogummaa lyoob muuxannoo jireenya isaa irraa baratedha. Barumsa barates haala armaan gadiitiin guduunfe:

***“Ati waan hundumaa gochuu akka dandeessu nan beeka,
akeeka kees karaatti kan hambisu hin jiru.***

Ati, 'Inni dubbii beekumsa malee dubbatamuun, akeeki koo akka hin mul'anne godhu kun eenyu?' jetteetta'

ani waanan hin hubatin dubbadheera,

dubbichi anaaf baay'ee dinqisiisaa waan ta'eefis, ani isa hin beekne.

'Ammas dhaggeeffadhu, ani nan dubbadha;

ani sin gaafadha, atis anaaf deebisi!' jetteetta.'

Ani waa'ee kee dur gurraan dhaga'eera,

amma garuu ati anatti mul'atteetta;

Kanaafis ani of tuffadhee,

awwaaraa fi daaraa keessa taa'ee, yaada garaa koo nan geddaradha.”

lyoob yeroo Waaqayyo waliin of madaalu “beekumsa homaa kan hin qabne” ta’uu isaa barate. Waaqayyo waan hundumaa gochuu akka danda’u, akeeka isaas karaatti hambisuu kan danda’u akka hin jirre barate. lyoob Waaqayyo biratti namaa waan tokkotti illaa hin galle ta’uusaa barate.

Ogummaan waa’ee Waaqayyoo fi guddu/mmaa isaa macaafa lyoob keessa jiru akkamiin namoota amma jiran irratti hojiirra oola? Macaafni lyoob akka namoonni amantii amma jiranis akkuma lyoob isaanis immoo Waaqayyo irraa adda ta’uu isaanii



beekan godha. Sabni Waaqayyoo, akkuma Iyoob, Waaqayyo hundumaa kan beekuu fi hunduma gararraa akka ta'e beekuu qabu. Kiristaanonni "ogummaa" Iyoobiin beekuu fi itti gammaduutu isaanirra jira. Kiristaanni yeroowwan wantootni garaagaraa isa irratti ta'an, maaltu akka ta'aa jiruu fi maaliif akka ta'aa jiru hin beekne akka jiran beekuu qaba. Wantootni Waaqayyo saba isaatti himuu hin barbaanne ni jiru. Kun seenaa Iyoob keesstis dhugaa jirudha. Maaliif Waaqayyo gidiraatti dabarsee akka isa kenne hin beeku ture. Waaqayyo Sababa addaatiif dhiphinatti dabarsee isa kenne (sababichis Iyoob 1 fi 2 keessatti dubbistootaaf ibsameera), haa ta'u malee, maaliif kana hojjechaa akka jiru immoo Iyoobiif ibsuu hin barbaanne. Kanaafuu, qama ogummaa keessaa tokko wantootni nuyi waa'ee Waaqayyoo fi hojii isaa hin beekne akka jiran beekuudha. Beekumsa kana keessa "boqochuu" danda'uu qabna.

Museen haala armaan gadiitiin "waa'ee dhoksaawwan" Waaqayyoo dubbate:

"Wanti dhoksaan kan Waaqayyo gooftaa keenyaa ti, wanti mul'ifame immoo nuyi dubbii seera isaa hundumaa akka eegnuuf bara baraan kan keenyaa fi kan ijoollee keenyaa ti." **Keessa Deebii 29:29**

Akka Kiristaana bara kanaatti, jireenya keenya keessa wantootni nuyi hubachuu hin dandeenye jiraachuu ykn nu mudachuu akka danda'an beekuu qabna. Yeroowwan akkasiitti, ogummaa Iyoobiin yaadachuu qabna.

*"Ati waan hundumaa gochuu akka dandeessu nan beeka,
akeeka kees karaatti kan hambisu hin jiru.*

Ati, 'Inni dubbii beekumsa malee dubbatamuun, akeeki koo akka hin mul'anne godhu kun eenyu?' jetteetta'

ani waanan hin hubatin dubbadheera,

dubbichi anaaf baay'ee dinqisiisaa waan ta'eefis, ani isa hin beekne.

'Ammas dhaggeeffadhu, ani nan dubbadha;



ani sin gaafadha, atis anaaf deebisi!' jetteetta.'

Ani waa'ee kee dur gurraan dhaga'eera,

amma garuu ati anatti mul'atteetta;

Kanaafis ani of tuffadhee,

awwaraa fi daaraa keessa taa'ee, yaada garaa koo nan geddaradha.”

Barsiisa ogummaa Iyoob keessa jiru irratti dabalataan, karaawwan ittiin macaafa Iyoob kiristaanonni hojiirra oolchuu danda'anii fi hojiirra oolchuu qaban kan biroonis ni jiru.

1. Macaafa kana waa'ee dhiphachuu fi birmaduu ba'uu Yesuusiin amantoota Yaadachiisuuf fayyadamuu qabna. Waa'ee dhiphachuu, du'uu fi du'aa ka'uu Kiristoos yaaduun gara Yesuusiin jajachuu fi kabajuutti nu geessuu qaba. Iyoob haala ifa ta'een **bifa** kiristoos qaba. Akka fakkeenya mootii fakkaatu tokkootti dhiyaate. Akka bifa lubummaattis dhiyaateera. Inni nama qajeelaa, akka lubaatti, guyyaa guyyaadhaan iyoollee isaatiif aarsaa cubbuu dhiyeessudha. Iyoob ni dhiphate, garuummoo kaninni dhiphateef sababii cubbuu isaatiif akka hin taanee beekuun baay'ee barbaachisaadha. Kan inni dhiphachaa jiru sababii Waaqayyo akeeka mataa isaatiif jecha dhiphinatti dabarsee isa kenneefidha. Waaqayyo akka inni qormaata sana darbu waan beekuuf Iyoobiif dabarsee dhiphinatti kenne. Waaqayyo dhiphina keessaa isa baasee, qabeenya inni duraab qabu caalaa isaaf kenne. Erga bilisa ba'een booddee, Iyoob akka lubaatti tajaajile. Hiriyoota isaatiifis akka isaan jiraataniif araara ni kadhate. Otoo Iyoob sana hin goone ta'ee isaan du'uu malu ture. Karaa kana hundumaatiin, Iyoob Kiristoos fakkaata. Jireenyi isaa “gaaddidduu” xiqqoo jireenya Kiristoosi. Iyoob akkaataa kamiin Kiristoos akka fakkaatu xiinxaluun bu'aa guddaa qaba. Lallabdoonni macaafa Iyoob keessaa wangeela dhugaa lallabuu danda'u.

2. Sababii kiristaanonni “kiristoos keessa jiraniif”, Iyoob, “bifa” amantootaas qaba. Kiristaanonni sababii Kiristoosiin qajeelota yoo ta'aniyyuu, harka seexanaatiin biyya lafaa




kana keessatti ni dhiphatu. Kiristaanonni dhiphina kana keessatti hamma dhumaatti dhaabachuu qabu. Cimanii dhaabachuu isaanii kanaaf immoo, akkuma Iyob, isaaniis badhaasa guddaa ni argatu. Kiristaanonni, akkuma Iyob, “moototaa fi luboota” (**Mul’ata 1:6** ilaalaa). kanaafuu, Iyob akka amanaa tokkooti. Kanaafuu, jireenyi Iyob amantootaaf fakkeenya gaarii isaan duukaa bu’uu danda’an kenna (**Yaaqob 5:11** ilaalaa). Inni yeroo dhiphina keessa jiruttillee “bakkaa hin sochoone”. Amantootnis gidiraa keessatti cimanii dhaabachuu isa akka kan Iyob kana duukaa bu’uu qabu.

3. Hiriyoanni Iyob sadanii fi haati manaa Iyob, fakkeenya tasuma duukaa bu’amuu hin qabne amantootaaf kennanii darban! Waa’ee Waaqayyoo akkaataa ittiin dubbannuu fi akka ittiin namoota jajjabeessinu irratti of eeggannoo gochuu qabna. Jechoonni, addumatti immoo waa’ee Waaqayyoo irratti dubbannu sirrii ta’uu isaa mirkaneeffachuu qabna (**Iyob 42:7** ilaalaa). Namoota gara ogummaa “sobaatti” oofuu hin qabnu.

4. Seexanni humna qabdi. Kun immoo Iyob keessatti ifatti mul’ateera. Haa ta’u malee, macaafni Iyob kun akka Seexanno aaboo Waaqayyoo jala taatee fi yoo Waaqayyoo eeyyame malee homaa gochuu hin dandeenye ibsuun kiristaanota jajjabeessa. Waaqayyoo mootii fi Waaqa jaalalaa waan ta’eef, kun immoo qulqullootaaf jajjabina guddaa kennuu qaba.

5. Macaafni Iyobk un qulqulloota warra hanga dhumaatti dhaabataniif badhaasni guddaan akka jiru ni barsiisa. Warroota “mo’atan” qoftu dhaala isa qulqullootaaf abadachiifame sana fudhata (Mul’ata 2:7, 2:10-11, 2:17, 2:26, 3:5-6, 3:12-13, fi 3:21-22 ilaalaa).





17. Fakkeenyonni ogummaa ittiin sabni Waaqayyoo “karaa” dogoggoraa dhiisanii fi “karaa” sirrii irra jiraatan barsiisu.

Macaafa Kakuu Moofaa keessa jiran hundi ogummaadhaan kan guutamanii fi “fayyina amantii isa karaa Kiristoos Yesuusiin argamutti ogeessa isin gochuu kan danda’an” yoo ta’anillee (**2 Ximotewos 3:15** ilaalaa), addumaan macaafota shan Kakuu Moofaa keessatti argamantu ogummaadhaan walitti hidhamiinsa qabu. Macaafonni “ogummaa” shananis, macaafa Faarfannaa, Iyoob, Fakkeenya, Lallabaa fi Weedduu Weedduu Caaludha. Macaafonni kun hundi caaffatoota keessatti walitti qabamanii argamu. Macaafonni kun tokkoon tokkoon isaanii ogummaa saba Waaqayyoo barbaachisu irratti gama adda addaatiin xiyyeeffatu.

Ogummaan macaafota ogummaa kana shanan keessatti barsiifaman kennaa ayyaanaa Waaqayyoo biraa kennamanidha. Macaafonni ogummaa Macaafa Faarfannaa, Iyoob, Fakkeenya, Lallabaa fi Weedduu Weedduu Caaluu “bifa ittiin Waaqayyoo ayyaana isaa agarsiisuun” bara ammaa bara gidiraa fi hammeenya kana keessa akka sabni isaa qulqullummaan jiraatuu fi bu’aa qabeessa ta’u ittiin gargaarudha.

Macaafa ogummaa isa lammaffaa (Iyoob) fi macaafa Ogummaa isa sadaffaa (Fakkeenya) gidduu garaagarummaa guddaatu jira. Akkuma duraan argitanii ture, barreessaan Iyoob waa’ee ogummaa macaaficha keessatti caafamee dubbistoota isaatti hin **himne**. Qooda kanaa garuu, barreessichi ogummaa barsiifame dubbistootatti **agarsiise**. Kana immoo karaa walaloowwan baay’ee agarsiise. Dubbistootni walaloowwan sanaa fi jechoota Iyoob warra gara dhumaa dubbisuun ogummaa Iyoob keessatti barsiifame adda baafachuu qabu.

Haa ta’u malee, barreessaan macaafa Fakkeenya immoo ogummaa barsiifame sana dubbistootatti hima. Jalqabuma macaafichaa irratti, barreessichi ifaaf ifatti macaafichi warra isa dubbisaniif ogummaa barsiisuuf kaayyeffatee akka caafame ibsa..

Fakkeenyonni Solomoon ilma Daawit, mootii Israa'el kanatti aananii jiru. Isaaiis Suura 17/25
namoonni:

*ittiin ogummaa fi barsiisa akka argataniif,
dubbii beekumsa of keessaa qabus
akka hubataniif in gargaaru;
akkasumas qalbifachuudhaan,
qajeelummaa fi wanta seeraan eegame,
wanta dhugaa ta'es akka argataniif,
wallaalonni mala, ijoollonnis beekumsaa fi dubbii gargar baasuu
akka qabaataniif kennaman.
Namni ogeessi in dhaggeeffata, barumsas in dabalata,
namni dubbii gargar baasuu beekus mala in argata.
Dubbii fakkeenyaan dubbatamu, haasaa sookaa,
wanta ogeeyyiin dubbataniif hibboo in hubata. **Fakkeenya 1:1-6***

Erga lakkoofsonni warri jalqabaa kun ja'an waa'ee kaayyoo macaafichaa ibsaniin booda, barreessichi ogummaa barsiisuu jalqaba. "Yaahiwwee sodaachuu" jalqaba beekumsaa/ogummaa akka ta'e labsuudhaan jalqaba.

*Waaqayyoon sodaachuun jalqaba ogummaa ti;
gowwoonni garuu ogummaa fi barsiisa in tuffatu. **Fakkeenya 1:7***

Dubbii waa'ee Yaahiwwee sodaachuu kana jalqabarra kaa'uun, barreessichi ogummaa argachuudhaaf seerota ogummaa cimani barachuun seerota sanaan jiraachuuf yaaluun nama dhugumaan ogeessa nama taasisuu akka hin dandeenye agarsiisaa jira. Namni ogeessi Waaqayyoon sodaata. Sun bakka ogummaan hundinuu irraa jalqabudha.

Yaahiwwee sodaachuu jechuun, namni ogeessi Waaqayyo eenyu akka ta'e ni beeka, waa'ee Waaqayyoo ni yaada, Waaqayyoon ni jaalata, Waaqayyoon ni amanita, akkasumas wanta Waaqayyo jedhu ni hojjeta jechuudha. Namni Waaqayyoon hin sodaatu yoo ta'e immoo, namni sun tasumaa ogeessa jedhamuu hin danda'u.

Jalqaba macaafa fakkeenyaa irratti sodaan Yaahiwwee xiyyeeffannoon dubbatamee qofa bira darbame miti. Sodaan Yahiwwee Macaafa Fakkeenya **1:29, 3:7, 8:13, 9:10, 10:27, 14:26-27, 15:16, 15:33, 16:6, 19:23, 22:4, 23:17**, fi **29:25** irrattis dubbatameera. Kun irra deebiin dubbiin ogummaa macaafa fakkeenya keessa jiru kun warra Waaqayyoon amanataniif ta'uu nuuf mirkaneessa.

Qaamni “ijoon” macaafa fakkeenya gorsa/abboommii abbaa fi haadha irraa ilma isaaniif kennameen eegala.

*Yaa ilma ko, gorsa abbaa keetii dhaga'i,
barsiisa haadha keetiis hin tuffatin,
Isaan mataa keetiif akka daraaraa battee dha'amee ti,
morma keetiifis mi'a miidhaginaa ati dirattuu dha. Proverbs 1:8-9*

Salamoon barreessaa irra caalaa macaafa fakkeenyaati. Kanaafuu, kun dubbii mootiin ykn haati manaa mootii ilma mootummaa isaanii mana mootummaa isaanii keessatti guddachaa jiruuf dubbatanidha. Kun yaadrimee ijoo dubbistootni yaadatti qabachuu qabanidha. Macaafni kun karaa sirrii “ilmaan mootii” ittiin jiraachuu qaban lafa kaa'a. Xiyyeeffannoon barsiisa ilma mootiif kenname kun irra deebiin xumura macaafa fakkeenya irratti mul'ateera. Boqonnaa isa dhumaa irratti, gorsi kun gorsa maatii warra mootii irraa ijoollee warra mana mootiitiif kenname ta'uu isaaf ragaan dabalataa jira. **Fakkeenya 31:1-9** waan akka “jehamaa” kan mootiin Lemu'el jedhamu haadha isaatiin gorfame galmeesseera.

yaa ilma ko, yaa dhala dhabaa, yaa ilma ani wareegaan godhadhee!

Maaluma sitti himu ree? Fakkeenya 31:2

Haati Lemu'el ilma ishii isa ilma mana mootummaa ta'etti akka inni waa'ee wantoota dalaguu yaadu gorsiti. Gochi murteessaa akka ta'e isa yaadachiifti. Inni mootiidha.

Moototaaf hin ta'u! Yaa Lemu'el,

mootonni daadhii waynii dhuguutti of gad dhiisuun hin ta'u!

Gurguddoonni biyyaas dhugaatii nama macheessu hawwuun gaarii miti.

Isaan yoo dhugan, wanta seerri jedhu in irraanfatu;

*firdii ijoollee hiyyeessaas in jal'isu. **Fakkeenya 31:4-5***

Haati Lemu'el itti fufuudhaan akka Lemu'el akka mootii tokkootti hojiiwwan murteessuu inni fiixaan baasuun isarra jiru isa yaadachiifti.

Ati warra ofii isaaniitiif dubbachuu hin dandeenyeef dubbadhu,

Warra abbaan irra hin jirreefis dhugaa isaanii eegiif!

Isaaniif dubbadhu, firdii qajeelaas isaaniif kenni!

Warra hiyyeessotaa fi warra wanta barbaachisaa dhabaniif falmi!

Fakkeenya 31:8-9

Duukaa buutotni Kiristoos bara kanaas, sababii isaan “kiristoos kessaa” jiraniif, isaan dhugumaan ijoollee dhiiraa fi dubaraa mana mootummaa ta’uu isaanii yaadachuutu isaanirra jira (**1 Phexiros 2:5** fi **Mul’ata 1:6** ilaalaa). Maqaadhaan dhiirota ykn dubartoota jedhamanii waamamuu danda’u garuu, inni dhugaan maqaa mana mootummaa “ilmaan Waaqayyoo” jedhudha.

Warri hafuura Waaqayyootiin geggeeffaman hundinuu ilmaan Waaqayyoo ti.

Rom. 8:14

Kanaafuu, ogummaan macaafa Fakkeenya keessatti kenname “ilmaan mana mootummaatiif” kaayyoo mana mootummichaatiifidha jechuudha. Haaluma wal fakkaatuun ilmi Salamoonis dubbii abbaa isaa fi haadha isaa dhaga’uun isa barbaachisa, mootiin Lemu’elis dubbii/gorsa haadha isaa dhaga’uutu isa barbaachisa, kanaafis immoo amantootnis dubbii/gorsa macaafa fakkeenya keessatti caafame kan abbaa isa waaqarraa dhaga’uutu isaan barbaachisa.

Macaafa fakkeenya keessa matadureewwan xiyyeeffannoo argatan baay’tu jiru. Kanneen armaan gadiitti tarreeffaman kun dhimmoota muraasa fakeena keessatti xiyyeeffannoo argatanidha:

- Hariiroo namni maallaqa waliin qabu
- gaa’ila
- dhugaa walitti dubbachuu
- qulqullummaa saala faallaa
- aarii
- of to’achuu
- dhibaa’ummaa
- barbaachisummaa cimani hojjechuu
- bu’aa hammeenya of irraa fageessuu
- barbaachisummaa hiriya ogeessa ta’e filachuu


Isaan kunii fi mata-dureewwan biroon baay’een Fakkeenya keessatti xiyyeeffannoo argataniiru. Kiristaanni ogeessi gorsawwan kana dubbisee deemsa isaa ogummadhaan deeggaruuf akka meeshaatti itti fayyadamuu danda’a. Kiristaanni akka gowwaatti jiraachuu hin qabu.

“Karaawwan” garaagaraa lama macaafa fakkeenya keessatti dubbatameera. “Karaan qajeelotaa” fi “karaan jal’ootaa” ni jira. Kana jechuun “daandii” irra adeemamu jechuudha. Kun kallattii hafuuraa namni itti deemsaaf irra akeekudha. Macaafichis akka duukaa buutotni Waaqayyoo “daandii isa jal’inaa” dhiisanii “daandii isa qajeelinaa” irra adeeman gargaaruu kan kaayyeffatedha. Waaqayyoo hojii namaaf kan dhimmu ta’uusaa ragaaleen agarsiisan lakkoofsota baay’ee irratti waa’ee “karaa” dhiirotaa fi dubartootaa dubbachuu isaati. **Fakkeenya 1:15, 1:19, 1:31, 2:8, 2:12-15, 2:20, 3:6, 3:17, 3:23, 3:31, 4:11, 4:14, 4:19, 4:26, 5:6, 5:8, 5:21, 6:6, 6:23, 7:25, 7:27, 8:2, 8:13, 8:20, 8:32, 9:6, 9:15, 10:9, 10:29, 11:5, 11:20, 12:15, 12:26, 13:6, 13:15, 14:2, 14:8, 14:12, 14:14, 15:9-10, 15:19, 16:2, 16:7, 16:9, 16:17, 16:25, 16:29, 17:23, 19:2-3, 19:16, 20:24, 21:2, 21:8, 21:16, 21:29, 22:5-6, 22:25, 23:19, 23:26, 25:26, 28:6, 28:10, 28:18, 29:27, 30:19-20, 31:3, and 31:27 ilaalaa.**

Gorsawwan macaafa fakkeenya keessa jiran ilaalchisee barreessitootni baay'een jiraatanis, macaafni Fakkeenya garuu haala adda ta'een Salamoon waliin hidhata qaba. Kun immoo waanuma ta'uu qabudha, sababni isaas, Salamoon akka "ogeessa" namni akka isaa hin jirreetti ibsameera (**1 Mot. 3:12, 4:31, 5:7, fi 2 Sen. 2:12** ilaalaa). Salamoon "bifa" Kiristoosidha. Guddinni ogummaa isaa agarsiiftuu guddina ogummaa Kiristoos isa hunduma irra caaluuti. Kiristoos garuu haala Salamoon irraa adda ta'een tasumaa "daandii" isaa jijjiiree akka gowwaatti hin deddeebine. Yesuus ogummaawwan macaafa kana keessa jiran mudaa tokko malee eegeera. Inni ilma isa ogummaa isaatiin mudaa tokkollee hin qabnedha. Inni wantoota macaafa kana keessatti caafamanitti foon uffiseera. Kun immoo saba Waaqayyoo warra mootummaa mootii isaanii isa ogeessa jala jiraniif gammachuu guddaa kenna!

Macaafni Fakkeenya walaloo waa'ee "haadha manaa cimtuu" tiin xumurama (**Fak. 31:10-31** ilaalaa). Kun xumura macaaficha irra ta'uun isaa "badhaasni" ilma mootii isa ogummaadhaaf deddeebi'uuf kenname misirroo amala gaarii qabduu fi gatiin ishee jabeessa ta'e akka ta'uu danda'u waan akeeku fakkaata. Kun Kiristoos birattis dhugaadha. Inni nama ogeessa mudaa hin qabnedha. Bara jireenya isaa hundaa abboomamuudhaan deddeebi'e. "Daandiin" isaa yeroo hundumaa mudaa hin qabu. Kanaafuu, Yesuus "haadha manaa cimtuu" hadha manaa hundumaarra caaltu-Waldaa dhaan badhaafame ((**Efe. 5:22-33** ilaalaa)! Lallabaan ykn barsiisaan Yesuusiiin "ilama ogeessa" isa hundarra caalu ta'uu isaa hubate gatii guddaa qaba. Lallabaan ykn barsiisaan akkamitti waldaan akka "haadha manaa gatii jabeettii" ishee Fakkeenya 31 keessatti ibsamte ta'uu hubate gatii guddaa qaba.

Macaafni Fakkeenya macaafa duriiti. Haa ta'u malee, Kiristaanonni akka macaafni kun qulqulloota Kakuu Moofaaf barreeffame qofaatti ilaaluu hin qaban. Macaafni Fakkeenya kiristaanota bara kanaafis gatii guddaa qaba. Kakuun haaraa akka Kiristaanonni Waaqayyo biraa Ogummaa barbaaddatan waamicha dhiyeessa (**Qol. 1:9** fi **Yaq. 1:5**). Kiristaanonni "ogeessota ta'uu" akka qaban abbomamaniiru(**Efe. 5:15-17** fi **Qol. 4:5** ilaalaa). Macaafni fakkeenya immoo karaa ittiin Waaqayyo akka sabni isaa ogummaa keessa deddeebi'u gargaaru keessaa tokkodha.



18. Macaafni Lallabaa lallaba waa'ee jireenya bara ammaa kanatti lafa kana irra jiraatamuuti.

Macaafonni Kakuu Moofaa keessa jiran hundumtuu kan ogummaan guutamanii fi “fayyina karaa Yesuus Kiristoositti amanuun argamu argachuuf ogeessa si gochuu kan danda’an” ta’anis (**2 Xim. 3:15** ilaalaa), macaafonni haala adda ta’een ogummaa waliin hidhata qaban muraasatu Kakuu Moofaa keessa jiru. Macaafonni ogummaa shanan kunis, Macaafa Faarfannaa, Iyoob, Fakkeenya, Lallabaa fi Weedduu Weedduu Caaludha. Macaafonni kun shanan caaffatoota keessatti bakka tokkotti argamu. Tokkoon tokkoo macaafota kanaa dubbistoota isaanii ogummaa bara ammaa kanaaf isaan barbaachisu kallattii gargaagaraatiin barsiisu.

Ogummaan macaafota ogummaa kana shanan keessatti barsiifaman kennaa ayyaanaa Waaqayyo biraa kennamanidha. Macaafonni ogummaa macaafni Faarfannaa, Iyoob, Fakkeenya, Lallabaa fi Weedduu Weedduu Caaluu “karaa ayyaanaa” ittiin Waaqayyo akka sabni isaa qulqulluummaan jiraatuu fi bara rakkinnaa fi hamaa kana keessa ittiin jiraatuuf ittiin gargaarudha.

Macaafota ogummaa shanan jidduu garaagarummaa guddaatu jira. Macaafni lallabaa macaafota kan biroo irraa addadha, sabani isaas, macaafni lallabaa lallaba dheeraa lallabaa sanaan dhimma adda ta’e tokko irratti lallabamedha.

Maqaan Lallaba jedhus ergaa macaafichaa bu’uura godhachuunidha. Mata dureen kunis akka dubbistoonni akkaataa ittiin lallaba dubbisuu qaban akka hubataniifidha. Yeroo macaafa lallabaa dubbisan akka nama lallaba dhaggeeffatuutti dubbisuu qabu. Macaafni lallabaa dhimma jireenya bara ammaa kana lafa irra jiraatamu irratti lallaba dhiyaatedha. Lallabaan sunis muuxannoo dhuunfaa isaatti fayyadamuudhaan guutummaa lallaba isaa lallabe. Lallabaan sun macaaficha keessatti maqaan isaa dhahamuu baatus, garuummoo lallabaan sun Salamoon akka ta’e nama hin shakkisiisu.

Akkuma lallabaan tokko mata duree ijoo tokko qabaachuun irra jiru, lallabaan macaafa Lallabaa kunis mata duree ijoo tokko qaba. Mata duree lallabaa sanaa yeroo jalqabaatiif **Lallaba 1:2** irratti beeksifame (dabalataan **12:8** ilaalaa):

*Lallabichi, "Wanti hundinuu kan waa'ee hin baafnee dha,
waa'ee hin baasu! Dhuguma waa'ee hin baasu!" jedhe. Lallaba 1:2*

Mata dureen lallabichaa “waa’ee baasuu dhabuu” jireenyaa ti. Waa’ee baasuu dhabuun kun bitaa kan namatti gale, hiika kan hin qabne, akkasumaan kan nama dadhabsiisu, fi kan namatti gabaabbate ta’uu agarsiisuuf fakkaata. Lallabaan sun waa’ee jireenya isa Waaqayyoo too cubbuun gara biyya lafaa hin seeniin karoorsee ture sanaa dubbachaa jira miti. Inni waa’ee jireenya isa addunyaa abaaramaa kana keessa “aduu jala” jiruu dubbachaa jira.”

Jechi “kan waa’ee hin baasne jedhu” kun hiikkaa afaan Ibiruutiin akka “hurkaa” ykn “hafuuraa” jechuudha. “Hurki” fi “hafuurri” jireenya biyya lafaa kanaa ibsuudhaaf filatamaadha. Akkuma yaa’insa aaraa isa harkaan qabatamuu hin dandeenyee, hamma barbaade cimaa, ogeessa, dandeettii ykn soorummaa qabaatus jireenyis eenyumaanuu to’atamuu hin danda’u. Akkuma yaa’insa aaraa, wantootni biyya lafaa kana irra jiran yeroo muraasaaf turanii isaan booddee ni badu. Wanti biyya lafaa kanaa wanti dhaabbatee hafu hin jiru. Wanti hundumtuu, gaariis ta’u badaan, yeroo booda ni dhabama, isaan booddees deebi’ee carraan yaadatamuu qabaachuu dhiisuu mala.

Afaan Ibiruutiin, jechi “waa’ee hin baasu” jedhamee hiikame maqaa ilma Addaam isa lammaffaa “Abeel” waliin tokkodha. Kana jechuun dubbisni afaan Ibiruu inni jalqabaa waa’ee “waan waa’ee hin baafnee” isa macaafa lallabaa keessa jiruu dubbatu jireenya Abeeliin kan yaadachiisudha. Gabaabbachuun jireenya Abeel, waa’ee baasuu dhabuu jireenya bara isa ammaa kanaa kan agarsiisudha. Jireenyi isaa baay’ee gabaabaa fi akka aaraa fi qillensa qilleensa’ee darbuuti. Jireenyi Abeel itti fufinsa kan hin qabne ture. Ilaalcha biyya lafaatiin, qajeelummaan isaa kan gatii hin qabnedha. Inni nama jal’aadhaan ajjeefame. Jechoonni Abeel galmaa’anii jiran hin jiran. Inni siidaa guddaa hin dhaabbanne. Jireenya Abeel keessaa kan hanga dhumaatti dhaabbatee hafe hin jiru. Miira kanaan jireenyi isaa kan waa’ee hin baasne ture. Waan hiika hin qabne fakkaateera. Garuummoo Kiristaanonni jireenyi Abeel “kan waa’ee hin baafne” akka hin

taane ni beeku. Isaan jechoonni isaa fi hojiin isaa akka waan “waa’ee hin baafnee” fakkatullee dhiibbaa bara baraan jiraatu akka qabu ni beeku.

Abeel amantiidhaan aarsaa isa kan Qaayin irra caalu Waaqayyooof dhi’eesse; Waaqayyo kennaa isaa fudhatee isaaf dhugaa ba’eera. Abeel amantii isaatiin qajeelaa akka ta’es dhugaa ba’ameeraaf; inni in du’e, garuu karaa amantii isaatii amma iyyuu dubbachaa jira. Ibiroota 11:4

Garuummoo Lallabaan kun nama amantii ta’uunsaa ifatti beekamus, xiyyeeffannoo isaa amantii irra hin goone. Waa’ee bara isa dhufuuf jedhuus hin dubbanne. Qooda kanaa, maalummaa wantoota biyya lafaa kana irra bara ammaa kana jiruu irratti xiyyeefate. Akka dubbistootni isaa wantootni lafarraa hundi “kan waa’ee hin baafne” ta’uu isaanii ilaalan barbaade. Tokkoon isaanii illee of danda’anii kan hin dhaabbannee fi dhaabbatanii hin hafnedha. Ilaalcha kanaan, waan hundumtuu kan hiika hin qabne fakkaatu. Biyyi lafaa fi guddummaan ishee akka aaraatti ni darbu.

Waaqayyo akka jireenyi “waan waa’ee hin baafne” ta’uuf hin uumne. Sababiin jireenyi “waan waa’ee hin baafne” ta’eef sababii **kufaatii** (kun maqaa kiristaanonni cubbuu Addaamii fi bu’aa isaa ibsuuf fayyadamanidha) ti. Namni kan uumame akka ija godhatuu fi baay’atuuf ture (**Uma. 1:26-28** ilaalaa). Qooda kanaa garuu, dadhabbiin isaanii akka duumessaa fi aaraatti waan badu fakkaata. Lafti abaarsa jalatti kufte. Wanti hundi ni du’e. Wnatootni hundumtuu akka hojjechuun isaaniif malutti hojjechaa hin jiran. Wantootni akka aara qilleensa keessaa, saffisaan bittinnaa’u. Sababii abaarsa sanaatiin, wanti hundumtuu “kan waa’ee hin baafne” ta’e. Xiyyeeffannoon keenya lafa kana qofa irra yoo ta’ee fi bu’uura hin jigne ijaaruuf dhamaana yoo ta’e, dhugumaan hundumtuu kan waa’ee hin baafnedha.

Namoonni jireenyi kan waa’ee hin baafne ta’uu isaa muuxannoo irraa baru. Akka fakkeenyaatti, daa’imni tokko “Abbaa, ruuziin dhaabateera. Amma dadhabbi keenya xumuranneerra!” jechuu danda’a. Daa’imni sun kana kan jedheef, “jireenyi aduu gadii” waa’ee kan hin baafne ta’uu isaa waan hin barreefidha. Abbaan ogeessi immoo, “ammas irra deebi’amee ni dhaabama. Dadhabbiin keenya tasuma hin xumuramu” jedha.

Daa'imni innumti duraa sun deebisee, "Ruuziin dhaabameera. Oomisha gaarii ni qabaanna!" jechuu danda'a. Abbaan ogeessi immoo "oomisha gaarii qabaachuu ni dandeenya ta'a. garuummoo oomishni keenya karaatti nu jalaa hafuu danda'a, oomisha keenyaaf wabiin nuti qabnu hin jiru" jechuu danda'a.

Addunyaa abaaramaa kana keessatti jireenyi kan waa'ee hin baafne ta'uu isaa agarsiisa. Wanti wabii qabu homtuu hin jiru. Wanti hundumtuu, yeroo ta'etti guddaa homti hin sochoofne fakkaatee kan mul'ates haa ta'u, akka aara qilleensa keessaati.

Yesuus yaaduma wal fakkaataa "Lallaba gaararraa" isa jedhamu irratti barsiiseera.

"Yesus ammoo, "Badhaadhummaa ofii keessaniif lafa irratti iddoo bilii fi daana'oon nyaatutti, hattuunis cabsitee iddoo hattutti, walitti hin qabatinaa..." Mat. 6:19

Ergamaan Phawuloosis haaluma wal fakkaatuun dubbateera. Du'aa kaafamuun hin jiru erga ta'eetii, wanti hundumtuu dhugumaan kan waa'ee hin baafne ta'uu labseera.

...Warri du'an hin kaafaman erga ta'ee, akkuma warra kaanii, "Bor waan duunuuf, kottaa in nyaannaa, in dhugnas!" in jenna." 1 Qor. 15:32

Garuummoo, Kiristaanaaf wanti hundumtuu kan waa'ee hin baafne miti. Kiristaanonni jireenyi akka hiika qabu ni beeku. Barreessaan macaafa Lallabaas kana bareechee ni beeka. Galme lallabaa sanaa akka sabni Waaqayyoo waa'ee jireenya isa bara kanaa sirreessanii yaadan gargaaruudha. Abdiin isaanii hundinuu bara ammaa kanarra yoo ta'e, waan hundumaa ni dhabu, sababni isaas wanti lafa kanaa wanti dhaabatee jiraatu hin jiru.

Kanaafidha kan gooftaan Yesuus akka duukaa buutotni isaa qabeenya isaanii mootummaa Waaqayyootti walitti qabatan waamicha dhiyeessu

“... Garuu badhaadhummaa ofii keessaniif waaqa irratti iddoo biliin yookiis daana'oon hin nyaannetti, hattuunis cabsitee iddoo hin hannetti walitti qabadhaa! Garaan kee lafa badhaadhummaan kee jirutti hidhama” jedhe.” Mat. 6:20-21

Macaafni Lallabaas saba Waaqayyootiif ogummaadha. Abdii keenya wanta waa'ee hin baafnerra akka hin godhanne akka yaadachiiftuutti gargaara.

Biyya lafaa yookiis waan biyya lafaa jaallachuutti hin hidhaminaa; namni tokko biyya lafaa jaallachuutti yoo hidhame, Waaqayyo abbaa jaallachuun isa keessa hin jiru . Wanti biyya lafaa keessa jiru hundinuu, hawwiin foonii, hawwiin ijaas, jireenyaan kooruunis biyya lafaa keessaa ba'a malee, abbaa biraa hin ba'u. Biyyi lafaa, hawwiin isaas hundinuu in darba, namni fedha Waaqayyoo raawwatu garuu bara baraan in jiraata. 1 Yoh. 2:15-17

Macaafni Lallabaa akkamiin qindaa'e?

Macaafni Lallabaa **Seensaan (1:1)** jalqabuun **guduunfaan (12:9-14)** xumura. Seensichi jecha qabatamaa hojii ogbarruu keessatti jalqaba irratti dhufudha. Jechoonni kun hojii ogbarruu keessatti qaama barreefamaa yoo ta'an, garuummoo mataan isaanii akka kutaa barreeffamaa ergaa of danda'aa dabarsuutti dhiyaatu. Akka dubbistootni abba duukaa bu'uun isaan irra jiraatu beekan gargaara. Kun seensa macafa Lallabaati. Waan baay'ee barbaachisu fakkaachuu dhiisuu danda'a. Garuu akkatti yaaduun dogoggora. Jechoota seensa keessa jiran bu'uura godhachuun baay'ee baay'ee barbaachisaadha.

Dubbiin kanatti aanee jiru kan ilma Daawit mootii Yerusaalem isa lallabichaa ti.

Lallaba 1:1

Jechoota kanaan barreesichi mootii Daawit isa kakuu Daawit waliin hariiroo qabu ta'uu isaa labse (**2 Samuel 7:1-17** ilaalaa). Kun immoo akkaataa ittiin dubbistootni Macafa Lallabaa dubbisuu qaban qajeelcha. Jechoonni kunniin ogummaa Waaqayyoo saba Waaqayyootiif mootii Waaqayyoon dibame irraa kennamanidha.

Seensi kun jechoota macaafa Lallabaa keessa jiran Salamoon waliin wal qunnamsiisa (dabalataan 1:12 fi 2:1-11 ilaalaa). Salamoon ila Daawit ture. Salamoon “bifa” Kiristoos qaba. Kana jechuun, ogummaan isaa inni ogummaa mootota hundumaa irra caalu, calaqqee xiqqoo ogummaa Yesuus Kiristoos, “ilma Daawit” isa dhugaati.

Yaadni guduunfaa immoo jechoota erga yaadni tokko xumurameen booda ogbarruu issatti guduunfa irratti dhufanidha. Jechoonni kunis akkuma kan seensaa qaamuma hojii ogbarruuti, garuu battalumattis immoo qaama qaama kutaa barreefamichaa keessaa kan isa tokkoo miti. Akkuma seensaa sana of danda'anii dhaabatu. Wanta dubbatamee ture dubbistootaaf walitti qabanii guduunfu. Dubbistootni akka ergaa ijoo sana hin dhabne mirkaneessu. Kan armaan gadii kun guduunfadha:

Lallabichi ogummaa kan qabu duwwaa utuu hin ta'iin, waan ofii beeku saba in barsiise; inni fakkeenya baay'ee itti yaadee, qoree, tarree galchee in qopheesse; inni dubbii nama gammachiisu walitti qabee, dubbii qajeelaa, dubbii dhugaas in caafe.

Dubbiin warra ogeessaa akka ulee isa tiksituu biraa argatanii ittiin horii oofanii ti; jechi isaanii inni funaanamee walitti qabame, akka mismaara tarreetti cinqaarfamee ti. Yaa ilma ko, kana irrattis gorsa kanatti aanee jiru fudhadhu! Macaafota caafuu baay'isuun dhuma hin qabu, macaafa qoruu baay'isuunis nama in dadhabsiisa

Waaqayyoon sodaadhu, abboommii isaas eegi! Kun nama hundumaa irraa in barbaadama; xumurri dubbii dhageenye kana hundumaas isa kana. Waaqayyo hojii hundumaa, gaarii ta'us hamaa ta'us wanta dhoksaatti hojjetamu hundumaaf firdii in kenna **Lallaba 12:9-14**

Xumurri macaafa lallabaa “dubbiin warra ogeessaa” akka “ulee tiksituu” akka ta’e xiyyeeffannoo itti kennee dubbata. Akkuma qottuun ulee qara qabuun qotiyyoo tumachaa ooftu, dubbiin ogeessaas saba Waaqayyoo gara daandii qajeelaatti oofa. Sabni Waaqayyoo bakka biraa irraa kan isaan qajeelchu eeggachuu hin qaban. Tiksee isaanii isa isaan gaggeessu amanuutu isaanirra jira.

Yaadichi abboommii lallabichi jireenya bara kanaatiif qabuun xumurama. “Waaqayyoon sodaadhu, abboommii isaa eegi”. Isaan booddee lallabichi maaliif sabni Waaqayyoo wantoota kana lamaan gochuu akka qaban ibsa. Waaqayyoo abbaa firdiiti, inni “hojii nama hundumaa gara firdiitti ni fida.”

Seensaa fi xumura jidduutti lallabiatu jira. Lallabichi immoo jireenyi biyya lafaa kanaa “kan waa’ee hin baafne” ta’uu isaa mirkaneessa. Guutummaa lallabichaa keessatti, jireenya bara kanaa keessatti waa’ee wantoota qoratee bira ga’ee dubbata. Waa’ee wantoota ofii isaa hojjetee fi wantoota yaalee wanta waa’ee baasu argachuuf yaaluu isaa dubbata. Garuummaa waan akkasii tasumaa argachuu hin dandeenye. Lallabichi waa’ee muuxannoo “aduu jalatti” qabu hundumaa dubbachuun dubbistoota isaatiif “wanti hundumtuu kan waa’ee hin baafne” ta’uu mirkaneessa. Mootichi waa’ee “hojiiwwan gammachuu hin qabnee kan Waaqayyoo dhala namaaf akka isaan itti dhama’aniif kennee dubbata” (1:13). Akka lallabaa sanaatti wanti hundumtuu akka “nama qilleensa arii’uuti” (1:14).


Mootichi ogummaa duukaa bu’e, kunis isa hin gammachiifne (1:16-17). “Maraatummaa fi gowwummaa” duukaas in bu’e (1:17). Barumsa, daadhii wayinii, manneen ijaaroo, mukkeetii dhaabuu, garboota bitachuu, saawwanii fi bushaayee horuu, qabeenya walitti qabachuu fi hawwa foon isaa duukaa bu’eera. Lallabichi muuxannoo dhuunfaa isaa irraa ka’uun, wantootni kun hundumtuu kan waa’ee hin baafne ta’uu barateera. Isaan kana keessaa rakkoo waa’ee baasuu dhabuu “wantoota aduu jalaa” jiranii kan furuu danda’e hin jiru.

Wanti lallabichi hojjete seenaa isaa nutti himuu bira kan darbedha. Yaada guduunfaa qabus nuuf dhiyeesseera. Yaadni guduunfaa kunis immoo guutummaa macaafichaa keessatti ni argama. Lallabichi namoota barsiisa isaa dhaga’anitti akkaataa isaan jireenya isaanii isa ammaa kana “aduu jalatti” akkamitti akka jiraachuu qaban isaanitti hima.

Mata-dureen guddaan macaafa lallabaa bifa jireenya isa “aduu jalaati” (**1:3, 1:9, 1:14, 2:11, 2:17-20, 3:16, 4:1, 4:3, 4:7, 4:15, 5:13, 5:18, 6:1, 6:12, 8:9, 8:15, 8:17, 9:3, 9:6, 9:9, 9:11, 9:13**, fi **10:5** ilaalaa). Gaaleen “aduu jala” jedhu agarsiiftuu jireenya “abaaramaa” isa bara ammaa kanaati. Kun baroota “kufaatii sanaan” (cubbuu Addaam) boodaa fi dhufaatii Kiristoos isa lammaffaan dura jiran kan agarsiisudha. Dhufaatii Kiristoos booda abaarsi hin jiraatu.

Kiristaanonni warri macaafa Lallaba dubbisan jireenyi yeroo hundumaa “aduu jalatti” akka hin taane ni beeku. Kana jechuun, guyyaan abaarsi hin jirre ni dhufa jechuudha. Dhugaa dubbachuuf, Kiristaanonni bara dhufu keessatti aduun akka hin barbaachifne yaadachuu qabu (**Mul’ata 21:23** ilaalaa). Jireenyi yeroo sana, “aduu jalatti” hin ta’u. Ifa dhugaa ulfina Waaqayyoo jalatti ta’a. Namoonni “ibsa”, ilma Waaqayyootiin ni adeemu. Jireenyi yeroo sana, waan waa’ee baasu ta’a, sababiin isaas abaarsi hin jiraatu. Hanga guyyaa sanaatti garuu, Kiristaanonni bara kana keessa jiraachuuf ogummaa isaan barbaachisa. Macaafni Lallabaas ogummaa sana keessaa muraasa ni kenna. Inni ulee tiksituu ittii qotiyyoo qajeelchanidha, Kiristaanota kallattii sirriirra gaggeessa (**Lallaba 12:11** ilaalaa).

Macaafa Lallabaa 1:1, 1:12, fi 2:1-12 irratti hundaa’uun, Solomoon barreessaa Waaqeffannaati. Kunis Macaafni lallabaa maaliif macaafa fakkeenya fi Faarfannaa Solomoon gidduutti akka barreeffame nuuf ibsa. Kitaabonni sadan Solomoon wajjin walqabatan hundi walitti qabamaniiru jechuudha. Muuxannoowwan Solomoon macaafa lallabaa keessatti ibserratti hundaa’uun, lallabni kun tarii dhuma jireenya isaa keessa barreeffame jechuu dandeenya. Lallabni kun Solomoon xumura baroota cubbuu isaaf qalbii itti geeddarateen booda akka ta’e argisiisa. Inni warri macaafa isaa kana dubbisan akka inni godhe akka isaan hin goone barbaada. Inni warri macaaficha dubbisan Waaqayyoon akka sodaataniif akkasumas kennaawwan inni namootaaf kennetti akka gammadan jajjabeessa (**2:24–25, 3:11-14, 5:1-7, 5:18–20, 7:13-14, 8:12, 8:15–9:1, 9:9-10, fi 12:13-14** ilaali).



19. Weedduun Weedduu Caalu seenaa jaalalaa isa hunda caalu kabaja.

Macaafonni Kakuu Moofaa keessa jiran hundumtuu kan ogummaan guutamanii fi “fayyina karaa Yesuus Kiristoositti amanuun argamu argachuuf ogeessa si gochuu kan danda’an” ta’anis (**2 Xim. 3:15** ilaalaa), macaafonni haala adda ta’een ogummaa waliin hidhata qaban muraasatu Kakuu Moofaa keessa jiru. Macaafonni ogummaa shanan kunis, Macaafa Faarfannaa, Iyoob, Fakkeenya, Lallabaa fi Weedduu Weedduu Caaludha. Macaafonni kun shanan caaffatoota keessatti bakka tokkotti argamu. Tokkoon tokkoo macaafota kanaa dubbistoota isaanii ogummaa bara ammaa kanaaf isaan barbaachisu kallattii gargaagaraatiin barsiisu.

Ogummaan macaafota ogummaa kana shanan keessatti barsiifaman kennaa ayyaanaa Waaqayyo biraa kennamanidha. Macaafonni ogummaa macaafni Faarfannaa, Iyoob, Fakkeenya, Lallabaa fi Weedduu Weedduu Caaluu “karaa ayyaanaa” ittiin Waaqayyo akka sabni isaa qulqulluummaan jiraatuu fi bara rakkinnaa fi hamaa kana keessa ittiin jiraatuuf ittiin gargaarudha.

Macaafota ogummaa shanan jidduu garaagarummaa guddaatu jira. Macaafni Weedduu Weedduu Caaluu macaafota kan biroo irraa addadha, sabani isaas, macaafni kun jaalala dhiiraa fi dubartii jidduu jiru irratti xiyyeefata.

Weedduun Weeddu Caalu (ykn faaruun Salamoon) akkuma macaafa fakkeenya fi Lallabaa, Salamoon waliin hidhata qaba. Macaafichi bara dhuma jireenya isaa keessa Salamooniin caafame jedhamee amanama (**Wed. 1:1** ilaalaa). Akkuma macaafa Lallabaa, macaafni kunis Salamoon bara dhuma jireenya isaatti yaada garaa isaa akka geeddaratee fi eenyummaa isaa isa cubbamaa isa keessa jiraachaa ture akka hubate raga nuuf ba’a. Macaafonni isaa ogummaa dhugaa isa inni dhumarratti argatee sana bakka bu’u. Salamoon bara isaa gara dhumaarratti qalbii jijjiirachuu isaa ragaan nutti agarsiisu **2 Sen. 9:22-31** keessatti argama. **Seenessaan** (maqaan kun maqaa beektotni barreessaa Seenaa Baraa ittiin adda baasuuf moggaasanidha) waa’ee cubbuuwwan Salamoon hin dubbanne. Qooda kanaa, akka Salamoon Yaahiwwee Waliin karaa isaa sirreefatetti barreesse. Miira kanaan, seenessichi, Salamoon irratti “firdii dabarse” hin qabu

aaksumas akka waa'ee Salamooniif firdiin sun "jecha isaa isa dhumaa" ta'u hin goone. ^{Surra 19/25}
Kun immoo Salamoon matumti isaa dursees akka "of irratti firdii kennee" cubbuu isaaf
yaada garaa isaa geeddarate raga ta'uu danda'a. Seenessaan sun waa'ee cubbuu
Salamoon dubbachuu dhiisuu isaaf tarii kun Sababa tokko ta'uu danda'a. .

Kanaafuu, Weedduun Weedduu Caalu, jechoota Salamoon waa'ee jaalalaa fi
gaa'ilaa barreesse ta'uun mul'ateera. Haa ta'u malee, macaafni kun **seenaa jireenyaa
kan dhuunfaa** miti. Kun seenaa jaalalaa inni dubara waliin qabu miti. Akkataa Salamoon
1 Mot. 11 keessatti ibsameen,. Salamoon jaalala dhuunfaa isaa isa dubara waliin qabu
barreessuu hin danda'u. Hundatti aansee, Salamoon dubartoota baay'ee jaalateera,
haadha manoota baay'ee fuudheera, saajjatoota baay'ees jaalateera (**1 Mootota
11:1-8** ilaalaa).

Jaalalli macaafa kana keessa jiru "jaalala" isa Salamoon dubartii biraaf qabu
waliin wal hin fakkaatu. Jaalalli inni Faaruu Salamoon keessa jiru kun qulqulluu fi
jajamuun kan maluufidha. Inni kun fakkeenya jaalalaa Addaamii fi hewaan **Uumama 2**
irratti waliif qabaachaa turan achiis Darbee hanga **Uumama 3** achiis itti fufuun waliif
qabaachaa turanidha. Kanaafuu, Salamoon waa'ee jaalala mataa isaa akka
barreessaa hin jirre mul'ataadha. Inni waa'ee hariiroo jaalalaa dargaggeessa tiksee
tokkoo fi shaamara mandaraa dargaggeessa tiksee sana keessaa dhufte tokko
jidduutti argee barreessaa jira.

Beektotni garaagaraa baay'ina taatoowwan ijoo Weedduu Weedduu caalu
keessa jirani irratti garaagarummaa qabu. Kan armaan gadii kun mala ittin seenaa
kana dubbisnu keessaa tokkodha.

Macaafa Weedduu Weedduu Caaluu kana keessa "taatotaa" afurtu mul'atee jira.
Taatoon jalqabaa durba Yerusaaalem (Shuulaamit) jedhamtee ibsamtedha. Isheen gaarii
fi qulqulluudha. Isheen wanta silaa Hewaan akka fakkaattuuf uumamte fakkaatti.
Taatoo lammaffaan tiksee dargaggeessadha. Innis gaarii fi qulqulluudha. Inni immoo
waan silaa Addaam akka ta'uuf uumame sana kan bakka bu'u fakkaata. Taatoon
sadaffaan garee namootaati. Namoonni kun taatee jaalalaa mul'achaa jiru kana ilaalaa
waantoota ta'an irratti warra yaada kennanidha. Taatoon arfaffaan Salamoon matuma
isaati. Salamoon walaloo kana keessa "goota" jaalalaa sana miti. Qooda kana inni

gufachiisaa jalala durba Yerusalem sanaa fi tiksee dargaggeessa sanaa ture. Kana bira ^{Suura 19/25} Darbee, Salamoon walaloo kana keessatti taatoo ta'uun isaa wantoota gaggaarii durba Shulaamit sanaa fi tiksee dargaggeessa sana jidduutti ta'anitti xiyyeeffannoo harkisuun tajaajileera. Karaa biraatiin, amanamummaa fi qulqullummaa dhabuun Salamoon ittiin beekamu amanamummaa fi qulqullummaa tiksee sanaa fi durba sana jidduu jirutti xiyyeeffannoon akka kennamu taasisa. Jaalalli Salamoon dubartoota baay'eef qabu yaada tokkoon of kennuu tikseen sun durba Shunaamit sanatti agarsiisetti xiyyeeffannoo kennisiisa.

Durbi Shunaamit sun Salamooniif durbatii dabalataa tokko turte. Haaluma ittiin dubartoota dhibbootatti lakkaa'aman barbaadeen Salamoon durba Shulaamit kanas barbaada. Dhugaan jiru garuu, isheen mana dubartootaa (harem) inni qabu keessa akka jirtuu fi heerumaaf akka qophoofu kaasa. Haa ta'u malee, Durbi Shulamiitk un Salamooniin hin barbaanne. Isheen laphee ishee tiksee isa dargaggeessa sanaaf kenniteetti.

Faarfannaan kun akka "faarfannaa Salamoonitti" kan ibsame yoo ta'ellee, "faarfannaa Salamoon" dhugumaan faarfatamuu isaa wanti mirkaneessu hin jiru. Faarfannichi faarfannoota warra kaanirra baay'ee dheeraadha. Kana bira darbe, haala faarfannaawwan warra kaan warra qajeelfama muuziqaa qaban irraa adda ta'een, faarfannaa isa kana keessa qajeelfamni muuziqaa hin jiru. Kanaafuu, kun akka walaloo jaalalaatti dhiyaate. Walalichi baay'ee bareedaa waan ta'eef "weedduu weedduu caalu" jedhamee waamame. Kana jechuun, faarfannichi faarfannaa "faarfannoota warra kaan irra caaludha" ykn "faarfannaa kamirrayyuu kan guddaa ta'edha" jechuudha. Kutaa macaafa qulqulluu biroo keessattis ijaaraminsa afaan Ibiruu wal fakkaataa ta'etu jira. Bakki baay'ee qulqullaa'aan mana qulqullummaa keessa jiru "qulqulluu qulqullootaa" jedhamee ibsameera. Yesuus immoo akka "mootii moototaatti" ibsameera..

Kun weedduu Solomoon isa weedduu hundumaa irra caaluu dha.

Weedduu Weedduu Caalu 1:1

Faarfannaa kana maaltu baay'ee bareedaa taasise? Wanti bareedaa taasise sababii jaalala dhiiraa fi dubartii jidduu jiru dinqisiifatuufidha. Haa ta'u malee, sababiin macaafni kun safartuu/qanoonaa darbee macaafa qulqulluu keessatti hammatameef sababii jaalalaa fi gaa'ila biyya lafaa kanaa dinqisiifatuuf miti. Kan inni haammatameef sababii gaa'ila lafa irraa kana fayyadamee xiyyeeffannoo namootaa gara gaa'ila isa dhuma—gaa'ila isa Kiristoosii fi waldaa jidduutti taasifamuuf jiruutti harkisuufidha.

Irra deebiin, taatota ijoo afurtu macaafa Weedduu Weedduu caalu kana keessa jira: durba Shulaamit, tiksee dargaggeessa, garee namootaa fi mootii Salamoon..

Durbi Shulaamiit kun mootii Salamoon wajjin wal qunnamtii jaalalaa qabaachuu dandeessi turte. Qabeenya guddaa fi kabaja guddaas ni argatti turte. Haa ta'u malee, Shulaamiitiin mooticha dhiistee dargaggeessa tiksee filatte, sababni isaas dargaggeessa tiksee sana keessatti waan gatii guddaa qabu tokko argite, akkasumas dhugumaan isa jaallatti. Durbi kun filannoo isheetiin ni dhiphatti. Garuu mooticha wajjin wal qunnamtii jaalalaa qabaachuun isheef baay'ee salphaa ta'a ture.

. Kun waan barbaachisaa dha, sababni isaas Macaafni Weedduu Weedduu caalu kun, dhuma irratti, fakkeenya "gaa'ela" Kiristoos fi waldaa isaati. Waldaan, akkuma dubartii Shulaamiit, biyya lafaa kanatti heerumuu dandeessi turte. Kun waan namni hundi akka isheen gootu eeguudha. Akkuma Salamoon qabeenyaafi kabaja dubartii Shulaamiitiif dhiheessuuf turetti, biyyi lafaas waldaa kiristaanaatiif qabeenyaafi kabaja yeroo ni dhiheessiti. Garuu dubartiin Shulaamiit Salamoniin hin filanne. Waldaan kiristaanaas biyya lafaa hin filattu. Kanaa mannaa, waldaan kiristaanaa biyya lafaatti hin maxxantu. Jaalala ishii tiksee sanaaf ni qusatti. Kun seenaa isa dhuma macaafni Weedduu Weedduu caala ajaa'insiifatudha.



Weeduu Weedduu Caaluu fi Seera Uumamaa boqonnaa 2 fi 3 gidduu hariiroon hedduutu jira. Seerri Uumamaa boqonnaa 2 fi 3 lamaanuu Weedduu Weedduu caalu dura barreeffamaniiru. Kanaafuu, boqonnaawwan lamaan kun Macaafa Weedduu Weedduu caalu irraa jechoota tokkollee hin "liqeeffanne". Haa ta'u malee, Macaafni Weedduu Weedduu Caalu kun Seera Uumamaa 2 fi 3 irraa jechoota baay'ee "liqeeffata". Salmoon Seera Uumamaa 2 fi 3 irraa jechootaafi yaadawwan liqeeffachuun isaa, akka dubbistoonni isaa walitti hidhamiinsa inni Seera Uumamaa wajjin uumaa jiru argan gargaara. Weedduun Weedduu Caalu kun, akkuma Seera Uumamaa 2, biqiltuuwwan, ija mukkeenii, laggeenii fi dhagaawwan gati jabeessa ta'an irratti xiyyeefatee ibsa kenna. Hariiroo kana irraa kan ka'e, tiksee fi dubartiin Shulaamiit macaaf Weedduu Weedduu caalu keessatti ka'an kun, akka dubbistootni Addaamii fi Hewaaniin yaadatan taasisuuf yaadameetu..

Garoo, Weedduun Weedduu Caalu seenaa Addaamii fi Hewaaniin akka walaloo qindeessee irra deebi'ee himuu qofa miti. Qooda kanaa, seenaa Addaamii fi Hewaaniin "akkaataa/bifa" haaraadhaan ibsa. "Bifa" seenaa Addaamii fi Hewaan isa haaraa kana keessatti, namichiifi dubartiin cubbuuf hin kufan. Walirraa adda ba'anii of danda'anii hojjechuu hin jalqaban. Walii walii isaanii ni amanamu, hariiroo isaanii ni kabajuu, lamaanuus dirqama isaanii ni raawwatu.

Lallabaa ykn barsiisaan ogessi akkamiin macaafa Weedduu Weedduu caalu kana fayyadamuu qaba?

1. Macaafni Weedduu Weedduu caalu kun kabaja gaa'ela ilma namaati. Faarfannaan kun safartuu darbee macaafota macaaf qulqulluutti makamuun isaa, gaa'elli mata duree baay'ee barbaachisaa ta'uu isaa agarsiisa. Faarfannaan kun gaa'elli dhiiraa fi dubartii gidduutti raawwatamu gaarii fi kabajamuu akka qabu ni mul'isa. Kun **kufaatii** dura dhugaa ture (Kufaatiiin jecha hayyoonni erga Addaam cubbuutti kufeen boodaafi



bu'aawwan isaa ibsuuf itti fayyadamanidha). Akkasumas illee kufaatii boodas dhugaa dha.

2. Macaafni Weedduu Weedduu caalu agarsiistuu hariiroo fayyaa qabeessa dhiiraafi dubartii gidduu jiraachuu qabuuti. Dhiirri dubartii ni kabaja, dubartittis dhiiricha ni kabajji. Fedhiin gadi fagoo dhiirri qabu dubartiif, fedhiin gadi fagoo dubartittiin qabdu immoo dhiiraaf. Hariiroo kana keessatti lamaanuu hin cunqurfamani.

3. Macaafni Weedduu Weedduu caalu hariiroo saalaa abbaa manaa fi haadha manaa gidduu jiru ni kabaja. Faarfannichi akka hariiroon walqunnamtii saalaa kennaawwa gaggaarii Waaqayyoo namoota gaa'ela qabaniif kenname keessaa isa tokko ta'e ni agarsiisa. Kennaan kun abbaa manaa fi haadha manaatiif kan kenname yoo ta'u, kaayyoon isaas dhiiraas ta'e dubartitti gammachiisuudha.


4. Macaafni Weedduu Weedduu caalu Waaqayyon akka uumaatti ni kabaja. Inni itti yaadee dhiiraa fi dubartii godhee isaan uume. Isatu gaa'ila uume. Kanaafuu, gammachuun gaa'ila keessaa argamu hunduu gaarummaa fi humna waa uumuu Waaqayyoo akka jajannu kan taasisudha.

5. Macaafni Weedduu Weedduu caalu akka hariiroo dhugaan Kiristoos fi waldaa gidduu jiru agarsiisa. Kiristaanonni jechoota waa'ee gaa'ela namaa irraa gara jechoota waa'ee hariiroo Kiristoos fi waldaa jidduu jiruutti saffisaan ce'uun isaanii waan uumamaan kennamedha. Kun waan Ergamichi Phaawulos yeroo Efesoon 5:22-33 irratti waa'ee gaa'elaa dubbate godhedha. Inni waa'ee gaa'elaa dubbachuun jalqabe. Haa ta'u malee, gaa'elli ilma namaa, waa'ee "gaa'ela" Kiristoos fi waldaa gidduu jiruu akka dubbatu isa taasise. Macaafni Weedduu Weedduu Caalus, Kiristoos akkamitti akka waldaa jaallatu, waldaaf akka of kennu, fi waldaaf akka lolu agarsiisa. Macaafni Weedduu Weedduu Caalu miidhagina, jabina, fi of kennuu/abboomamuu waldaan Mootii isheetiif qabdu ni cimsa. Isheen biyya lafaa wajjin ejja hin raawwattu..



6. Macaafni Weedduu Weedduu caalu baay'ee barbaachisaa dha, sababni isaas hubannoo Kiristaanonni waa'ee bara dhumaa irratti qaban wajjin wal qabata (qo'annoon waa'ee wantoota dhumaa yeroo tokko tokko **iskaatooloojii** jedhama). Seenaan Faarfannaa Solomoon keessatti himamu seenaa gaa'elaati—gaa'ela namootaa fi gaa'ela Kiristoos fi waldaa gidduu jiru. Gaa'elli biyya lafaa yeroofi. Duuti gaa'ela biyya lafaa hundumaaf xumura fida. Haa ta'u malee, gaa'elli Kiristoos fi waldaa gidduu jiru kan bara baraati. Shulaamitittiin gaa'ela ishee isa tiksee hoolaa wajjin raawwatamu eeggachaa turte. Hanga guyyaan sun ga'utti dhiphachaa in eeggatte. Kiristaanonni guyyaan gaa'elaa inni kana irra caalaa guddaan hamma ga'ee raawwatamutti eeggachaa jiru. Kiristaanonni sababa guyyaan gaa'elaa yeroof turuuf ni dhiphatu. Waa'ee gaa'ela Kiristoos fi waldaa ilaalchisee **Mul'ata 19:6-9** ilaalaa.





20. Faaruun Ermiyaas waa'ee badisa Yerusaalemi.

Gadduun miira namootaa **kufaatiin** dura hin turredha (Kufaatiin jecha hayyoonni erga Addaam cubbuutti kufeen boodaafi bu'aawwan isaa ibsuuf itti fayyadamanidha). Haa ta'u malee, sababii cubbuu Adaam hojjeteen, namni hundumtuu gadda keessa ni darba. Gaddi miira ulfaataa sababii wanti nuuf baay'ee barbaachisaa ta'e tokko nu jalaa baduuf, jijjiiramuuf, nurraa fudhatamuuf, nu jalaa barbadaa'uuf ykn du'uuf keessa keenya dhangala'udha.

Gadduun jira jechuun **guumgummiin** ni jira jechuudha. Guumgummiin mala addaa ittiin gadda ofii ibsatanidha. Guumgummiin akkuma gaddaa kufaatiin dura hin turre. Dhufaatii Kiristoos isa lammaaffaa boodas haala jiruun itti hin fufu (dhufaatii kiristoos isa lammaffaan booda guumgummiin mo'icha kiristoos saba isaatiif mo'e yaadachuuf akka yaadachiiftuutti ni tajaajila). Yeroo baay'ee guumgummiin bifa walaloo ykn faarfannaa ni qabaata. Gumgummiin gadda baay'ee ulfaataa fi laphee nama cabsuun kan guutedha. Akka namoonni miraa fi madaa keessa barreessichaa jiru miireffatan gargaaruuf of eeggannoodhaan kan qindaa'edha.

Kan Macaafni Faaruu Ermiyaas barreeffameefis kanaafidha. Gadda barreessichi badisa Yerusalem ilaalchisee qabu ibsuuf kan barreeffamedha. Dubbisaan macaafa kanaas miira barreessaa sanaa akka miireffatuuf eyyamameefiira. Garuu waan kun miiruma gaddaa nama tokkoo bifa aartiitiin ibsuuf kan caafame miti. Faaruun Ermiyaasg adda Isiraa'elotaa miira aartiitiin kan ibsedha. Gumgummiin kun **guumgummii gareeti** (kana jechuun sabni Waaqayyoo hundinuu waan qooddatanidha).



Akka Hiikkaa Ingiliffaatti jechi jalqabaa Faaruu Ermiyaas jecha “akkamitti” jedhudha. Faaruun Ermiyaas 1, 2 fi 4 hundi isaaniyyuu jecha “akkamitti” jedhuun jalqabu.

Mandarri dur namni keessa guutee ture

amma attamitti duwwaatti hafte! **Faaruu Ermiyaas 1:1**

Attamitti Waaqayyo dheekkamsa isaa isa akka duumessaa Xiyoonitti uffise!

Ulfina Israa'el isa hamma bantii waaqaatti ol ka'es attamitti gara lafaatti gad darbate! Xiyoon ejjeta miilla isaatii akka turte, guyyaa dheekkamsa isaatiitti attamitti irraanfate!! **Faaruu Ermiyaas 2:1**

Attamitti warqeen gurraacha'ee, warqee qullaa'aan bifa geddarate! Attamittis

dhagoonni mana qulqullummaa walga'ii karaa gurguddaa hundumaa irratti

bittimfaman! **Faaruu Ermiyaas 4:1**

Jechi Ibiruu “akkamitti” jedhu yeroo gara qubee Ingiliffaatti jijjiiramu, “Eicha” jedhamee qubeeffama. Kun maaliif akka Yihuudonni yeroo tokko tokko guumgummiiwwan kana “macaafa maraa Eicha” (macaafa maraa akkamitti”) jedhanii akka waaman nuuf ibsa.

Faaruu Ermiyaas/macaafa gumgummii kana keessa walaloowwan shantu jira. Walaloon kun shananuu walumatti hidhamanii jiru sababni isaas haaluma wal fakkaatuun qindaa’ani. Walaloowwan macaaficha keessa jiran badisa Yerusaalemii fi mana qulqullummaa irratti bara 586 BC warra Baabilooniin ta’eef akka deebiitti barreeffaman..

Gumgummiiwwan Faaruu Ermiyaas keessa jiran kun akka aadaatti Yihuudota amma jiraniin guyyaa salgaaffaa Ab irratti ni dubbifamu. Kun immoo guyyaa soomii warra



Yihuudotaa ji'a Adoolessaa keessa ta'udha. Faaruun Ermiyaas kun yaadannoo Kufaatii Yerusaaalem isa bara 586 BC (warra Baabilooniin) ta'e, yaadannoo kufaatii Yerusaaalem kan bara 70 AD (warra Roomaan) ta'ee fi badisawwan kanneen biro saba Yihuudotaa irra ga'e kan akka (dhumaatii sabaa jaarraa 20ffaa keessa irra ga'ee) yaadachuuf dubbifama.

Akka aadaatti, Macaafni guumgummii (kan hiika afaan Oromoon Faaruu Ermiyaas jennu) kun raajicha Ermiyaas waliin wal qabsiifama. Kanaafidha kan macaafa qulqulluu Ingiliffaa warra ammayyaa keessatti macaafni gumgummii kun macaafa Ermiyaas Raajichaati aanee dhufu. Macaafni qulqulluun Septuwaajint jedhamu (yeroo tokko tokko LXX jedhamee eeramu) **Faaruu Ermiyaas 1:1** irratti Ermiyaasiin akka barreessaa Macaafa kanaatti kaa'a. Ermiyaas dhugumayyuu barreessaa macaafa kanaa ta'uu danda'a. Bara tajaajila isaa keessa rakkoolee turan kana waliin walaansoo wal qabee muuxannoo isaa qaba. Badisa Yerusaaalem ija isaan argeera. Ermiyaas gumgummii baay'ee waliin wal bareera. Yeroo mootiin Yosiyas du'e faaruu bo'ichaa qindeessee dhiyeesseera (**2 Sen. 35:25** ilaalaa) Namoonni sababii badisa Yerusaaalem irratti dhufeed akka akka gadda taa'an waamicha dhiyeesseera (**Ermiyaas 4:8, 6:26, 7:29, 9:20, fi 49:3** ilaalaa). Kun hundumtuu akka Ermiyaas barreessa macaafa Faaruu ermiyaas ta'e kan agarsiisanidha. Haa ta'u malee, Ermiyaas barreessaa ta'uu isaaf dhibbaa dhibbatti wanti mirkanaa'e hin jiru.

Macaafa Faaruu Ermiyaasiin raajiin kamiyyuu haa barreessu sun rakkoo miti, wanti ifa ta'ee jiru garuu barreessaan sun Waaqayyoon ni jaalata, jaalala Waaqayyoo irraa amantii guutuu qaba (**Faaruu Ermiyaas 3:22-24** ilaalaa), bakka Waaqayyoo ni jaalata, sabni Waaqayyoo iddootti deebi'ee arguu ni hawwa.

Barressichi nama kennaa walaloo qabudha. Tokkoon tokkoo walaloowwan shananii akka ta'utti qindeeffamaniiru. Boqonnaawwan warri jalqabaa arfan **haala walitti galoo ta'aniin toora qabsiifaman**. Toora kana keessatti, jechi walaloo sanaa inni



jalqabaa qubee Ibiruu isa jalqabaatiin jalqabe. Tokkoon tokkoo “lakkofsa” haaraa walalichaa qubee Ibiruu isa lammaffaatiin jalqaba. Qubeewwana afaan Ibiruu 22 tu jiru. Kanaafuu, tokkoon tokkoo boqonnaa 1, 2 fi 4 lakkoofsota 22 qabaachuun isaanii nama hin ajaa’ibu. Tokkoon tokkoo walaloowwan kana sadanii caaseffama wal fakkaataan jalqabu. Fakkeenyaaf, **Faaruu Ermiyaas 2:1** yoo fudhanne qubee Ibiruu isa jalqabaatiin jalqaba. **Faaruu Ermiyaas 2:22** yoo ilaalle immoo qubee Ibiruu isa dhumaatiin jalqaba.

Walaloon walitti galumsa isaanii eeggatanii toora qabsiifaman ergaa gaarii dubbistootaaf dabarsu. Ergichi ergaa **guutuu** fakkaata. Namoonni akkuma kanaa qubeewwan afaan biro keessa jiran hundumaa fayyadamanii ergaa waliif ergu. Akka fakkeenyaatti, Ingiliffa keessatti, qubeen jalqabaa A dha. Qubeen inni xumuraa immoo Z dha. Namni tokko waa’ee dhimma tokkoo waan hundumaa beekuu yoo barbaade, akkas jedhee dubbata, “Waan hundumaa A dha hanga Z tti na barsiisi”. Kana jechuun wanta Faaruun Ermiyaas kun hojjechaa jiru fakkaata. Guutummaag adda saba Isiraa’eel akka ta’utti ibsaa jiru. Badisa Yerusaalem irratti ta’e guutummaatti ibsaa jiru. Bakka sabni Waaqayyoo itti boqotu akka hin taanetti barbadaa’e. Yerusaalemii fi manni qulqullummaa Yerusaalem kana booda hin jiran.

Barreesichi kufaati Yerusaalemiif Waaqayyoon hin komanne. Isiraa’elonni akka yakkaniif fi dhahichi isaan irratti dhufe sun hunduu akka isaaniif malu beekkamtii kenna.

*Sabni Yerusaalem cubbuu guddaa in hojjetan,
in xuraa’anis;
warri dur ulfina isaaniif kennaa turan,
amma salphina isaanii arganii isaan in tuffatu;
isaanis yeella’anii achi garagalaniin in aadu.*

*Xuraa’ummaan isaanii uffata isaaniitti qabatee jira,
isaan akkas akka ta’an hin beekan turan;*



*kufaatiin isaanii guddaa nama jibbisiisa,
namni isaan jajjabeessus hin argamne;
kana irraa kan ka'ees,
"Diinni mo'umsa waan argateef,
yaa Waaqayyo, dhiphina keenya ilaali!" in jedhu!" Faaruu Ermiyaas 1:8-9*

Namni of eeggannoon dubbisu Faaruun Ermiyaas 3, Faaruu Ermiyaas 1, 2 fi 4 irraa adda akka ta'e ni hubata. Innis qubeewwan Ibiruu fayyadamuun toora kan qabsiifamedha. Haa ta'u malee, boqonnaan 3 lakkoofsota 66 qaba. Boqonnaa kana keessatti, qooda qubeewwan lakkoofsonni ittiin jalqaban jijjiiruu (akka boqonnaa 1, 2 fi 4), jijjiirraan qubee Ibiruu isa itti aanuu lakkoofsota sadi sadiin irra utaalaa fayidaarra oole. "Toorri dheeraan" akkasii kun akka boqonnaa sadiitti xiyyeeffannoon kennamu taasisa. Kana bira darbee, Boqonnaan 3 akka boqonnaa 1, 2 fi 4 jecha "akkamitti (Eicha)" jedhuun hin jalqabu..

Faaruu Ermiyaas 3 maaltu adda godha? Boqonnaa kana keessatti barreessichi waa'ee dheekkamsa Waaqayyoo mandarichatti dhufeetti akka hin xiyyeeffanne yaadatti qabachuun barbaachisaadha. Qooda kanaa garuu, akka dhuunfaa isaatti dheekkamsi Waaqayyoo akkamitti isa irratti akka dhufe irratti xiyyeeffate. Lakkoofsi jalqabaa waa'ee mandaraa miti, Inni jalqabaa waa'ee "nama rakkina argeeti."

*Ani nama ulee dheekkamsa isaatiin
adabamee rakkina argee dha;
Inni na ari'ee iddoo ifni hin jirre
dukkana keessa akkan jiraadhu in godhe;
dhugumaan anatti garagalee
guyyaa hundumaa harka isaatiin na rukuta. Faaruu Ermiyaas 3:1-3*



Boqonnaan kun akkuma faarfannaawwan biro, agarsiiftuu nama qophaa isaa rakkina argu tokkooti. Namni kun gara Waaqayyootti boo'uudhaan Waaqayyos immoo isa fure.

*“Yaa gooftaa! Ati dhimma koo anaaf ilaaltee,
jireenya koos in furte.*

*Yaa Waaqayyo! Ati hammina ana irratti hojjetame argiteetta,
kanaaf ati anaaf faradi!*

*Ijaa baafachuudhaaf waan isaan hojjetan hundumaa,
wanta hamaa isaan ana irratti koratan hundumaas argiteetta.*

*Yaa Waaqayyo! Ga'oo isaan anatti ga'isan,
wanta hamaa isaan anatti koratan hundumaas dhageesseetta;
dubbii warri ana irratti ka'an dubbataniif,
yaada isaan guyyaa hundaa ana irratti yaadan beekta.
Kunoo, isaan yommuu taa'anii fi yommuu ka'an weedduudhaan
anatti in ga'isu.” **Faaruu Ermiyaas 3:58-63***

Namoota macaafa faarfannaa dubbisaniif, gosti walaloo akkasii baay'ee ifa ta'uu qaba. Yeroo waa'ee nama qajeelaa qophaa isaa dhiphatu tokko yeroo ddubbifnu hunda, waa'ee Kiristoos yaaduu qabna. Jechoonni macaafa Faaruu Ermiyaas keessa jiran kun ergamootaan kan hin caqafamne/waabeffamne yoo ta'anillee. Ergamoonni walaloo akkasii kana macaafa faarfannaa keessaa caqasuun, walaloo sana Kiristoositti firoomsaniiru. Faaruun Ermiyaasis akkuma Faarfannaa yoo ta'e, kana jechuun kutaawwan ijoo Faaruu Ermiyaasis waa'ee dhiphinaatti .fi Waaqayyoon gargaaramuutti xiyyeeffannoo harkisa jechuudha.

Garuu, walakkaa macaafa waa'ee badisa **Yerusaalem** odeessuutti maaliif waa'ee dhiphachuu fi furee Kiristoos haasofna? Deebiin isaa guutummaa macaafa qulqulluu keessaa argamuu ni danda'a. Wanti dubbistootni hubachuu qaban garuu



dhiphaachuu fi furiin Kiristoos saba Waaqayyoof ijoo akka ta'ee fi saba sanaaf bakka mijataa qopheessuuf barbaachisaa akka ta'edha. Dhiphachuu fi furii isaa malee, Yerusaaalem isheen “haaraa” jiraachuu hin dandeessu.

Guumgummichi boqonnaa 5 irratti goolabama. Boqonnaan kun toora qabsiifamee miti kan barreeffame. Barreessichi toora isa duraan itti fayyadamaa ture sana maaliif akka jijjiire homaa hin dubbanne. Waa'ee toora sanaas immoo barreessichi akka hin dagannes ifadha. Boqonnichi of eeggannoodhaan kan qindaa'ee fi qubeewwan Ibiruus yaadachiisuuf kan yaale ta'uun isaa beekamaadha. Kanaafis ragaan boqonnaan 5 lakkoofsota 22 qaba. Akkasumas qubeewwan Ibiruu 22 dha. Boqonnaan 1, 2 fi 4 lakkoofsotuma 22 qabu. Boqonnaan shan boqonnaawwaan Faaruu Ermiyaas keessa jiran kan biroo waliin walitti gala. Akkasis ta'uu garuu addadhas. Maaliifidha barreessichi qubeewwan afaan Ibiruu kan fayyadamuu dhiise? Sababni isaa tarii akka dubbistootni isaa kadhannaa isaanii itti fufan barbaadeetu ta'a.

Yaadadhaa, boqonnaawwan warri duraa ergaa guutuu ta'uu irratti xiyyeeffataniiru. Kanaafidha kan toora walitti galoo ta'aniin barreeffamani kan jenne. Sababni isaas, qubee Ibiruu isa jalqabaatiin eegalee qubee Ibiruu isa dhumaatiin xumuruun ergaa guutuu dabarsuu irratti xiyyeeffachuu isaanii agarsiisa..

Kadhannaan kun garuu guutuu miti. Qulqulloonni waa'ee deebi'ee ijaaramuu Yerusaalemiif itti fufanii kadhachuu qabu. Sababii kanaafidha kan barreessichi toora walitti galoo ta'an fayyadamuu kan dhiise. Qulqulloonni kadhannaa isaanii itti fufu. Kadhannaan qulqulloonni waa'ee hundaa'uu Yerusaaalem ishee haaraaf taasisan itti fufuu qaba.

Walaoowwan Macaafa Faaruu Ermiyaas keessa jiran xiyyeeffannoon keessa deddeebi'anii yaaduun gatii guddaa qaba. Kanneen armaan gadii bu'aawwan itti siqanii macaafa kana dubbisuudhaan argamanidha:



1. **Macaafichi baay'ina cuubbuu isaanii fi dubbiin Waaqayyoo immoo gaarii ta'uu isaa Kiristaanota yaadachiisa.** Waaqayyoo sababii waaqolii tolfamoo waaqessaniif Isiraa'elota adabe (**Faaruu Ermiyaas 1:5** ilaalaa). Duraan dursee yoo isaan waaqolii tolfamoo waaqessuu isaanii itti fufan akka isaan adabu akeekkachiisee ture (**Keessa Deebii 4:15-28** ilaalaa). Faaruun Ermiyaas immoo Waaqayyoo dubbii isaaf amanamaa ta'uu isaa agarsiise. Namoonni bara ammaas Waaqayyoo akka hin jijjiiramne beekuu qabu.

2. **Macaafni kun akka Kiristaanonni biyyi lafaa kun biyya isaanii hin taane isaan yaadachiisa. Isaan Yerusaalem ishee olii yaaduu fi qabeenya isaanii godhachuu qabu.** Jaalalli gadi fagoon barreessichi Yerusaalemiif qabu walaloo keessatti salphaatti ni mul'ata. Yoo Yerusaalem badde, jireenyi isaa ni bada. Garuu amantootni har'aa yeroo baay'ee waa'ee mandara isaanii isa dhugaa hin yaadan. Jaalalli gadi fagoon Yerusaalem Haaraadhaaf qabanii fi hawwiin gara manaa isaaniitti deebi'uuf qaban dhuma irratti amantoota har'aa hunda biratti argamuu qaba (**Faarfannaa 137:6** fi **Galaatiya 4:26** ilaali). Kiristaanonni har'aa "Yerusaalem ishee Haaraa" eeggachaa jiru. Dhugumatti, Yerusaalem isheen Haaraan "mandara Waaqayyoo ishee bara baraa" waan taateef, akka namoonni yeroo gumgummii kanatti Yerusaalem ishee lafarraa jaallatan caalaa, nuti Yerusaalem ishee Haaraa jaallachuu fi kabajuu qabna. Kun mata duree guddaa Macaafa Qulqulluuti (**Ibiroota 11:9-16, 12:22-24, fi Mul'ata 21:1-22:5** ilaalaa). Macaafni Faaru Ermiyaas jaalala nuti Yerusaalem ishee Haaraadhaaf qabnu nu keessatti guddisuuf nu tajaajiluu danda'a.

3. **Barbadaa'uun Yerusaleemii fi mana qulqullummaa agarsiiftuu xiqqoo ajjeefamuu Kiristoosidha.** Kanaafuu, gaddi cimaan barreessaan sun badisa Yerusaalem booda miireffachaa jiru kun miira duukaa buutotni Yesuus erga Yesuus du'een booda qabaachaa turanidha. Kanaafidha jechoonni Faaru Ermiyaas keessatti (**2:16** ilaali) hojiirra oole yeroo Yesuus fannifamettis kan hojiirra oolan (**Maarqos 15:29** ilaalaa). Maarqos akka dubbistootni isaa fannoo Yesuusiin yaadaa Faaru Ermiyaas dubbisan barbaada!




4. Guumgummiin macaafa kana keessa jiru saba Waaqayyoo gara galataatti geessuu qaba. Yaadichi keessummaa nutti ta'uu danda'a garuu guumgummiin gadi fagoon gara gammachuu fi galata gadi fagootti nama geessa. Dhugumaan miira barreessichatti dhaga'amu "miireffachuun" gammachuu amantootni har'aa miireffatan ni dabala. Yersaalem bara baraan hin barbadoofne! Waaqayyo kadhata guumgummii boqonnaa 5 (fi bakkoota birootti) kadhata dhaga'eera. Amma mandarri bu'uurri ishee saba Waaqayyoo hundumaaf taate jirti!

5. Macaafichi mo'icha guutuu isa dhufaati Kiristoos isa lammaffaa booda dhufu nu yaadachiisa. Yesuus Kiristoos gaddaa fi gadadoo hundumaa nurraa fuudhuuf dhufe. Haa ta'u malee, hanga dhufaati Kiristoos isa lammaffaatti, gadduun qaamuma jireenyaa ta'ee itti fufa. Macaafni Faaruu Ermiyaas kun guyyaan itti guumgummiin deebi'ee hin argamne akka dhufu nu yaadachiisa. Guyyaa sanatti, guumgummiin mataan isaa gara faarfannaatti geeddaramuun mo'icha kiristoosiin ibsa.

*Inni imimmaan hundumaa ija isaaniittii in haqa; wanti duraa waan darbeef, egaa duuni deebi'ee hin argamu, gadduun, iyyuun, waraansis si'achi hin jiru!" jedhe. **Mul. 21:4***





21. Daani’el saba amanamaa biyya ormaa keessa jiraataniif abdi kenna.

Daani’eel raajicha ta’us, kitaabni Daani’eel kutaa Kakuu Moofaa kan Raajota jedhamu keessatti hin argamu. Kanaa mannaa, Daani’eel Kitaabota Barreeffamaa keessatti argama. Maaliif Daani’eel Kitaabota Barreeffamaa keessa jira? Sababoota Daani’eel Kitaabota Barreeffamaa keessa itti argametti keessaa tokko, Daani’eel ummata Waaqayyoo amanamoo kan gugurdaan jiraataniif abdi kennuu isaati. Amalli Daani’eel kun ergaa kitaaba Ester keessatti argamu wajjin baay’ee wal fakkaata..

Macaafni Daani’el kutaa caaffatootaa keessatti macaafa “seenaa” isa jalqabaati. Kutaa caaffatootaa kana keessa macaafota afurtu jiru: Daani’el, Asteer, Izra-Nahimiyaa (Izraa fi Nahimiyaan jalqaba irratti macaafa tokko turani), fi Seenaa Baraa (Seenaan baraa jalqaba irratti macaafa tokko ture).

Macaafonni sadan warri jalqabaa caaffatoota keessa jiran duraa duuba isaaniin toora qabsiifamaniiru. Kana jechuun taateewwan Daani’el keessatti galmaa’an dura waan uumamaniif Daani’eel tokkoffaarraa dhufe. Kan Asteer keessatti immoo wantootni galmaa’an itti aananii waan raawwataniif Aster lammaffaa irra dhufe. Izra-Nahimiyaa keessatti taateewwan galmaa’an dhumarra waan ta’aniif sadaffaa irratti Izra-Nahimiyaatu taa’e. Seenaan baraa immoo sababoota garaa garaaf jecha dhumarra dhufe. Inni kuusaa seenaawwan kakuu moofaa keessatti hojjetamaniiti. Kana bira darbees, Seenaan baraa kakuu haaraatiif akka “riqichaatti” tajaajila.

Macaafni Daani’el akkuma kan Asteer guutummaan guutuutti biyya Isiraa’eliin alatti kan raawwatedha. Macaafonni kun lamaan bakka gaarii jedhamuun alattis jiraachaa Waaqayyoof duukaa buutuu amanamaa ta’uun akka danda’amu kan mirkaneessanidha. “Biyyuma ormaa” keessattillee, sabni Waaqayyoo gooftaa biraa gargaarsaa fi faara tolaa akka argatan beekuu qabu. Kun har’as amantoota biyya lafaa irra jiran hundaaf in hojjeta. Nuyi keessummootaa fi warra biyya ormaa keessa tamsa’anii “dhiphina” keessa jiraatanidha (**Yaaqob 1:1** and **1 Phexiroos 1:1** ilaalaa).

Yeroo biyya isaanii irraa badanii turanitti, Yihuudonni yeroo muraasaaf bulchiinsa Baabiloon jala turan. Taateewwan Macaafa Daani'eel boqonnaa 1-5 keessatti galmaa'an Baabiloon keessatti raawwataman. Yeroo sanatti Baabiloon mootummaa addunyaa keessaa isa humna guddaa qabu turte. Haa ta'u malee, dhuma jireenya Daani'eelitti, Baabiloon Faaresiin mo'amte. Taateewwan macaafa Daani'eel boqonnaa 6 keessatti galmaa'an kan raawwataman yeroo Faares ummata Waaqayyoo bulchaa turte ture. Faares mootota addunyaa keessaa isa humna guddaa qabu ta'e. Mul'anni macaafa Daani'eel boqonnaa 7 fi 8 keessatti galmaa'e, yeroo Baabiloon saba Waaqayyoo bulchaa turte Daani'eeliif kenname. Mul'anni macaafa Daani'eel boqonnaa 9-12 keessatti galmaa'e ammoo, yeroo Faares saba Waaqayyoo bulchaa turte kan Daani'eelitti mul'ate dha. Barumsi saba Waaqayyoof macaafa Daani'eel irraa argamu, mootummoonni lafaa ni ka'u, ni kufus, mootummaan Waaqayyoo garuu, bara baraan ni jiraata kan jedhudha.

Macaafni Daani'eel kutaawwan lamatti addaan qoodamuu ni danda'a. Tokkoon tokkoo kutichaa boqonnaawwan ja'a qaba. Boqonnaawwan ja'an warri jalqabaa macaafa Daani'eel seenaadha. Kana jechuun boqonnaawwan (1-6) kan seenaawwaniin guutamanidha. Boqonnaawwan macaafa Daani'el ja'an warri lammaataan (7-12) ibsaa fi hiika mul'atawwan Daani'eliif kennamanii tureeti.

Macaafni Daani'eel kan dubbistootatti bitaa galu ta'uu danda'a, sababni isaas jijjiirama battalia bifa barreeffama boqonnaawwan 1-6 fi 7-12 jidduu jirudha. Kutaan macaafa Daani'eel inni jalqabaa seenaawwaniin kan guute waan ta'eef hubachuudhaaf kutaa isa itti aanurra baay'ee salphaadha. Garuummoo dubbistootni kutaawan sana lamaaniinuu of eeggannoon dubbisuu qabu. Akka carraa ta'ee, yaada ijoo macaafichaa hubachuuf jecha, wantoota mul'ata keessatti boqonnaawwan 7-12 ibsaman hunda hubachuun dirqama miti.



Seenaawwan macaafa Daani'eel walakkaa isa jalqabaa keessatti ibsaman Sababa baay'eef murteessoodha. Isaan armaan gadii kun sababoota muraas:

- Seenaawwan Daani'el 1-6 kessa jiran yeroo isaan biyya ormaatti galaa ta'anii jiraatan illee Waaqayyoo saba isaaf akka oo'u nuuf mirkaneessu. Achittis gargaarsa isaaniif in kenna.
- Seenaawwan Daani'el 1-6 keessa jiran sabni Waaqayyoo kdhachuu akka qaban kan agarsiisudha.
- Seenaawwan kun akka namoonni Waaqayyoo isaaf amanamoo ta'anii turuu danda'an kan mirkaneessanidha, yeroo isaan isa mormuuf ajajaman illee. Seenaawwan kun namoonni Waaqayyoo yeroo hundumaa akka oolani hin mirkaneessan. Haa ta'u malee, seenaawwan kun kan agarsiisan, namoonni Waaqayyoo qormaata hunda caalu keessa yoo darbaa jiraatan illee, Waaqayyoo yeroo hundumaa isaan wajjin akka ta'uudha. Dhumarratti, namoonni Waaqayyoo yoo ajjeefamaniillee, Waaqayyoon ni oolchu, sababni isaas injifannoon Kiristoos waan hundumaa irratti jira. Du'a illee taanaan.
- Seenaawwan Macaafa Daani'eel boqonnaa 1-6 keessatti argaman, fakkeenya amanamummaa fi obsaa kan ummanni Waaqayyoo har'a hordofuu qaban ni kennu.
- Seenaawwan macaafa Daani'eel boqonnaa 1-6 keessatti argaman, Waaqayyoo mootota jajjaboo fi impeeriyoota addunyaa irra akka jiru ni mirkaneessu. Seenaawwan kun Waaqayyoo isa mootota kaasuu fi isa mootota kaasuu akka ta'e ni jabeessu. Aangoon Waaqayyoo irra jiru hin jiru. Ummanni Waaqayyoo samiin waan hundumaa akka bulchu yaadachuu qaba.
- Seenaawwan macaafa Daani'eel boqonnaa 1-6 keessatti argaman, Waaqayyoo seenaadhaaf karoorra akka qabu ni mirkaneessu. Hamtuun yeroo hundumaa hin mo'atu. Mootummaan Waaqayyoo dhuma irratti hundumaa ni bulcha. Amantoonni, kanaan kan walqabatu, akka Daani'eelidha. Isaan biyya alaa keessa jiraachaa, gara mana isaanii isa dhugaa deebi'uuf eegaa jiru.



Mul'anni Mootii Nebuukaadaneezar kan Daani'eel boqonnaa 2 keessatti argebaay'ee barbaachisaadha. Mul'anni kun kan siidaa guddaa sibiilota gatii guddaa qabaniin hojjetameedha. Siidaan kun mootummoota lafaa adda addaa bakka bu'a. Dhumarratti, siidaan kun dhagaa gaara keessaa ka'een caccaba. Dhukeen/daaraan siidicha irraa ka'ee qilleensaan fudhatama, eessayyuu argamus hin danda'u. Dhagaan sun garuu hin caccabne; qooda kanaa, guddatee lafa guute.

Qabxii ijooon mul'ata kanaa, mootummoonni lafaa hundi, hammam jabaa fakkaatan iyyuu, ni kufu. Mootummoonni namootaa adda addaa ni ka'u, ni kufus. Haa ta'u malee, dhumarratti, mootummoonni namootaa hundi mootummaa "addunyaa kanarraa hin taane" tiin ni balleeffamu. Mul'anni kun mootummaan Waaqayyoo mootummaa kamiyyuu ni caala jechuun ni mirkaneessa. Wanti mul'ata kana keessatti hunda caalaa barbaachisaa ta'e dhagaa siidaa sana caccabsedha. Innis, akkuma sibiilota gatii guddaa qabaniin, mootummaadha. Garuu, mootummoota kaan irraa haala adda ta'een, dhagaan sun addunyaa guutuu to'ata. Dubbistoonni of eeggannoodhaan, wantoota biroo waa'ee amala Kiristoos fi mootummaa isaa irratti dubbataman bu'uura godhachuun, dhagaan kun mallattoo Kiristoos fi mootummaa isaa ta'uu isaa ni hubatu. Mootummoota addunyaa hundi kan siidaa sana keessatti bakka bu'an beekuun barbaachisaa miti. Garuu, dhagaan siidaa sana caccabsu Kiristoos fi saba isaa ta'uu isaa beekuun barbaachisaadha!

Mul'anni kun saba Waaqayyoo guddaa jajjabeessuu qaba. Sabni Waaqayyoo bara baraan aangoo biyya ormaa jala hin jiraatan. Yoo dhiphachaa jiraatan illee, amantoonni dhiphinni isaanii kan yeroo gabaabaa qofa ta'uu isaatti jajjabachuu danda'uu qabu.

Kana malees, mul'anni kun humnoota addunyaa kanaatiif akeekkachiisa ta'uu qaba. "Bulchiinsi" isaanii kan yeroo gabaabaa akka ta'e hubachuu qabu. Aangoo



isaanii ni dhabu. Yaada garaa isaanii geeddarachuun fi Waaqayyo duratti gad of qabaa deemuutu isaan irra jiraata.

Akka hayyoonni tokko tokko ibsanitti, mul'anni macaafa Daani'eel boqonnaa 2 keessa jiru kun ilaalcha namaatiin waan dhufe fakkaata. Sababni isaas, kan mul'ate Nebuukaadneesaritti dha. Kanaafuu, humnoonni mootota addunyaa sibiilota gatii jabeessa ta'aniin bakka bu'aniiru. Siidaan sun, Nebuukaadneesariif, waan baay'ee gatii qabeessa itti fakkaachuu hin oolle.

Mul'anni kun hamma tokko macaafa Daani'eel boqonnaa 7ffaa keessatti irra deebiin kennameera. Haa ta'u malee, macaafa Daani'eel boqonnaa 7ffaa keessatti, mul'anni kun kan kenname Daani'eeliif malee Nebuukaadnezaariif miti. Daani'eel mootummoota addunyaa ilaalcha samii irraatiin ilaala. Isaan isaaf gatii hin qaban. Isaan isaaf akka bineensotaati.

Aangoowwan biyya lafaa mul'ata kana keessatti sibiilota qaaliidhaan bakka hin buune, akkasumas hin bareedanis. Qooda kanaa, bineensota adda addaatiin bakka bu'an. Mul'atichi kan jabeessu, mootummoonni lafaa saba Waaqayyoo bulchan qaalii fi bareedoo (akka sibiilota qaalii) akka hin taaneedha. Qooda kanaa, isaan akka bineensotaati. Akkuma bineensonni ilkaan fi qeensa isaaniitiin wantoota caccabsanii, cicciranii fi dhoosan, bineensonni (mootummoonni) namoota bifa Waaqayyootiin uumaman ni caccabsu, ni cicciru, akkasumas ni dhoosu.

Daani'el boqonnaa 2ffaa keessatti, dhagaan siidaa sana balleesse. Daani'el boqonnaa 7ffaa keessatti, "ilmi namaa" bineensota mo'ate. "Ilmi namaa" kun eenyu? Dubbistoonni Kakuu Haaraa, kun Yesuus akka ta'e ni beeku. Kun sababa tokko kan maqaan Yesuus ofiif jaallatu "Ilma Namaa" ta'eefidha. Haa ta'u malee, akkuma walakkaan lammaffaan Daani'eel 7 ibsutti, "Ilmi Namaa"n Yesuus qofa miti. Inni warra hunda isa keessa jiranis ni dabalata. Kanaafidha walakkaan lammaffaan Daani'eel 7 sabni Waaqayyoo mootummaa akka fudhatan agarsiisu.



Kutaan Daani'eel kan jalqabaa fi inni lammaffaan adda adda ta'anis, walitti hidhata qabaachuu isaanii hubachuun barbaachisaadha. Daani'eel 2 fi Daani'eel 7 baay'ee wal fakkaachuun isaanii kana ni mirkaneessa. Kutaaleen Daani'eel lamaanuu waa'ee karoorra Waaqayyo saba isaatiif qabu ibsu. Kutaaleen lamaanuu Waaqayyo moototaafi mootummoota irra akka jiruufi saba isaatiif akka yaadu ni agarsiisu. Kutaaleen lamaanuu qulqullooni hanga dhumaatti obsuu akka qaban ni agarsiisu. Guyyaan tokko ni dhufa, yeroo Waaqayyo qofti waan hundumaa irratti mo'u.

Mul'anniwwan biroonis Daani'eel boqonnaa 8-12 keessatti ni jiru. Isaan kunis, seenaawwan Daani'eel boqonnaa 1-6 keessa jiran caalaa hubachuuf ulfaatoo dha. Kunis sababni isaa mul'anni kunneen akkaataa barreeffamaa yeroo tokko tokko "Barreeffama Apokaliptikii" jedhamuun barreeffamani. Kun gosa barreeffamaa yeroo baay'ee mallattoolee, uumamoota, lakkoofsotaa fi taateewwan addaa fayyadamuudha.


Yesus, Phaawulos, fi ErgamaanYohannis hundi isaanii waa'ee baroota dhumaa barsiisuuf macaafa Daani'eel fayyadamaniiru. Keessattuu macaafni Mul'ataa, caqasawwan macaafa Daani'eelitti deddeebi'an baay'ee of keessaa qaba. Kanaafuu, Macaafa Daani'eel hubachuun, kutaalee macaafa Kakuu Haaraa ulfaatoo ta'an caalaatti hubachuuf nama gargaara. Haa ta'u malee, kitaabichi hubannoo gaarii qofa irra darbee bu'aa hedduu fida. Warra ergaa isaa xiinxalaniif obsa uuma. Warra seenaawwanii fi mul'atawwan isaa qo'atan keessatti abdii uuma. Akkasumas obsaan danda'uuf ija jabina uuma.

Boqonnaan macaafa Daani'eel inni dhumaa, sabni Waaqayyoo rakkoo guddaa obsuun akka isaan irra jiraatu akeekkachiisa. Haa ta'u malee, "warri ogeeyyiin" ni oolfamu.



“Yommus inni anatti dubbachaa ture, ”Yeroo sanatti Mikaa'el ergamaa inni guddichi ijoollee saba keef dhaabatu in ka'a; yeroon rakkinaas in ta'a; sanyiin rakkinichaas erga sabni jiraachuutti ka'ee jalqabee, hamma bara sanaatti argamee kan hin beekne in ta'a; sabni kee warri maqaan isaanii macaaficha keessatti caafame garuu adduma addaan isa jalaa in ba'u. Warra obbaafatanii garaa lafaa keessa rafan keessaas baay'een dammaqanii, kaan jireenya bara baraaf, kaanis yeelloo jibbisiisaa bara baraaf in ka'u. Warri ogummaadhaan nama geggeessan akka ifa bantii waaqaa, warri namoota baay'ee gara qajeelinaatti deebisanis akka urjootaa, yeroo hundumaaf bara baraan calaqqisuuf jiru.” Dan. 12:1-3





22. Asteer Waaqayyo yeroo hundumaa hojiirra akka jiru himuun sana Waaqayyoo jajjabeess. Inni yeroo isaan wanta inni hojjetaa jiru “arguu” hin dandeenyetti illee inni hojiirra jira.

Macaafni Asteer seenaawwan ummata Yihuudii yeroo biyya ormaatti galaa ta’anii jiraachaa turanii ibsa. Yeroo biyya isaanii irraa baqatanii turanitti, ummanni Yihuudii mootummoota adda addaa lama jala jiraate. Baabiloononni yeroo muraasaaf saba Waaqayyoo bulchan, warri Faaresis yeroo muraasaaf saba Waaqayyoo bulchan.

Taateewwan macaafa Daani'eel keessatti ibsaman hedduun Baabilon keessatti raawwataman. Haa ta'u malee, dhuma jireenya Daani'eelitti, Baabilon mootii Faresinn mo'amte. Taateewwan Fares Baabilon akka mo'attu taasisa Daani'eel boqonnaa 5 keessatti ibsamaniiru. Taateewwan Daani'eel boqonnaa 6 keessatti galmaa'an kan raawwataman yeroo Fares saba Waaqayyoo bulchaa turte ture.

Taateewwan macaafa Asteer keessatti galmaa'an hundi kan raawwataman yeroo mootummaan warra Fares saba Waaqayyoo bulchaa turtetti ture. Kun saba Waaqayyoo balaa guddaa keessa galche. Sabni Fares keessa jiraatu Waaqa Israa'el hin beekan turan, akkasumas biyyi lafaa guutuun akka oolfamtuuf sabni Waaqayyoo baraaramuu akka qabu hin hubatan turan. sabni Waaqayyoo saba Fayyisaan isaan keessaa dhufu ta'uu isaanii hin hubatan turan (**Seera uumamaa 12:1-3** ilaali). Fares keessa namoonni saba Waaqayyoo balleessuu barbaadan turan. Kun abdi biyya lafaa kana hundaa ni balleessa ture, sababni isaas, irra deebi'uun, eebbi addunyaatiif dhufu saba Waaqayyoo keessaatii dhufa.

Macaafni Asteer maqaa Waaqayyoo takkaa hin kaasu. Kunis namoonni tokko tokko macaafni Asteer kutaa Macaafa Qulqulluu ta'uu qabaa fi hin qabu jechuun akka gaaffii



kaasaniif sababa ta'eera. Namoonni barreessaan waa'ee Waaqayyoo beekuu fi isa hordofuu fi dhiisuu isaanii namootabaay'eef gaaffiidha. Haa ta'u malee, barreessichi Waaqayyoon akka jaallatuu fi isa akka beeku ifa dha. Barreessichi humna Waaqayyoo irratti amantii guddaa qaba. Barreessichi maqaa Waaqayyoo fayyadamuu dhiisuuf kan filate, dubbistoonni waa'ee akkaataa Waaqayyoo addunyaa keessatti itti hojjetu gadi fageenyaan akka yaadan waan barbaaduuf ta'a. Wantichi keessummaa fakkaatuuyuu, barreessichi maqaa Waaqayyoo kan hin kaasneef, xiyyeeffannoo caalmaa Waaqayyoo fi karaa inni ittiin hojjetee saba isaa fayyisuufi oolchutti kennisiisuuf ta'a!

Barreessichi maaliif macaafa Asteer keessatti maqaa Waaqayyoo hin fayyadamne? Bara Asteer sana keessa Yihuudonni biyya ormaatti “galaa” ta’anii jiraatu ture. Aaboo mootummaa warra ormaa jala jiraatu ture. Biyya eenyummaa Waaqa Isiraa’elotaa hin beekne keessa jiraachaa turan. Macaafni Asteer kun Waaqayyoo yeroo sabni isaa biyya ormaatti galaa ta’ee jirutti, yeroo isaan bakka waaqoliin warra ormaa itti waaqeffaman jiranitti saba isaa furuudhaaf dammaqinaan hojjechaa akka jiru agarsiisa. Kun immoo saba Waaqayyootiif jajjabina guddaa kennuu qaba.

Dubbisaan dandeettii waa xiinxaluu qabu tokko “mudannoowwan” baay’een akka macaafa Asteer keessa jiran yaadatti ni qabata. Wantootni hundumtuu waan yeroo isaaniitti rawwatan fakkaatu. “Mudannoowwan” kunniin irra deddeebiin raawwataniiru. “Mudannoowwan” kunniin osoo hin raawwanne ta’ee, sabni Waaqayyoo ni balleeffamu ture! Kun immoo guutummaa biyya lafaatti irra deebiin gaaffii uumeera! Mee “mudannoowwan” armaan gadii haa ilaallu:

- Mordekaayi akka namoonni mootii ajjeesuuf korataa jiran dhaga’e (**Asteer 2:19-23** ilaalaa). Hojii isaatiin akka mootiin balaa sana jalaa oolu ta’e. Taateen kun “macaafa seenaa baraa keessatti bakka mootonni jiranitti galmaa’ee ture” (**Asteer 2:23** ilaalaa).



-Mootittiin warra Farees teessoo irraa buufamuun ni dhufe. Aster immoo yeroo sirrii yeroo itti sabni Waaqayyoo balaa badisaa hamaa ta'e keessa jirutti gara haadha manaa mootii ta'uutti dhufte. Yeroo sanatti, sabni Waaqayyoo nama bakka isaanii bu'ee mootiitti dubbachuu danda'u akka malee barbaadu ture (**Asteer 4:13-14** ilaalaa).

- Hamaan, namni diina saba Yihuudotaa ta'e, Mordekaayiin ajjeesuuf karoora baafate. (Asteer 5:9-14 ilaalaa). Haa ta'u malee, galgaluma inni Mordekaayiin ajjeesuuf karoofatetti, mootiin rafuu dadhabe. Akka macaafni "seenaa baraa" isaaf dubbifamu gaafate. Hojii guddaa Mordekaayi isaaf raawwates in yaadate (Asteer 6:1-3 ilaalaa). Ammas garuu Mordekaay kun mana Haamaan ajjeesuu barbaadudha!

- Yeroo murteessaa mootiin akkaataa ittiin Mordekaay ulfeessu yaadaa jiru kanatti, diinni saba Waaqayyoo, Haamaan, gara mana mootummaatti ol seena. Mootiinis, "nama mootiin jaalatuuf ulfina maaltu akka malu" Haamaa gaafate (**Asteer 6:6** ilaalaa). Haamaanis mootiin waa'eema Haamaa waan dubbatu isatti fakkaate! Garuummoo inni waa'ee Mordekaay dubbachaa jira. Haamaan, Mordekaayiin akka ulfeessuuf dirqamni itti kenname. Kun immoo jireenya Mordekaayiin in oolche (**Asteer 6:10-11** ilaalaa).

"Mudannoowwan" kanneen keessaa tokkollee kan maqaa Waaqayyoo kaase hin jiru. Haa ta'u malee, wantootni ta'an hundinuu akka ta'an kan godhe Waaqayyoo ta'uun isaa ifadha! Namoonni amantii macaafa kana dubbisan "taateewwan kana duuba" Waaqayyoo hojiirra akka jiru arguu ni danda'u.

Har'as, sabni Waaqayyoo biyya lafaarra jiraatan hundi haaluma Asteer keessa ture waliin waan wal fakkaatu keessa jiru. Nuyi hundi keenyayyuu aaboo seerrattootaa fi mootummoota "biyya ormaa" jala jirra. Bakka "waaqoliin" biro itti waaqeffaman keessa jirra. Yeroo tokko tokko, namoonni akka Haamaas saba Waaqayyoo balleessuuf eeggatan ni jiru. Sabni Waaqayyoo balaa cimaa jala jiru! Haalota akkasii kana keessatti waldaan Kiristaanaa akkamitti damdamatti? Kan



isheen damdamattu sababii Waaqayyos saba isaa gargaaruu “taateewwan sana duubaan” hojiitti jiruufidha. Guyyaa guyyaatti dinqiiwwan akka sabni Waaqayyoo hojii isaanii itti fufanii fi damdamatanii jiraatan taasisan ni ta’u.

Kun immoo sabni Waaqayyoo deebi’ee rakkinatti akka hin galleef wabii ta’uu hin danda’u. haa ta’u malee, yoo fi yeroo isaan dhiphatanitti, sabni Waaqayyoo akka dhiphinni sun nurratti ta’uuf Waaqayyoo akka eeyyame beekuu qabu. Asteeris diinonni saba Waaqayyoo balleessuuf hammam humna kan qaban yoo ta’ellee, Waaqayyoo saba isaa oolchuu akka danda’u macaafni Aster nuuf mirkaneesseera.

Ifaa ifatti, ergaan ijoo macaafa kanaa Waaqayyoo ammas ta’ee fuulduratti saba isaa oolchuu akka danda’uu fi yeroo hundumaayyuu dhoksaadhaan hojiitti akka jirudha.

Macaafa Asteer keessa “bifoonni” baay’een akka jiran adda baafachuun dubbistoota ni gargaara.

Mordekaay “bifa” Kiristoosidha. Waa’ee Mordekaay fi gochoota isaa yeroo dubbisnu, jireenyi isaa fi tajaajilli isaa saba Waaqayyoo biratti, jireenyaa fi tajaajila Kiristoosiif calaqqee xiqqaa waan ta’eef, Kiristoosiin caalaatti akka beeknu nu gargaara. Kitaabichi maqaa Asteer jedhamus, jechoonni barreessaa Mordekaay kitaaba Asteer keessatti qaama ijoo akka ta’e agarsiisu. Kun ifa dha, sababni isaas barreessichi jalqaba macaafichaatti xiyyeeffannoo isaa Mordekaayirratti waan godheera. Dabalees dhuma macaafichaattis irratti xiyyeeffata. Mordekaay, akkuma Kiristoos, hammeeniyatti dabarsee of hin kennine. Akkuma Kiristoos yeroo qorametti seexanaaf jilbeeffachuu dide, Mordekaayis yeroo qorametti Haamaaf jilbeeffachuu in dide. Mordekaay saba Waaqayyoo badisa jalaa oolche. Yesuusis saba isaa badisa dacha meeqa caalu jalaa oolche. Inni qaanii jalaa ba’ee mootummaa sana keessatti “sadarkaa lammaffaa” irra dhufe. Kiristoosis akkuma Mordekaay, mootii kan biraa (Waaqayyoo abbaa) jala jira. (Yoseef, inni bifa kiristoos ta’e, bakka gadii sanaa fuudhamee sadarkaa aangoo mana mootummaa isa lammaffaatti ol ba’e—**Uumama 41:37-45** ilaalaa!) Kiristoos akkuma Mordekaay (fi Yoseef), yeroo hundumaa gaarummaa saba Waaqayyootiif hojjeta. Kiristoos, akka Mordekaay haala dogoggora



ta'een namoota irratti ol of hin qabne. Qooda kanaa garuu, saba isaa akka “obboloota” isaatti lakkaa'e (**Ibiroota 2:11-18** ilaalaa).

*Mordekaayi Yihudichi itti aanaa Ahashweros mootichaa ture; inni guddina qomoo isaa waan barbaaduuf, sanyii isaatiifis nagaa waan dubbatuuf, obboloota isaa Yihudoota baay'ee gidduutti nama beekamaadhaa fi jaallatamaa ture. **Asteer 10:3***


Mordekaay hojii isaa hundumaa keessatti akka nama qajeelaatti dhiyaateera. Harka Haamaatti jal'inaan gidirfameera. Kun calaqqee dhiphina Kiristoosidha. Haa ta'u malee, garaa garummaan guddaan Mordekaay fi Yesuus jidduu jiru, Yesuus saba isaatiif du'eera!

Haamaan “bifa” diinota saba Waaqayyoo hundumaati. Macaafni Asteer akka Kiristaanonni diinonni wangeelaa baay'ee ta'uu isaa beekan yaadachiisa. Dhugaan balleeffamuu Haamaa garuu saba Waaqayyoof jajjabina kennuu qaba. Diinonni Waaqayyoo hundinuu dhuma irratti ni balleeffamu.

Asteer “bifa” Kiristaanotaati. Nuyis akkuma Asteer, jireenyi keenya kan keenya qofaa akka hin taane beekuu qabna. Waaqayyo bakkaa fi sadarkaa irra nu kaa'e irra kan nu kaa'e akeeka waan qabuufi. Akkuma Asteer nuyis jireenya keenya akeeka Waaqayyoo fi saba Waaqayyoof jecha aarsaa gochuu qabna (**Asteer 4:12-16** ilaalaa). “Aarsaan” kunis immoo hanga lubbuu keenya dhabuutti deemuu danda'a.

Dhuma irratti, macaafni Asteer xiyyeeffannoowwan gara wantoota darbaniitti, kan ammaattii fi kan gara fuulduraatti harkisa. Asteer akka sabni Waaqayyoo mo'icha guddaa Waaqayyo saba isaatiif baroota darban keessa lolee gonfachiisetti gammadan taasisa. Macaafni kun yeroo ammaa kanatti gargaarsa Waaqayyoo battala eeggachaa jirrutti amantii keenya nuuf cimsa. Akkasumas immoo gara fuula duraatti guutummaan guutuutti furamuu keenyaaf abdii nuuf kenna.





23. Izira-Nahimiyaan Waaqayyo akka saba isaa ykn biyya isaa hin daganne agarsiisa.

Macaafa qulqulluu ammayyaa keessatti Izraa fi Nahimiyaan macaafota lamadha. Wal cinattis argamu. Macaafa qulqulluu ammayyaa keessatti Izraa fi Nahimiyaan Mootota isa duraa fi isa lammaffaatti aananii argamu, macaafa Asteeriin dursanii jechuudha. Toora barreeffama afaan Ibiruu duriitiin garuu Izraa-Nahimiyaan macaafa tokkodha. Macaafa Asteeritti aananii, macaafa Seenaa baraa dursanii argamu. .

Izraa-Nahimiyaan Yersaalem fi mana qulqullummaa Waaqayyoo deebisanii ijaaru irratti xiyyeeffatu. Macaafonni kun ayyaana Waaqayyoo isa Izraa, Nahimiya fi gaggeessitoota biroo irratti yeroo saba Waaqayyoo gara mana qulqullummaa fi Yersaalem deebisanii ijaaruutti gaggeessan dhangala'e irratti xiyyeeffatu. Macaafonni kun ayyaana Waaqayyoo isa yeroo sabni Yihuudotaa mana qulqullummaa fi Yersaalem ijaaruf tattaafatanitti isaan irratti dhangala'e irratti xiyyeeffatu. Ayyaanni Waaqayyoo gaggeessitootaa fi saba irratti kan dhangala'e yoo ta'eyyuu, yerichi yeroo baay'ee ulfaataa ture.

Macaafonni kun wantoota ulfaatoo fi rakkina yeroo sabni Waaqayyoo mana qulqullummaa fi Yersaalem deebisee ijaaruuf dhama'u kanatti keessa darbe irrattis ni xiyyeeffatu. Macaafonni kun cubbuun guutamuu namootaa irrattis ni xiyyeeffatu. Yeroo Izra-Nahimiya kanatti namoonni Ba'aaliin waaqeffachuu baatanis seerota Waaqayyoof abboomamuu irratti garuu yeroo dadhaban ifatti ni mul'ata. Macafonnik un akka namoonni guutummaatti Waaqayyoof abboomaman gochuuf hojiin gadi fagoo ta'e akka barbaachisu agarsiisaniiru. Hojiin gadi fagoo laphee saba Waaqayyoo irratti hojjetamus Kakuu Haaraa keessatti ibsameera ((**Hisqi'el 36:24-27** ilaalaa). "Hojiin gadi fagoon laphee saba Waaqayyoo" kunis kan fiixaan ba'uu danda'u karaa jireenya, du'a, du'aa ka'uu fi ol fudhatamuu gooftaa keenya Yesuusiinidha. Kakuu Haaraa keessatti, Hafuurri Qulqulluun akka abboomamuun danda'amu ni taasisa (**Yohaannis 14:15-17** ilaalaa).

Manni qulqullummaan bara Izraa-Nahimiyaa ijaarame mana qulqullummaa isa lammaffaa jedhamee caqafameera. Manni qulqullummaa inni jalqabaa warra Baabilooniin barbadeeffame. Beektonni yeroo tokko tokko yeroo itti manni qulqullummaan inni lammaffaa kun dhaabame kana bu'uura godhachuun **bara mana qulqullummaa isa lammaffaa** jedhu. Barri mana qulqullummaa isa lammaffaa bara 516 Dh.K.D hanga 70 Dh.K.B ti. Manni qulqullummaa inni lammaffaa kun bara 70 Dh.K.B warra Roomaatiin barbadeeffame.

Kiristaanonni “Barri Mana Qulqullummaa isa Sadaffaa” achiimmoo “Barri Mana Qulqullummaa inni Arfaaffaa” ni dhufaa laata jedhanii yaadaan jooruun isaan hin barbaachisu. “Bara Mana Qulqullummaa isa Sadaffaa” wanti jedhamu hin dhufu. Sababni isaas immoo manni qulqullummaan inni dhugaan, mana qulqullummaa isa Yesuus dhagaa goolee qajeelchu ta'eef isa ijaaramaa turee fi ammas ijaaramaa jiru sanadha. “Manni qulqullummaa” kan duraanii hunduu (iddoon aarsaa, manni qulqullummaa inni jalqabaa (kan Salamooniin ijaarame) fi manni qulqullummaan inni lammataan) hunduu gaaddidduu mana qulqullummaa isa dhugaa kanaati. Manni qulqullummaan inni dhugaan kun “bu'uura ergamootaa fi raajotaa irratti, Yesuus mataan isaa immoo dhagaa goolee qajeelchu ta'uun” ijaarame (**Efesoona 2:20-21**). Manni qulqullummaan kun—manni qulqullummaa inni dhugaan—amma bakka itti namoonni dhufanii waaqeffatan fi abdi, fayyina, dhiifamuu cubbuu, jireenya hawaasummaa fi boqonnaa argatanidha.

Akkaataan ittiin ijaarsi mana qulqullummaa isaa lammaffaa Iziraa keessatti ibsame kan armaan gadiiti:

Ijaarttonni mana qulqullummaa hundee isaa ijaaruudhaaf yeroo ka'anitti, akka seera isa Daawit mootiin Israa'el dhaabetti, luboonni uffata lubummaa isaanii uffatanii, fiingees fudhatanii, Lewwoonni immoo sibiila walitti rukutamee sagalee guddaa dhageessisu



fudhatanii Waaqayyoon jajachuudhaaf iddoo iddoo isaanii in dhaabatan,

Isaan yommuus faarfannaadhaan,

"Waaqayyo gaarii dha, gaarummaan isaas Israa'eliif bara baraan jabaatee in dhaabata" jedhanii Waaqayyoon jajatanii in galateeffatan."

*Sababii manni qulqullummaa ijaaramuudhaaf hundeen isaa kaa'ameef, sabni guutummaatti in gammade, sagalee isaas ol fudhatee Waaqayyoon in galateeffate. Namoota warra dulloomoo keessaa, luboonni, Lewwoonnii fi angafoonni abbootaa, warri mana qulqullummaa isa duraa argan, manni qulqullummaa kun ijaaramuudhaaf hundeen isaa kaa'amuu yeroo arganitti sagalee isaanii ol fudhatanii in boo'an; namoonni baay'een immoo sagalee isaanii ol fudhatanii gammaduu isaanii in dhageessisan. Namoonni guddisanii waan wacaniif, sagaleen fagootti dhaga'ama malee, namni tokko illee "Kun sagalee gammachuu ti, kun immoo sagalee boo'ichaa ti" jedhee gargar baafachuu hin dandeenye. **Izraa 3:10-13***

Namoonni baay'een yeroo manni qulqullummaa kun ijaaramutti gammadaa turanis, namoonni muraasni garuu yeroo mana qulqullummaa sana argan boo'aa turuu isaaniis yaadatti qabachuun barbaachisaa. Sabni isaan boo'aniif immoo mana qulqullummaa isa jalqabaa isa Salamooniin ijaarame arganiiru garuu manni qulqullummaan inni "lammaffaan" kun ulfina manni qulqullummaan inni jalqabaa qabaachaa ture hin qabu.

Namoonni muraasni Sababa manni qulqullummaan inni haaraan ulfina isa akka durii waan hin qabneef boo'uun isaanii sun ergaa guddaa qaba. Hunda caalaa, manni



qulqullummaa Waaqayyoo ulfinni isaa gadi adeemuu hin qabu. Ulfinni mana qulqullummaa isa lammaffaa kanaa xiqqaachuun amala waan yeroof ijaarame ta'uu calaqqisiisa. Manni qulqullummaan inni lammaffaan kun ulfina xiqqaa qabaachuun isaa akka dubbistootni mana qulqullummaa kan biraa kan ulfina guddaan guute eegan taasisa.

Dhuma irrattis manni qulqullummaan inni lammaffaa kun mana qulqullummaa kan biraatiin bakka buufame. Manni qulqullummaa sunis Kiristoosii fi Waldaadha (**Yohaannis 2:18-22** ilaalaa). Battala Yesuus du'etti, maggaarrajaan mana qulqullummaa isa lammaffaa olii hanga gadiitti kana bakka lamatti tarsa'e (**Luqaas 23:44-46** ilaalaa). Maggaarrajaan bakka lamatti tarsa'e kunis xumura bara mana qulqullummaa isa lammaffaa kanaa agarsiisa (**Yohaannis 4:19-26** ilaalaa). Kun kanaan booddee "bakka" namoonni dhufanii dhiifamuu cubbuu, fayyinaa fi abdiitti argatan hin ta'u. Manni qulqullummaa inni lammaffaan kun mana qulqullummaa isa haaraa mudaa hin qabnee fi isa dhumaatiin bakka buufameera (**Efsoon 2:19-22** fi **Mul'ata 3:12** ilaalaa).

Izraa-Nahimiyaan Yersaaleem deebisanii ijaaruu irrattis xiyyeeffataniiru. Kunis akkuma mana qulqullummaa deebisaa ijaaruu sana, ulfina isa akka "jalqaba" Yersaaleem qabaachaa turte hin qabu. Izraa-Nahimiyaan Yersaaleem gati jabeettii akka taate agarsiisaniiru. Haa ta'u malee, Kiristaanonni bara kanaa abdiitti isaanii mandaraa ishee lafarraa irra hin kaawwatan. Kiristaanonni har'aa, akkuma qulqulloota baroota hunda keessa turanii, mandaraa ishee bu'uura cimaa yoomiyyuu barbadaa'uu hin dandeenye eeggachaa jiru. Mandarrik unis immoo "Yersaaleem ishee haaraa" jedhamtee caqafamteetti. Kun mata duree ijoo macaafa qulqulluu keessa jirudha (**Faarfannaa 137:6, Galaatiyaa 4:26, Ibiroota 11:9-16, 12:22-24, fi Mul'ata 21:1-22:5** ilaalaa).

Wantootni sadan Izraa-Nahimiyyaa keessatti xiyyeeffannoo argatan (mana qulqullummaa, mandarittii fi sabicha) hunduu macaafa Mul'ataa keessatti ibsamaniiru. Haa




ta'u malee, Mul'ata keessatti manni qulqullummichi ulfina qabeessa, mandarittiin nagaa fi bareedduudha, aaksumas sabni sunis gammachuu fi abboomamuudhaan guutuudha.

Manni qulqullummaa ishee Waaqayyo gooftaa isa hundumaa danda'uu fi hoolicha waan ta'eef, ani mana qulqullummaa tokko illee mandarattii keessatti hin argine. Biiftuun yookiis ji'i mandarattii irratti ibsuun barbaachisaa miti; ulfinni Waaqayyoo ifa ishee ti, hoolichis ibsaa ishee ti! Sabni ifa isheetiin in deddeebi'u, mootonni biyya lafaas wanta ulfina qabu isaan bira jiru gara isheetti in fidu. Karri ishee matumaa guyyaadhaan hin cufaman, halkan immoo achi hin jiru. Wanti ulfina-qabeessi, wanti gati-qabeessi saba biyya lafaa bira jiru gara isheetti in fidama. Macaafa hoolichaa isa warri jireenya argachuuf jiran keessati caafaman sana keessatti, warra argaman duwwaa malee, wanti xura'aan tokko illee, warri wanta ciiggaasisaa yookis wanta sobaa hojjetan tokko illee achitti hin galan.

*Kana booddees ergamichi laga bishaan jireenya namaaf kennu, isa bishaan isaa akka cabbii addaatu teessoo Waaqayyootii fi hoolichaa biraa ba'u anatti argisiise. Bishaanichi karaa mandarichaa walakkaa in yaa'a; lagicha gamaa gamanas muka jireenya namaaf kennu tokkotu dhaabata; mukti kun waggaatti si'a kudha lama ija waan godhatuuf, ji'a ji'aan iji irraa in argama; baalli mukichaas saba biyya lafaa fayyisuudhaaf in ta'a. Wanti abaaramaan mandarattii keessatti hin argamu; teessoon Waaqayyoo fi hoolichaa ishee keessa jira, hojjetoonni isaas isaaf in hojjetu. Isaan fuula isaa arguuf jiru, maqaan isaas adda isaanii irratti argamuuf jira. Halkanis deebi'ee hin argamu; Waaqayyo gooftaan ifa isaanii ta'uuf waan jiruuf, ifni ibsaa, ifni aduus isaanii hin barbaachisu, isaan baraa hamma bara baraatti mo'uuf jiru. **Mul. 21:22-22:5***





24. Seenaan baraa karaa mootummaa Daawit mana qulqullummaa isa dhugaa ijaaruu irratti xiyyeefata.

Macaafa qulqulluu ammayyaa keessatti Seenaan baraa 1 fi 2 macaafota garaagaraa lamadha. Barreeffan Ibiruu kan durii keessatti garuu Seenaan baraa 1 fi 2 macaafuma tokkodha.

Seenaan baraa bakka isaatiinis Saamu'eel 1 fi 2 aaksumas Mootota 1 fi 2 waliin waan wal fakkaatu fakkaata. Wal fakkenyi kun akka cimu kan godhe immoo macaafa qulqulluu ammayyaa keessatti macaafichi Saamu'el fi moototatti aanee dhufuu isaati. Haa ta'u malee, seenaan baraa Samu'eel fi Mootota irraa baay'ee addadha.

Akka fakkeenyaatti, seenessichi (kun maqaa beektonni barreessaa macaafa seenaa baraa ibsuuf itti fayyadamanidha) hidda dhalootaa Addaam irraa ka'ee lakkaa'uudhaan macaaficha jalqaba. Kun immoo seenaan macaafa Seena Baraa keessatti akka caafamuuf karoorfame guutummaa karoora Waaqayyo uumamuu biyya lafaa irraa jalqabee of keessatti akka haammatuuf ta'uu isaa garsiisa.

Seenessichi seenaawwan himu filateetudha. Fakkeenyaaf, mee lakkoofsa jalqabaa macaafa Seena baraa isa duraa haa ilaallu.

Addaam, Sheetin dhalche; Sheet, Enoshin dhalche ... 1 Sen. 1:1

Kun hidda dhalootaa guutuu akka hin taane beekamaadha. Abeeliin irra utaaleera. Akkasumas immoo hidda Qaayeliin irra irra darbe. Kun ergaa guddaa qaba. Seenessichi seenaa hidda dhala namaa kan Sheet irraa dhufanii himaa jira.



Kanaan olitti, Seenessichi cubbuu Daawit Baat-Sheebaa waliin godhe hin dubbanne. Qooda kanaa, xiyyeeffannoodhaan Salamoonii akka ilma Daawit irraa Yerusaaalem keessatti dhalateetti caqase (**1 Seenaa Baraa 14:4** ilaalaa). Haala cubbuu dhalachuu Salamooniif sababa ta'e hin ibsine. Maaliifidha abbaan seenaa of eeggannoon barreessu kan akka seenessaa kanaa waa'ee cubbuu Daawit otoo hin ibsiin darbe? Kana bira darbees, seenessaan kun cubbuuwan Salamoonis hin caqasne. Qooda kanaa, Seenessichi haala dubbistootni akka Salamoon cubbuu guddaa hojjetee Waaqayyoon yakkee ture beekuu hin dandeenyeen barreesse.

Barreesichi maaliif kana godhe? Dhugaa jirtu dhoksuu barbaadeetuu? Lakki dhugaa dhoksuu barbaadee miti. Qooda kanaa, haala ittiin seenaa sana seenessu irratti of eeggannoo gochaa jira. Seenessichi cubbuu Daawit Baat-Sheebaa waliin godhe “kan irra darbuu” danda'e sababii galmi barreefama isaa seenaa Daawit hundumaa ibsuu miti ta'eefidha. Kana biraan immoo Daawit cubbuu isaatiif qalbii jijjiirrateera. Seenaa baraa keessattis sana irra deebi'uun barbaachisaa miti. Dubbistootni macaafa qulqulluu waa'ee cubbuu kana hundaa dursaniyyuu beeku, sababni isaas macaafni Samu'eel seenaa baraa dura waan caafameera.

Haa ta'u malee, wanti baay'ee murteessa ta'e seenessaan sun addatti cubbuu Daawit tokko irratti xiyyeeffachuu isaati (**1 Seenaa Baraa 21** ilaalaa). Lakkoofsa namootaa Daawit lakkoofsise irratti xiyyeeffate. Maliifidha kan barreessaan kun addatti cubbuu kana irratti xiyyeeffatee ajjechaa Daawit Uriyaa irratti raawwatee fi ejja inni Baat-Sheebaa waliin raawwate irra kan darbe? Sababni inni kana irra darbeef, sababii adabbiin cubbuu inni addaatti irratti xiyyeeffate kanaa yeroo manni qulqullummaa inni gara fuula duraatti ijaaramuuf jiru ijaaramutti dhaabbata!

Yommu Daawit, "Iddoon kun iddoo mana qulqullummaa isa kan Waaqayyo gooftaa in ta'a; iddoon aarsaa, lafti sabni Israa'el itti qalma gubamu dhi'eessanis addana in ta'a" jedhe.” **1 Sen. 22:1**



Seenessaan kun cubbuu addaa kana irratti xiyyeefachuun isaa ammas barreessichi waa'ee ijaarsa mana qulqullummaa mootummaa Daawitiin ijaaramuu barreessaa jiraachuu isaa agarsiisa.

Seenessichi ammas cubbuuwwan Salamooniin “irra utaaleera”. Sababni inni kana godheefis kaayyoon isaa guutummaa seenaa Salamoon barreessuu miti. Salamooniin akka nama mana qulqullummaa ijaaruutti irratti xiyyeefataa jira. Kana bira darbee, Salamoon cubbuuwwan isaaf qalbii jijjiirrachuu isaa ragaaleen baay'een jiru. Macaafonni kan akka Fakkeenya, Lallabaa fi Weedduu Weedduu caaluu hundi baroota isaa gara booddee keessa Salamoon cubbuuwwan isaaf qalbii jijjiirrachuu isaaf ragaadha. Ammas irra deebi'anii cubbuuwwan isaa fuula namootaa fiduun hin barbaachisu ture.

Seenessichi addatti xiyyeeffannoo isaa waa'ee seenaa mana qulqullummaa himuu irra godhateera. **1 Seenaa Baraa 22** fi **2 Seenaa Baraa 7** irraatti xiyyeeffannoon jiru qophii fi ijaarsa mana qulqullummaati.

Mootonni Salamooniin booddee tarreefaman hundumtuu qomoo Yihuudaa keessaa ta'uu isaanii yaadatti qabachuu baay'ee murteessaadha. Kun Mootota isa lammaffaa irraa baay'ee addadha. Seenessichi waa'ee mootota mootummaa Isiraa'el warra Kaabaa hoogganaa turanii hin ibsine. Kana jechuun seenessaan sun seenaa waa'ee Mootummaa Daawit fi seenaa mana qulqullummaa mootummaa Daawitiin ijaaramuuf jedhuu himaa jiraachuu isaa agarsiisa. Seenaawwan wantoota kana lamaanii walitti hidhatinsa qabu waan ta'eef seenessaan macaafichaas akka dubbistootni isaa lamaan isaanii bakka tokkotti ilaalan barbaada.

Seenessichi mootummaa Daawitii fi mana qulqullummaa mootummaa Daawitiin ijaaramu irratti kan xiyyeefateef sababii abdiin Daawitiif **1 Seenaa Baraa 17:1-15** keessatti kennamene (akkasumas **2 Samuel 7:1-17** ilaalaa).



Seenessichi motota Yihuudaa kan biros yeroo ibsu, kallattiidhaan hariiroo mootonni sun mana qulqullummaa waliin qaban, mana qulqullummaa iddootti deebisuu fi Waaqeffannaa mana qulqullummaa keessatti taasifamu iddootti deebisuu waliin qaban irratti xiyyeefata.

Macaafichi waamicha mootii Faares isa Qiirros jedhamu irraa nama ol ba'ee mana qulqullummaa Waaqayyoofta ijaaruuf taasifameen xumurama.

Dubbiin Waaqayyoo inni karaa Ermiyaas raajichaa dubbatame akka raawwatamutti, Qiirros mootiin Faares mo'ee waggaa tokkoffaatti, Waaqayyoo yaada Qiirros mootii Faares in kaase; kanaaf Qiirros mootichi akka kanatti aanee jirutti guutummaa mootummaa isaa keessatti labsii labsisiisee, caaffataanis baasee, "Ani Qiirros mootiin Faares, 'Waaqayyoo gooftaan bantiwwan waaqaa, mootummoota biyya lafaa hundumaa anaaf kenneera, Yerusaalem ishee Yihudaa keessaatti mana qulqullummaa isaaf akkan ijaaruuf na abboomeera; kanaaf isin keessaa saba isaa kan ta'e hundinuu ka'ee haa dhaqu! Waaqayyoo gooftaan isaas isaa wajjin haa ta'u!' kan jedhu ana Qiirros mootii Faares biraa ba'eera" jedhe." **2 Sen. 36:22-23**


Xumurri Seenaa baraa, ammas, yaada ijoo seenessichaaf ragaadha. Xiyyeeffannoo isaa mana qulqullummaadha. Hiddi sanyii Daawit mana qulqullummaa waliin hidhata akka qabu beeka, kanaafuu, namni "mana" kana Waaqayyoofta ijaaruuf jiru mootii haaraa hidda Daawit keessaa ba'u ta'uusaa waan hubate fakkaata. Sirrii isaati. Yesuus nama sanadha!

Barreesichi, Addaamiin jalqabuudhaan manni qulqullummaa kun nama hundumaaf ta'uu isaa agarsiise. Achii immoo darbee Sheet irratti xiyyeeffachuudhaan, abdi isaa waa'ee "sanyii dubartittii" **Uumama 3:15** keessatti kenname sanaa beekuu isaa agarsiise.



Seenessaan sun nama seenaa of eeggannoon barressudha. Haa ta'u malee, seenaa himuu jalqabe sana hanga dhumaatti xumuruu hin dandeenye. Seenaa mana qulqullummaa isa bara baraa fi mootummaa Daawit isa mana qulqullummaa kana ijaaruu seenaa baraa keessatti hin xumurre, sababni isaas hojiin Waaqayyoo bara Kakuu Moofaa keessa hin xumuramne.





25. Seenaan baraa riqicha gara Yesuusitti fi gara seenaa kakuu haaraa keessatti himamuuf jedhuutti geessudha.

Macaafa qulqulluu ammayyaa keessatti, macaafni Milkiyaas Raajichaa macaafota Kakuu Moofaa keessaa isa dhumaadha. Kun ta'uu ni danda'a, sabani isaas Milkiyaas raajota kakuu moofaa keessaa isa dhumaadha. Macaafni Milkiyaas dubbistoota isaa raajii isa haaraadhaaf qopheessa. Milkiyaas raajicha dhufuuf jedhu kana "Raajicha Eliyaas" jedhee ibsa.

*"Kunoo, guyyaan koo inni guddaanii fi inni sodaachisaan sun utuu hin dhufin dura ani Eliyaas raajicha isiniif nan erga. Ani dhufee, lafa abaarsaan rukutee akkan hin balleessinetti, inni garaa abbootaa gara ijoollee isaaniitti, garaa ijoollees gara abboota isaaniitti in deebisa" jedha. **Milkiyaas 4:5-6***

Akka Yesuus jedhetti, Yohaannis Cuuphaan, "Eliyaas" isa dursee raajamee turedha (**Mat. 11:13-14** ilaalaa). Kanaafuu, Milkiyaas "Eliyaasiin" caqasuun isaa Kakuu moofaa fi Yesuus jidduutti "riqicha" ta'eera.

Haa ta'u malee, macaafa qulqulluu afaan Ibiruu keessatti, macaafni inni dhumaa Milkiyaas miti. Macaafni dhumaa macaafa qulqulluu afaan Ibruu macaafa Seenaa Baraati. Macaafni kunis uumama isaatiinuu dubbistoota gara kakuu haaraatti geessa. Sabni inni dubbistoota gara kakuu haaraatti geessuuf immoo Seenaan baraa seenaa hin xumuramne waan ta'eefidha. Labsii Qiirros mootii Faares irraa kennameen xumure. Garuu, yoo xiqqaate seenaa baraa kana keessatti namni labsii kana fiixaan baasu eenyu akka ta'e dubbistootatti hin himane.

Dubbiin Waaqayyoo inni karaa Ermiyaas raajichaa dubbatame akka raawwatamutti, Qiirros mootiin Faares mo'ee waggaa tokkoffaatti, Waaqayyo yaada Qiirros mootii Faares in kaase; kanaaf Qiirros mootichi akka kanatti aanee jirutti guutummaa mootummaa isaa keessatti labsii labsisiisee, caaffataanis baasee, "Ani Qiirros mootiin Faares, 'Waaqayyo gooftaan bantiwwan waaqaa,

mootummoota biyya lafaa hundumaa anaaf kenneera, Yerusaalem ishee Yihudaa keessaatti mana qulqullummaa isaaf akkan ijaaruuf na abboomeera; kanaaf isin keessaa saba isaa kan ta'e hundinuu ka'ee haa dhaqu! Waaqayyo gooftaan isaas isaa wajjin haa ta'u! kan jedhu ana Qiros mootii Faares biraa ba'eera" jedhe.

2 Sen. 36:22-23

Namichi addaa waan kana hojjechuu danda'u kun eenyu? Ammas gaaffiin kun seenaa baraa keessatti hin deebine. Qiirros akka labsetti nama ol ba'ee mana Waaqayyoof ijaaru kana "waliin" Waaqayyo akka ta'u dubbateera. Kutaawwan Seenaa baraa hafan irratti hundaa'uun, namni kun mootummaa Daawit keessaa akka ta'e ifa ta'eera. Garuu mootii akkamii ta'a laata? Maqaan isaa eenyu?

Gaaffiin deebii dhabe kun keessumma nutti fakkaachuu danda'a, sababni isaas warroota caaffatoota akkaataa toora isaaniitiin dubbisaniif, manni qulqullummaa dursee Yerusaalem keessatti ijaaramee akka jiru beekamaadha! Waa'een ijaarsa mana qulqullummaa Izraa-Nahimiyaa keessatti mata dureewwan ijoo keessaa tokkodha. Kun akkas erga ta'eetii, maaliifidharee guutummaan kakuu moofaa dhuma irratti waa'ee ijaarsa mana qulqullummaa ilaalchisee gaaffii deebii hin qabne kanaan kan xumurame?

Kakuun moofaa akkasitti kan xumurameef sababii macaafni seenaa baraa waa'ee ijaarsa mana qulqullummaa xiqqoo Iziraa-Nahimiyaa keessatti ijaaramee ture sanaa dubbachaa hin jirreefi. Isa osoo hin taanee, kun waa'ee ijaarsa mana qulqullummaa isa dhugaa fi isa dhumaa akeekaa jira. Eenyudha kan mana sana ijaaruu danda'u? Deebiin gaaffii kana kakuu moofaa keessatti hin argamu. Maqaa isa mana qulqullummaa ijaaruu hin beeknu. Mootummaa Daawit keessaa ta'uu isa ani beekna garuu inni eenyu? (Akka **1 Pheexiroos 1:10-12 tti** raajonni gaaffii wal fakkaataa kana gaafachaa turan!)

Deebiin gaaffii kanaa lakkoofsa Kakuu Haaraa isa jalqabaa keessatti argama.

Toorri hidda dhaloota Yesus Kristos sanyii Daawit, sanyii Abrahaam isa kana.

Mat. 1:1

Yesus Kiristoos gaaffichaaf deebiidha. Kana mana qulqullummaa sana ijaaru isadha. Waaqayyo isa "waliin" jira.

Jechoonni Qiirros xumura macaafa Seenaa Baraa irratti dubbate jechoota Yesuus xumura Wangeela Matewoos irratti dubbate waliin baay'ee wal fakkaachuun ergaa guddaa qaba.

Yesus immoo gara isaaniitti dhi'aatee, "Gooftummaan hundinuu waaqa irratti lafa irrattis anaaf kennameera. 19 Egaa dhaqaa, maqaa abbaatii fi ilmaatti, kan hafuura qulqulluuttis isaan cuuphuudhaan, saba hundumaa bartoota koo godhaa! Waanan isin abboome hundumaa eeguu isaan barsiisaa! Kunoo, ani immoo hamma dhuma baraatti guyyaa hundumaa isinii wajjin nan jira" isaaniin jedhe." **Mat. 28:18-20**

Ergamni guddichi" abboommii mana qulqullummaa sana ijaaruuti. Kanaafidha kan Yesuus warra hojii guddaa kana hojjitaniin sin "waliinan" jira jedhe. Yeroo inni mana qulqullummaa ijaarutti Waaqayyo Kiristoos "waliin" jira (**2 Seenaa Baraa 36:23** ilaalaa) aaksumas yeroo sabni isaa isa waliin ta'uun bakka Waaqeffannaa isa barabaraa fi bal'inni isaa hin daangeffamne ijaaranitti Kiristoos isaan "waliin" jira!